# XIINXALA GAHEE DURDURIIN OROMOO HUBANNAA DUBBIISUU BARSIISUUF QABU: (MANA BARUMSAA SADARKAA 2[FFAA] LAGAXAAFOOTTI BARATTOOTA KUTAA 10[FFAA] AFAAN OROMOO BARATAN IRRATTI XIYYEEFFACHUUN)

**GEERAAWARQI YAMAANABIRHAAN**

**WARAQAAQORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKLOORIIFDHIYAATE**

**KOLLEEJJIINAMOOMAAQO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIIZIMII FI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUU FI FOOKLOORII YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**

**SADAASA 2014/2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA GAHEE DURDURIIN OROMOO HUBANNAA DUBBIISUU BARSIISUUF QABU: (MANA BARUMSAA SADARKAA 2FFAA LAGAXAAFOOTTI BARATTOOTA KUTAA 10FFAA AFAAN OROMOO BARATAN IRRATTI XIYYEEFFACHUUN)

**GEERAAWARQI YAMAANABIRHAAN**

**GORSAA:TOLAMAARIYAAM FUFAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA(MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUU FI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**KOLLEEJJIINAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIIZIMII FI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUU FI FOOKLOORII YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**

**SADAASA 2014/2021**
**FINFINNEE**

## Ynivarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Qorannoo DigiriiDuraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuu guuttachuuf,Geeraawarqi Yamaanabirhaan, mata duree qorannoo Xiinxala Gahee Durduriin Oromoo Habannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu: Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo baratan irratti xiyyeeffachuun jedhu irratti qophaa'e sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa____________________________Mallattoo______________Guyyaa____________

Qoraa Keessaa__________________________Mallattoo______________Guyyaa___________

Gorsaa___________________________Mallattoo______________Guyyaa__________

_________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa Digirii Lammaffaa

**Galata**

Hunda dura obsa naaf keennee bu'aa ba'ii hedduu keessa nadabarsee na jalqabsiisuun kan na xumursiise Waaqayyoo guddaan  maqaan isaa bara baraan kan galateeffameefi kan ulfaate haa ta'u.

Itti aansuudhaan kaayyoon qorannoo kanaa akka galma gahuuf jalqabaa hanga dhumaatti akkan cimee hojedhuuf yaadaafi ogummaa isaaniitiin osoo yeroo isaanii hinqusatiin dadhabbiifi nuffi tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr. Tolamaariyaam Fufaa galanni isaaniif qabu dachaadha.

Akkasumas hojii qorannoo kana akkan cimee hojedhuuf jalqabaa kaasee hanga xumuraatti hamileefi onnee naaf taatee hojii mana keessaa hunda ofumaa itti gaafatamummaa fudhchuudhaan haala mijeessitee na cinaa dhaabbatee najajjabeessiteef haadha manaa koo addee Tigist Naggasaa galanni siif qabu daangaa hinqabu.Akkasumas addee Bogaalachi Daadhiifi obbolaawwan koo obboo Amdabirhaan Yamaanabirhaa, obbooTafarraa Yamaanabirhaan yaadaan nacinaa dhaabbattanii najajjabeessitanif galanni isiniif qabu guddaadha.

Dabalataanis, yammuun ani barattootaaf qormaata qoru yeroo isaanii haarsaa gochuudhaan kan qormaata barattoota naaf qoruufi yaadaan kan nagargaaran barsiisaa Cimdeessaa Ayyalaafi barsiisaa Assaggidaw Taaddag galanni isiniif qabu olaanaadha.

Karaa biraatiin yaadaanis ta'e ogummaa qabaniin yeroo hojii isaanii naaf qusachuun kan nagargaaran obboo Gurmuu Balaachoofi Tasfaayee Jimaa guddiseen isiin galateeffadha.

Dhumarattis obboo Salamoon Gabree Dura Bu'aa Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafoo qorannoo koo akkan sirnaan gaggeeffadhu haala naaf mijeessuun akkasumas meeshaalee barreeffamaa nabarbaachisu hanga isatti danda'ameetti deeggarsa naaf taasiseef galanni isaaf qabu daran olaanaadha.

**Axereera**

*Kaayyoon qorannoo kanaas gahee durduriin Oromoo hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu irratti xiyyeeffachuun xiinxaluudha.Kaayyoo qorannoo kana galmaan gahuuf immoo gosti qorannoo hojiirra oole qorannoo yaaliiti.Qorannoo yaalii kana gaggeessuufis barattoonni kutaa 10ffaafi barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan akka madda ragaa tokkoffaatti fudhatamaniiru.Haaluma kanaanis barattoonni garee to'atamoofi garee yaalii mala iddatteessuu carraa buusuu (lottery system) fayyadamuudhaan filatamuun garee lamatti ramadamanii akka iddattootti fudhatamaniiru. Haaluma walfakkaatuun barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan lakkoofsaan afur waanta'aniif hundi isaaniituu mala iddatteessuu ammargeetiin akka iddattootti fudhatamanii jiru.Gama biraatiin Manni Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafoo bakka qorannoon kun itti xiyyeeffateefi bakka hojii qoratichaa waan ta'eef mala iddatteessuu mijataatti gargaaramuun filatamee jira.Meeshaaleen funaansa ragaalee ta'uun kan itti dhimma bahames qormaata, af-gaaffifi daawwannaa daree keessaati.Malleen qaaccesi ragaaleen qorannoon kun ittiin adeemsifames mala hammamtaafi akkamtaatti dhimma bahameera.Bu'uuruma kanaanis, firiin qormaataa yaaliin duraafi yaaliin boodaa barattoota garee lamaaninuu galmaa'e mala qaaccessa ragaa hammamtaatiin lakkoofsaan kan qaacceffame yoo ta'u,moosaajii(sooftweerii) spss varshinii 23fi tii-teestiitti gargaaramuudhaan bifa gabatee,baar-chaartiifi pay-chaartiitiin agarsiifameera.Ragaalee barsiisota irraa af-gaaffiitiin argamaniifi ragaaleen daawwannaa daree mala qaaccessa ragaa akkamtaatti fayyadamuudhaan jechaan ibsuun qaacceffamaniiru.Haaluma kanaan akka firiin qormaata yaaliin boodaa kan garee lamaanuu walbira qabamee yammuu waldorgomsiifamu firiin qormaata kan garee yaalii warri hubannaa dubbisuu barruu durduriitiin baratan qabxii caalmaa kan galmeessisan ta'uu isaa adda baasuun danda'ameera. Kunis qabxiin giddu-galeessaa kan garee to'atamoo qormaata 1ffaa,2ffaafi 3ffaa yoo fudhanne 3.54, 3.73,fi 4.11 kan agarsiisu yammuu ta'u,kan garee yaalii immoo 4.04, 4.25,fi 4.43ta'uu isaa nuuf mirkaneessa. Dhumarratti bu'aawwan qoranicha irraa argameerratti hundaa'uudhaan yaadoleen furmaataa kennamanii jiru.*

**Hiika Kottoonfee, Gabaajeefi Jechootaa**

Kottoonfee, gabaajeewwan akkasumas hiikni jechootaafi gaaleewwanii ijoo ta'an qorannoo kana keessatti argaman muraasni kanneen armaan gadiiti.

Akkamtaa------------ mala qaaccesa ragaa jechaan ibsamu

Cimdii---------------- lama

Daree------------------ kutaa barnootaa

Garee to'atamoo----- garee yaaliin irratti hingaggeeffamne

Garee yaalii ---------- garee yaliin irratti gaggeeffame

Garee------------------ murna,gurmuu

Hammamtaa---------- mala qaaccessa ragaa lakkoofsaan ibsamu

Moosaajii-------------- softweerii ragaan lakkoofsaa ittiin qaacceffamu

Murteessaa--------------barbaachisaa

Qormaata yaaliin boodaa-- qormaata erga yaaliin gaggeeffame booda kennamuudha

Qormaata yaaliin duraa------- qormaata osoo yaaliin hingaggeeffamiin dura kennamuudha

Sig.--------------------------- significance

spss--------------------------------Statistical package for the social sciences

Xiinxala iddattoo cimdii--------------------paired samples test

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ........ i
Axereera ........ ii
Hiika Kottoonfee, Gabaajeefi Jechootaa ........ iii
Baafata Gabateewwanii ........ viii
Baafata Fakkiiwwanii ........ iix
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seen-Duubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 6
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 7
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 7
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 8
1.6. Hanqina qorannichaa ........ 9
1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 11
2.1. Yaad-rimee Barnoota Bu'uuraalee Ogummaa Afaanii ........ 11
2.1.1. Ogummaa Dubbisuu ........ 12
2.1.2. Hubannaa Dubbisuu ........ 13
2.2. Gosoota Ogummaa Dubbisuu ........ 14
2.2.1. Dubbisa Sagalee ........ 15
2.2.2. Dubbisa Callisaa ........ 15
2.3. Kaayyoo Ogummaa Dubbisuu ........ 16
2.3.1. Beekumsa Hojii Ittiin Raawwatan Argachuuf Dubbisuu ........ 17
2.3.2. Beekumsa Ragaa Argachuuf Dubbisuu ........ 17
2.2.3. Beekumsa Waliigalaa Argachuuf Dubbisuu ........ 17
2.3.4. Beekumsa Nama Bashannansiisuu Argachuuf Dubbisuu ........ 18

2.4. Faayidaa Ogummaa Dubbisuu ........ 18
2.5. Tarsiimolee Hubannaan Dubbisuu Ittiin Barsiifamu ........ 21
2.5,1. Saffisaan Dubbisuu ........ 22
2.5.2. Sakatta'aan Dubbisuu ........ 22
2.5.3. Gadifageenyaan Dubbisuu ........ 23
2.6. Adeemsota Hubannaa Dubbisuu Daree Keessatti Ittiin Barsiifamu ........ 23
2.6.1. Dalagaa Dubbisuun Duraa ........ 24
2.6.2. Dalagaa Yeroo Dubbisuu ........ 26
2.6.3. Dalagaa Dubbisuun Boodaa ........ 26
2.7. Wantoota Hubannaa Dubbisuu Barattootaa Irratti Dhiibbaa Geessisan ........ 28
2.7.1. Wantoota Barattoota Waliin Walqabatan ........ 28
2.7.2. Wantoota Barsiisota Waliin Walqabatan ........ 30
2.7.3. Wantoota Gosa Barruu Dubbifamu Waliin Wlqabatan ........ 31
2.8. Maalummaa Afoolaafi Gosota Isaa ........ 32
2.8.1. Maalummaa Afoolaa ........ 32
2.8.2. Gosoota Afoolaa ........ 33
2.8.3. Yaad-rimee Durdurii ........ 34
2.8.4. Gosoota Durdurii ........ 37
2.8.4.1. Durdurii Bineensotaa ........ 37
2.8.4.2. Durdurii Ibsaa ........ 38
2.8.4.3. Durdurii Seeneessaa ........ 38
2.8.4.4 . Durdurii Gootummaa ........ 39
2.8.5. Adeemsa Seeneeffama Durdurii ........ 39
2.8.6. Ruqoota/ Caacculee Durdurii ........ 39
2.8.6.1. Namfakkii ........ 40
2.8.6.2. Sabseena ........ 40
2.8.6.3. Waldidda ........ 40
2.8.6.4. Gocha ........ 41
2.8.6.5. Yoomeessa ........ 41
2.8.6.6. Dhaamsa/Ergaa ........ 41

2.9. GaheeDurduriiHubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu....42
2.10. Yaaxina Gahee Durduriin Hubannaa Dubbisuu Barsiisuu Keessatti Qabu....45
2.10.1. Yaaxina Tajaajilaa (Functional Theory).... 46
2.11. Malleen Durduriin Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Ittiin Dhiyaatan....47
2.11.1. Mala Dhiyeenyaa Afaan Bu'uureeffate (Language Basde Approach).... 48
2.11.2. Mala Dhiyeenyaa Qabiyyee Bu'uureeffate(Content Based Approach).... 48
2.12. Sakatta'a Hojii Qorannoowwan Walfakkii....49
BOQONNAA SADI: SAXAXAA FIMALAQORANNOO....52
3.1. Saxaxa Qorannoo....52
3.2. Madda Ragaalee Qoranichaa....53
3.3. Mala Iddattoo....53
3.3.1. Idattoo Mana Barumsaa....54
3.3.2. Iddattoo Barattootaa.... 54
3.3.3. Iddattoo Barsiisotaa.... 55
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa....55
3.4.1. Qormaata(Test).... 57
3.4.1.1. Qormaata Yaaliin Duraa(Pre-Test).... 58
3.4.1.2. Qormaata Yaaliin Boodaa(Post-Test)....**Error! Bookmark not defined.**
3.4.2. Af-gaaffii....**Error! Bookmark not defined.**
3.4.3.Daawwannaa Daree....**Error! Bookmark not defined.**
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee....58
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA FI IBSA ODEEFFANNOOWWANI....60
4.1. Odeeffannoo Seen-duubee Odeefkennitootaa....60
4.2. Qaaccessa Firii Qormaata Yaaliin Duraa Fi Yaaliin Boodaa Barattoota Kutaa 10ffaa Garee To'atamoo Fi Garee Yaaliitiin Galmaa'e....61
4.2.1. Qaaccessa Firii Qormaata Yaalii Duraa Kan Barattoota Garee To'atamoo Fi Garee Yaalii.... 62
4.2.2. Qaaccessa Firii Qormaata Yaaliin Boodaa 1ffaa Kan Barattoota Garee To'atamoo Fi Garee Yaalii.... 65

4.2.3. Qaaccessa Qormaata Yaaliin Boodaa 2ffaaKan Barattoota Garee To'atamooFi Garee Yaalii ........ 68
4.2.4. Qaacceessa Qormaata Yaaliin Boodaa 3ffaaKan Barattoota Garee To'atamoofi Garee Yaalii ........ 71
4.3. Qaaccessa Ragaalee Af-Gaaffii Barsiisotaafi Daawwannaa Daree Keessaa ........ 76
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO, YABOO ........ 81
5.1. Cuunfaa ........ 81
5.2. Argannoo........ **Error! Bookmark not defined.**
5.3. Yaboo ........ 84
WABII........ 85
DABALEEWWAN........ 90

## Baafata Gabateewwanii

**Fuula**

Gabatee 4-1: Odeeffannoo dimshaashaa odeefkennitoota qorannichaa .................................61
Gabatee 4-2:Akkaataa qoodiinsa qabxii barattoota 20% keessaa...........................................62
Gabatee4-3: Istaatiksii iddattoo cimdii (paired samples statistics).........................................64
Gabatee 4-4: Xiinxaala qormaata iddattoo cimdii (paired samples test) ................................64
Gabatee4-5: Istaatiksii iddattoo cimdii (paired samples statistics).......................................67
Gabatee 4-6: Xiinxala qormaata iddattoo cimdii (paired samples test)..................................67
Gabatee 4-7: Istaatiksii iddattoo cimdii (paired samplesstatistics).........................................70
Gabatee 4-8: Xiinxala qormaata iddattoo cimdii (paired samples test)..................................70
Gabatee 4-9: Istaatiksii iddattoo cimdii (Paired Samples Statistics) ......................................72
Gabatee4-10: Xiinxala iddattoo cimdii (paired samples test).................................................73
Gabatee4-11:Cuunfaa qaaccessa garaagarummaa firii qormaata garee to’atamoofi yaalii ....74

**Baafata Fakkiiwwanii**

Fuula

Baar chaartii 4-1: Qaaccessa firii qormaata yaaliin duraa kan garee to'atamoo......................62
Baar chaartii 4-2:Firii Qormaata Yaaliin Duraa Kan Barattoota Garee Yaalii.........................63
Paay-chaartii4-3:Firii qormaata yaalii boodaa1ffaa kan garee to'atamoo................................65
Paay chaartii4-4: Firii qormaataa yaaliin booda 1ffaa kan garee yaalii..................................66
Baar-chaartii 4-5: .Firii qormaata yaaliin boodaa 2ffaa kan garee to'atamoo .........................68
Baar-Chaartii 4-6: Firii qormaata yaaliin boodaa 2ffaa kan garee yaalii...............................69
Paay- Chaartii4-7: Firii qormaata yaaliin boodaa 3ffaa kan garee to'atamoo ..........................71
Paay-Chaartii 4-8: Firii qormaata yaaliin boodaa 3ffaa kan garee Yaalii................................72

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun matadureewwan adda addaa kan ofjalatti hammatudha. Isaanis seenduubee, ka'umsa, kaayyoo,,barbaachisummaa,daangaa,hanqinaafi qindaa'ina qorannichaati.

## 1.1.Seen-Duubee Qorannichaa

Akka ilaalcha warra amantaatti hortee sadan beekkamoon uummata addunyaa keenyaati.Isaanis Kuushi, Seemii fi Yaafeez jedhamuun beekkamu. Tamaam(2010:13) sabni Oromoo hortee sanyii kuushi jedhamuudha. Uummanni Oromoo sanyii kuushii keessaa saba guddaadha. Sabni kun ummattoota biyyoota gaanfa Afrikaa jiraatan keessaa Itoophiyaa keessatti uummata Afaan Oromoo dubbatuudha. Sanyiin kuush maatii afaanota Afroo-Eshiyaatikii keessa isa tokkodha. Maatiin afaanota damee kuushii jalatti hammataman hedduu yemmuu ta'an kanneen keessaa Afaan Oromoo, Afaan Sumaalee, Afaan Sidaamaafi kanneen kanaafi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidana'ama.Afaanonni kunniinis biyyoota kan akka Itoophiyaa, Sumaalee, Keeniyaafi Sudaanitti baay'inaan dubbatamu. Itoophiyaa keessattis Afaanota dubbataa hedduu qabaatanii kan bal'inaan dubbataman keessaa tokkoo Afaan Oromooti. Wasaneen (2008:3) akaataa Afaan Oromoo barreeffamarra oole ilaalcisee akka armaan gadiittiibsee jira.

> *Afaan Oromoo yoomii fi eessatti akka barreeffamarra oole wanti beekkamu hinijiru.Qo'annaafi qorannaan hanga har'aa Afaan Oromoorratti adeemsifame haala itti ibsu yoo hordofne yaadolee armaan gadii argina jedha. Haaluma kanaanis, namni maqaan isaa Liiwis kiraapif jedhamu kan lammii biyya alaa ta'e wangeela Maatiyoosfi, Yohaannis akkasumas Kakuu Haaraa bara 1840 A.L.I gara Afaan Oromootti jijjiiruun isaa ni beekkama. Kunis seenaa barruu Afaan Oroomo keessatti isa duraa ta'a jedhameetu shakkama. Qubeen namni kun ittiin barreesse qubee amma barruu Afaan Oromootiif filatameen walfakkaata jechuudhaan itti dabalee ibsee jira.*

Asirratti wati hubatamu Afaan Oromoo yoom barreeffamarra akka olee ragaan qabatamaa nutti himu argamuu baatus qubee ittiin barreeffamu kan mataa isaa kanqabuufi taattaaffii hayyoota Oromootiin akkasumas qabsaa'oota ilmaan Oromootii carraaqqii guddaan tasifamaa tureera.

Akka ragaan Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa (2005:15) mul'isutti, Afaan Oromoo imaammata barnoota afaanii keessatti xiyyeeffannoo argachuunsaa chaartarii ce'umsaa bara(1983) hordofeeti. Kanuma bu'uura godhachuudhaanis bara 1985 irraa eegalee barnoonni Afaan Orommoo , afaan barnootaa naannoo oromiyaa ta'ee hojiirra ooluun isaa kan beekkamudha. Afaan Oromoo afaan dubbiirra darbee erga afaan barnootaa ta'e as qabsoo uummata Oromoo fi tattaaffii hayyoota Oromootiin jijjiiramni guddaan guddina isaarratti mul'ateera jechuun ni danda'ama.Yeroo ammaa kanattis Afaan Oromoo naannoo ormiyaa keessattis afaan hojii mootummaa naannoo oromiyaa ta'uudhaan tajaajila kennaa jira. Kana malees, manneen barnoota sadarkaa tokkooffaa irraa kaasee hanga dhaabbilee barnoota olaanootti akka afaan barnootaattifi akka barnoota afaanitti kan itti barsiifamaa fi baratamaa jiru ta'uu isaa hubanna.

Afaan Oromoo afaan qo'annoo fi qorannoo akkasumas afaan teeknooloojii ta'uudhaan hawaasa isaa bal'inaan tajaajilaa jira.Tajaajila inni kennu keessaas dandeettii yookiin ogummaawwan afaanii ittiin gabbifachuu, aadaa, duudhaa, safuu, seenaafi afoola ummata isaa ittiin ibsachuu yookiin calaqqisiisuuf shoora guddaa qaba. Afaan meeshaa dhalli namaa yaada, fedhii, miiraafi muuxannoo isaa kan ittiin waliif ibsuuf gargaruudha. Afaan dhalli namaa lubbu qabeeyyii birooirraa ulaagaa ittiin adda ta'u keessaa isa tokkodha jechuun is nidanda'ama.

Yommuu seenaa hawaasaa tokko qorannu afaan isaas walbira qabnee qoranna. Sababn isaas qorannoon afaanii seenaa hawaasichaan adda bahee hinilaalmu.Qorannoo seenaa hawaasa tokko keessattis afoolli hawaasichaas waandaageeffamu miti. Haaluma kanaan uummanni Oromoo afaan isaa osoo afaan barnootaa hinta'in dura beekumsaa fi muuxannoo jireenyaa isaa baroota dheeraaf kuufate dhalootaa dhalootatti afoolaan dabarfataa sadarkaa hara'a jirurra gaheera.  Yaada kana kan mirkaneessu, yaada  hayyota garagaraa maalummaa afoolaa irratti bu'ureeffachuu ibsan irraa waan hedduu hubachuun ni danda'ama. Geetaachoo (2006:92) maalummaa afoola oromoo yoo ibsu, "Afolli muuxannoo dhalli namaa yeroo dheeraaf kuufate ta'ee jiruu fi jireenya isaa keessatti kan isa qunname, kan isa,qunnamu, gammachuu, gadda, aadaa, duudhaa, seenaa fi eenyummaa isaa haala adda addaatiin ittiin ibsatudha."Yaaduma kana Rabbirraan (2011:161) yoo cimsu, "Afoola jechuun hawaasni

tokko aadaa, duudhaa, muuxannoo, falaasama, artii, amantaa, uffannaa, nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatii kan ittiin eegee dabrsudha. Haalli inni ittiin dabarsuus raawwiidhaan yookiin himamsaa afaaniin ta'uu dhnda'a" jechuudhaan ibsee jira.Dabalataan yaaduma kana Fedhasaan (2017:9) yoo cimsu, "Oromoon ummata afoolawaadha.Kunis jaarraa hedduuf jechuunis hanga gaafa qubee ofii bocateetti, barreeffamaan osoo hintaane afaanii ergaa barbaachisu dhalootaaf dabarsaa dhufuu isaa mul'isa."jedha. Yaada kana irraa kan hubannu afoolli hojii kalaqa sammuu namaa keessaa tokko ta'ee, osoo ogbarruun barreeffamaa hin eegaliin dura yeroo dheeraadhaaf seenaa jiruufi jireenya ilmaan namaa wajjiin ture ta'uu isaati.

Gama biraatiin hayyoonni biroos umrii afoolaafi ogbarruu barreeffamaa ilaalchisee yaanni isaan ibsan nijira.Bu'uuruma kanaanis, Salamoon(2011) afoolaan walqabatee yaada gabbataa barruuisaa keessatti addeessee jira. Bara dhalli namaa lafa kanarratti jiraachuu eegalefi bara ogbarruun barreeffamaa itti jalqabamee yoo walmadaalu, ogbaruun barreeffama bu'aa yeroo dhiyooti, jechuun ni danda'ama. Kanarraa hubachuun kan danda'amu umriin afoolaa seenaa dhala nama lafa kana irratti jirchuu jalqabe irraa kaasee kan uumame ta'uu isaati.Gabaabumatti qorannoon afoolaa qorannoo afaaniifi seenaa hawaasa tokko waliin hariiroo cimaa qabaachuu isaanii tilmaamuu dandeenya jedha. Kanafuu afoolli daawitee jireenyaa hawaasaa waan ta'eef, hawaasichaaf akka mallattoo eenyummaatti fudhachuunis ni danda'ama. Yaaduma kana kan cimsu Berhanun (2009:17), Dundes (1965:35) wabeeffatee yaada armaan gadii barruu isaa keessatti ibsee jira.

> *Oral literature serves as a tool by which the unlettered community of people gives artistic expression to their deepest thoughts, feelings and concern. Moreover, oral literature is the basis of written literature of evry society. It is the soil in wich written literature germinates*.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, afoolli meeshaa hawaasni dubbisuu hindandeenye yaada sammuu isaa keessa jirufi miira isaa ogummaa ittiin ibsatudha.Kana malees, afoolli bu`uura ogbarruu hawaasa maraati. Kana jechuunis afoolli lafa ogbarruun barreeffamaa itti biqiludha; jechuudhaan yaada bal'aa kaasuuf yaalii godheera.Akka Berhanun(2009) barruu isaa keessatti itti dabaluun ibseetti, faayidaa fi bakka afoolli biyyoota guddatan keessatti qabu bay`ee murtaawaadha.Sababnisaas biyyoota guddatan kanneen keessatti ogbarruun

barreeffamaa waan babal`atefidha.Haata'u malee, biyyoota guddachaa jiran keessatti yeroo ammaas bakki afollii qabu guddaadha. Keessattuu Itoophiyaa keessatti afoolli hanga ammaattis muuxannoo fi duudhaa jereenya hawaasaa ibsuu keessatti shoora guddaa taphachaa jira; jechudhaan barbaachisuummaa afoolaa biyyoota guddachaa jiran keessatti qabu olaanaa ta`uu isaa ni mirkaneessa.

**1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Afaan barachuu keessatti galmi barattootaa inni guddaan ogummaawwan afaanii irratti beeekumsa saayinsaawaa ta'een dandeettiifi gahumsa horachuudha.Ogummaawwan afaanii arfan kanneen keessaas inni tokko ogummaa dubbisuuti.Dubbisuun ogummaa afaanii ta'eemala madda odeeffannoo garagaraa irraa odeeffannoo jireenya keenya keessatti nufayyaduu danda'u ittiin fudhannudha.Dubbisuun mataa isaatti galma osoo hinta'iin wanta dubbisnu sanarraa dhaamsa bareessaan dabarsuu barbaadefi wanta kaayyoo dubbisuu keenyaan walqabatee dubbisnurraa hiikkachuu ykn hubachuu danda'uudha gaafata. Dubbisuun jireenya dhala namaa keessatti ogummaa baay'ee barbaachisaa ta'eedha.Akka Dabbabaan (2005:168) ibsutti, addunyaa kanarratti inni guddaafi inni ijoon karaa beekumsi ittiin argamu keessaa tokko dubbisuudha, jedha.Kanaafuu ogummaa dubbisuutiif xiyyeeffannoo guddaa itti kenniinee beekumsa jireenya keenya keessatti nuffayyaduu danda'u argannee itti gargaaramuu qabna.

Namni kamiyyuu uumamaan beekumsa mataa isaa niqabaata.Haata'u malee, beekumsi uumamaan argamu jireenya isaa guutuu waanhintaasifneef kitaabilee adda addaa dubbisuudhaan qaawa beekumsa uumamaan qabu ittiin guuttachuu nidanda'a.Qorattoonni biyya keessaa kan akka Misgaanuu(2018) fi Maammoo(2007) addeessanitti barattoonni baay'een manneen barnoota sadarkaa lammaffaa adda addaa keessatti barreeffamoota garagaraa dubbisanii hubachuurratti hanqinni kan isaanirratti mul'atu ta'uu qorannoon gaggeeffame niaddeessa.

Bifuma walfakkaatuun Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo baratan irraatti hanqinni hubannaa dubbisuu irra deddebi'ee kan mul'atu ta'usaa qoratichi hubatee jira. Bu'uuruma kanaan qoratichi mataduree "Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dabbisuu Barsiisuuf Qabu" jedhu ka'umsa godhachuudhaan

rakkoo hubannaa dubbisuu barattootaa xiinxaluuf qabatamaan qorannoo yaalii (Expermental Research) geggeessee jira.

Kaayyoon qorannoo kanaas XiinxalaGahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf qabu: Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti barattoota kutaa 10ffaa barnoota Afaan Oromoo baratan irratti xiyyeeffachuun qorannoo yaaalii gaggeessudhaanqabatamaan rakkoo barattootaa hubannaa dubiisuurratti qaban adda baasuun yaada furmaata ta'uu danda'urratti tarkaanfii fudhachuudhaaf kan kaayyeeffateedha..Sababni qoraticha mataduree kanarratti qorannoo adeemsisuuf isa kakaase inni ijoon daree barnoota afaanii keessatti hubannaan dubbisuu barattootaa hanqina qabaachuu isaa adeemsa hojii baruu-barsiisuu keessatti irra deddeebiin hubachuu danda'uu isaati.Gama biraatiin immoo gahee barruun durduriin hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu hammam akka ta'e qabatamaan qorannoo yaalii geggeessuudhaan mirkaneeffachuurratti kan xiyyeeffate ta'uu isaati.Kanaafuu,qorannoon yaalii kun matadure armaan olii bu'uura godhachuudhaan kan gaggeeffameedha.

Hanqina hubannaa dubbisuu barattootaatiin walqabatee qorannoon garagaraa irratti gaggeeffamee jira.Fakkeenyaaf qorattoonni biyya keessaa kan Afaan Oromootiin qorannoo dhimma kanarratti gaggeessan keessaa lameen asiin gadii fudhachuun nidanda'ama.. Misgaanuu(2018) mata duree "Xiinxala Hubannaaf Dubbisuu Barattoota Daree Barnoota Afaan Oromoo" jedhu irratti qorannoo gaggeessee jira. Kaayyoon qorannoo isaas hubannoof dubbisuu daree barnoota Afaan Oromoo barattoota Mana Barumsaa Qophaa'inaa Algaa Xiinxaluudha. Argannoon qorannoo isaa immoo barattoonni hubannoof dubbisuu iraatti hanqina kan qaban ta'uufi dubbisa Afaan Oromoo dubbisanii ergaa isaa hubachuurratti bakka barbaadame irra yookiin bakka gahuu qaban akka hingeenye ibseera. Argannoon qorannoo isaa sababoota dubbisa dubbifamuufi dubbisaadhaan walqabatan hubannoof dubbisuu barattootaa irraan dhiibbaa geessisan kanneen akka caasaa barreeffama dubbisa dubbifamu, sadarkaa dubbisichaa, kaayyoo dubbisichaa, fedhii dubbisuufi muuxannoo dubbisuu barattootaa waliin walqabatan adda baasee ibseera.

Maammoo(2007) mata duree " Duubbisuu barsiisuu kutaa salgaffaa keessatti" jedhu irratti qarannoo gaggeessee jira. Kaayyoon qorannoo isaas dubbisa barsiisuu Afaan Oromoo

daree barnootaa keessatti maal akka fakkaatu qorachuudha.Argannoon qorannoo isaa immoo tarsiimoleen dubbisuu shaakallii isaan daree barnootaa keessatti qaban bifa walfakkaataa ta'een geeggeeffamaa akka hinjirre adda baasee ibseera.

Walumaagalatti qorannoowwan kunniin qorannoo kana waliin wanti isaan walfakkeessu nijira. Kunis hanqina hubannaa dubbisuu barattootaa waliin walqabatee wantoonni garagaraa dhiibbaa kan irratti fidan ta'uun isaa adda baafamee kan ibsame ta'uusaati.Haata'u malee,akka qorannoowwan kunnin ibsanitti dhimma rakkoo hubannaa dubbisuu barattootaaf wantoota sababa ta'u jedhamanii yaadaman irratti qorannoo yaaliin deeggarame geggeeffameen rakkoo jiru qabatamaan kan agarsiise hinjiru. Haalli kunis qorannoo kana kanneen irraa adda isa taasisa.Kanaafuu qorannoon kun qaawwa kana duuchuu irratti kan xiyyeeffatee geggeeffameedha.Ka'umsi qarannoo kanaas hanqina hubannaa dubbisuu barattootaa fooyyeessuuf gahee barruun durdurii hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu qorannoo yaaliitiin mirkaneeffachuuf xiinxala gaggeessuufi gaaffilee bu'uuraa qorannoo kaanneen armaan gadii kan deebisu ta'a

- Hubannoo dubbisuu barattoota kutaa 10ffaa Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Afaan Oromoo baratan sadarkaa maal jira?
- Hanqina hubannaa dubbisuu barattootaaf wantoonni sababa ta'an maal maal fa'i?
- Barruun durdurii hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisuuf hammam gumaacha?
- Barruu durduriinfimit-durduriitti gargaaramuun hubannoodubbisuu barachuu gidduu garaagarummaa hammamiitu mul'ata?
- Dandeettiin hubannaa dubbisuu barattootaa akkamiin fooyya'uu danda'a?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoowwan lama ofjalatti qabata. Isaanis kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooreeti.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa gahee durduriin Oromoo hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa immoo:

- Hubannaan dubbisuu barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo baratan sadarkaa irra jiru madaaluu.
- Hanqina hubannoo dubbisuu barattootaaf wanta sababa ta'e dda baasuun agarsiisuu.
- Barruun durduri hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisuu keessatti hammam akka gumaachu xiinxaluu.
- Barruu durduriifimit-durduriitti gargaaramuun hubannoo dubbisuu barachuugidduu garaagarummaa jiru madaaluu.
- Dandeettiin hubannaa dubbisuu barattootaa akkaataa itti fooyya'uu danda'u xiinxaluudha.

## 1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa

Akka qorataan qorannoo kanaa yaadutti bu'aan qorannoo kanarraa argamu bifa qoratameen qophii kitaaba barnoota afaanii keessatti xiyyeeffannoon yoo hojiirra oole.

- Barsiisonni durduriitti dhimma bahuun ogummaawwan afaanii yoo barsiisan barattoonni fedhiifi kaka'umsa horachuun durduriin kaayyoo barnootaa afaanii akka galma gahuuf ni gargaara.
- Biiroon Adaafi Turizimii Oromiyaa bu'aa qorannoo kana irraa argamu bu'uura godhachuudhaan gahee durduriin hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu xiyyeeffaannoo keessa galchuudhaan gosoota afoola hawaasichaa walitti qabuun galmaa'anii dhalootadhufuuf akka kaawamanifi hojii barnoota afaaniif oolan godhan nijajjabeessa.
- Barsiisonni yemmuu hubannaa dubbisuu barsiisan ittifayyadama durdurii xiyyeeffannoo keessa galchuun akka barattoota deeggaraniif isaan gargaaruu danda'a.
- Qopheessitoota kitaaba barnoota Afaan Oromoofi Misisteera Barnootaa akka galtee tokkotti ittifayyadamuu danda'u
- Namoota barnoota afaanii irratti qorannoo yaalii geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti isaan tajaajiluu danda'a jedhamee yaadama.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon yaalii kun kan gaggeeffame Naannoo Oromiyaatti Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Bulchinsa Magaalaa  Laga Xaafoo Laga Daadhii keessatti barattoota bara 2013 A.L.IMana Barumsaa Sadarkaa 2^ffaa^Laga Xaafoo kutaa 10^ffaa^Afaan Oromoo baratan ta'ee, mata duree "Gahee Durduriin Oromoo Hubannoo Dubbisuu Barsiisuuf Qabu" jedhu  irratti kan  xiyyeeffateedha. Manni Barumsaa Sadarkaa 2^ffaa^Laga Xaafoo bara 2002 A.L.I kan hundeeffame ta'uu isaa ragaan mana barumsichaa irraa argame ni addeessa. Yeroo ammaa kanas manni barumsaa kun hojjettoota bulchiinsaa 26, barsiisota 66, fi barattoota idileen kutaa 9^ffaa^- 12^ffaa^ baratan 1,470 fi barattota sagantaa galgalaatiin galmaa'anii baratan 327 ta'an qabatee hojii baruu-barsiisuu gaggeessaa jira.

Manni Barumsaa sadarkaa 2ffaa Lga Xaafoo  bilookii  afur dareewwan barnootaa afur afur kan qabu yoo ta'u waliigala dareewwan barnootaa 32 qaba. Dareewwan kana keesaattis barattoonni dabaree(shift) lamaan jechuunis waaree duraafi waaree booda itti barachaa jiru jechuudha.  Dareewwan kanneen keessaas barattoonni kutaa 10ffaa dareewwan 16n keessatti ramadamanii itti barachaa jiru. Lakkoofsi barattoota kutaa 10ffaa waliigalatti 448dha.Dareewwan 16 keessaa saddeettan isaanii jechuunis (10A1, 10A2, 10B1, 10B2, 10C1, 10C2, 10D1, 10D2) kan qoratichi itti ramadamee barsiisaa jirudha.Sababni manni barumsaa kun filatameef,qoratichi yeroo dheeraaf kan itti barsiiseefi ammas kan itti barsiisaa jiru ta'uu isaatiin kan ka'e hanqina hubannaa dubbisuu baratootaa muuxannoo qabu keessatti hubatee jira.

Madaa rakkoo hubannaa dubbisuu barattoota kanaa adda baasuun yaada furmaataa lafa kaa'uuf jecha qorannoo yaalii mataduree " Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu"jedhu irratti qorannoo gaggeessee  jira.Haaluma kanaan mala iddattoo mit-carraa keessaa iddattoo mijataa (convinence sampling) jedhamuutti dhimma baheera.Akkasumas barsiisonni Afaan Oromoo Mana Barumsaa sad.2ffaa Laga Xaafootti barsiisonni ana malee lakkoofsaan afur waan ta'aniif hundi isaanii mala iddattoo ammargee (available sampling) fayyadamuudhaan qorannoo kana keessatti akka hammataman taasifamee jira. Gama biraatiin barattoonni kutaa 10ffaa dareewwan saddeettan qoratichi

barsiisu keessaa dareewwan lamaan garee yaaliifi garee to’tamoo jedhaman filachuuf qoratichi mala iddattoo carraa gargaaramuun qorannoo yaalii kana gaggeesseera.

Walumaagalatti,sababni barattoonni fi barsiisonni qorannoo kana keessatti xiyyeeffannoon itti kennameef barattoonni abbaa dhimmaa qorannoo kanaa waan ta’aniifi barsiisonni immoo mana barumsaa kana keessatti waan barsiisaa jiraniif akka madda odeeffanno jalqabaatti nigargaaru jedheemee waan amanameefidha.

## 1.6.Hanqina qorannichaa

Qorannoon yaalii kun wayita gaggeeffamaa jirutti hanqinoonni armaan gadii qorataa kana muudatanii jiru. Isaan keessaas kitaabilee wabii madda odeeffannoo qorannoo kanaaf ta’an mana kitaabaa keessatti argachuu dhabuudha. Hanqina kana salphisuufis kitaabilee adda addaa gabaa irraa dhuunfaan bitachuun ittigargaaramuun danda’ameera.Rakkoon guddaan inni biroo qorataa kana qunname sababa weerara dhibee Covid-19 biyya keenya muudateen kan ka’e, tatamsa’ina dhibee kana to’achuuf jecha mootummaan manneen barnootaa akka cufaman godheera.Kanuma irraan kan ka’e barattoota argachuu hindanda’amne ture. Kana irraan kanka’e hojii qorannoo yaalii kanas karoora qabameef keessatti gaggeessuun rakkisaa ture. Sababa kanaanis hojiin qorannichaa kan bara 2012 raawwatamuu qabu gara bara barnootaa 2013tti ce’uuf dirqama ta’ee jira.Haata’u malee qoratichi obsaafi kutannoon keessaa bahuuf tattaaffii godheera.Kana malees,Hanqinni yeroofi maalaqaatiin kan ka’e hojii qorannoo kanaa yeroo fi akkataa yaadameen geggeessuuf rakkoo isa biroo ture. Ta’us hanqina yeroo muudatae halkniifi guyyaa boqonnaa malee hojjechuudhaan, hanqina maallaqaa immoo kanan harkaa qabu qusannaan fayyadamuudhaan tooftaan dandamachuun hojii qorannoo kanaa galmaan gahuuf tattaaffii godheera.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaawwan gurguddoo shanitti qoodamee jira. Boqonnaa tokko jalatti seensa qorannichaa,seen-duubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, kaayyoo gooroofigooree, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaa of jalatti hammatee jira. Boqonnaan lama sakatt’a barruu yoo ta’u, waa’ee mataduree qorannoo “Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu” irratti yaada hayyoonni afaanii kennaniifi ogbarruu firoomina mata

durichaan walitti dhufeeya qaban irratti qorannoowwan geggeeffamantu keessatti dhiyaata. Boqonnaa sadii keesatti mala qorannichaa kan ibsu yammuu ta’u, mata  duree kana jalatti saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaa, adeemsa raga walitti qabuufimala qaaccessa ragaaleefaatu dhiyaata.Boqonaan afur qaaccessaafi ragaalee ofjalatti qabata.Boqonnaan shan immoo cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaati. Yaadni dimshaashaaqorannichaa, ragaalee qaacceffaman irraa ka’uun argannoowwan kan kaa’amaniifi hanqinoota mul’atan kanaaf yaada furmaataa ta`uu danda`a jedhee kan qoratichi yaade ibsuuf karoorfatee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Yaad-rimee Barnoota Bu'uuraalee Ogummaa Afaanii

Barnooni afaanii bu'uuraalee ogummaa afaanii arfan irratti beekumsa nama goonfachiisa.Kaayyoo barnoota afaanii kessaa inni tokko barattoonni dandeettiiwwan afaanii irratti gahumsa akka horatan gochurratti xiyyeeffatee kan keennamuudha .Ogummaawwan afaanii arfan kunniin dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreesuu yoo ta'an, waliigaltee bu'a-qabeessa ta'eef dhimma baay'ee murteessoo ta'nidha.Afaan dhalootaa keenya kan barannuu jalqaba dhaggeeffachuudhaan yoo ta'u, itti aansees dubbachuu jalqabna.Ogummawwan afaanii kanneen kan cimsannu adeemsa guddina uumamaatiin.Haa ta'u malee,irracaalaatti kan gabbatan barumsaan ta'uusaa hubachuun nidanda'ama. Ogummaawwan afaanii dubbisuufi barreessuun immoo barnoota qofaan argamu.Sababnisaas namni tokko osoo hinbaratiin lafaa ka'ee dubbisuus ta'e barreessuu hindanda'u waan ta'eefidha.

Yaaduma kana kan cimsu Geetaachoon(2007 ) yoo ibsuu,jalqaba qubeewwanifi sagaloota afaan keenya keessa jiran sirnaan barannee yommuu xummurru dubbiisuu baranna. Ogummaa dubbisuu sirnaan barannee erga xummurre boodas gara ogummaa barreessuutti ceena jedha.Haaluma walfakkaatuun yaada kana cimsu Tolamaariyaam(2017:7) yommuu ibsuu, "Barattoonni dandeettii bu'uuraa dubbisuufi barreessuu gabbifatan malee barnoota hundumaa milkaa'inaan barachuuf nirakkatu" jedha.Kanarraa wanti hubatamu ogummaawwan bu'uuraalee afaanii keessaa dubbisuufi barreessun kan barnootaan gabbifamaniifi dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadan ta'uu isaati.

Kanaafuu barattoonni ogummaawwan afaanii kanneen dhaggeeffachuufi dubbachuu caalaa dubbisuufi barreessuuf yeroofi xiyyeeffannoo kennuudhaan shaakallii walirraa hincinne gochuudhaan dandeettii hubannoo dubbisuu isaanii cimsachuu akka qaban qoratichi itti amana.Gamabiraatiin hojiirra olmaa ogummaawwan afaanii arfan ilaalchisee, inni tokko isa biroo waliin walitti dhufeenya cimaa ta'e qabu.Dhaggeeffachuufi dubbisuun ogummaawwan afaanii odeeffannoo ittiin fudhannu yoo ta'an, dubbachuufi barreessuun immoo karaa odeeffaannoo yookiin beekumsa ittiin kenninuudha. Haaluma kanaan dhimma tokko dhaggeeffannee odeeffannoo kan fudhannu yommuu namni biroo dubbatu irraa yoo ta'u, kan

dubbifnu immoo barreeffamoota maddeen gara garaa .irraa argannurraati.Walumaagalatti ogummaawwan bu'uuraalee afaanii arfan kunniin walta'anii beekumsafi hubannoo afaanii irratti qabnu guutuu nuuftaasisu irratti qooda guddaa qabaniidha.

**2.1.1. Ogummaa Dubbisuu**

Ogummaa dubbisuu ilaalchisee hayyoonni garagaraa muuxannoofi beekumsa qaban irratti hundaa'anii karaa adda addaatiin ibsaniiru. Haaluma kanaan Beekan(2015:84) Nuttall (1996:5) wabeeffatee akka ibsetti, **"**Dubbisuun adeemsa walqunnamtii ta'ee haala waan namni tokko barreese namni biraa immoo dubbisee yaada yookiin ergaa isaa hubachuu danda'uudha,**"** jedha..Kanarraa hubachuun kan danda'dmu dubbisuu jechuun dubbisaan tokko yaada barreesaa waliin walqunnamee ergaa isaa hiikkachuu irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaati.Haaluma walfakkaatuun Geetaachoon(2016:6) ogummaa dubbisuu yoo ibsu, akkas jedha.**"**Dubbisuun yaada barreesaan mallattolee addaaddaa fayyadamuudhaan barreesse hubachuuf, qayyabachuufi xiinxaluuf gochi dubbisaan raawwatu dubbisuu jedhama,**"**jechuun ibsee jira.Yada kanarraa akka hubatamuuttit namni waa dubbisuu tokko yommuu barreeffamicha dubbisu ergaa barreessichi dhaamuu barbaade sana irraa osoo hinmaqiin hiika sirrii argate sanaan miira isaa guuttachuudha.

Yaadum hiika dubbisuu kana kan cimsum Tolamaariyaam(2017:7) waa'ee dubbisuu ilaalchisee yommuu ibsuu **"**Dubbisuun beekumsa mallatooleefi sagaleewwan afaan tokkoo walitti firoomsanii fayyadamuun barreeffama irraa hiika argachuuti,**"**jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu dubbisaan tokko duraan dursee mallattoo yookiin qubee addabaafachuu irraa eegaluu qaba.Itti aansuudhaanis sirna qubeewwan waliitti qindaa'anii sagaleewwan ijaruu danda'an hubachudhaan jechtaafi jecha akasumas himaafi hima walitti fiduudhaan dubbisanii ergaa isaa hubachuu danda'uudha.

Yaada kana cimsuudhaaf dabalataan Dabbabaan(2005) yoo ibsuu,dubbisuun qubeef boca kennuufi sagaleessuu qofa osoo hintaane wanta dubbisan sana muuxannoo jireenya ofii waliin walbira qabanii walmadaalchisaa hubachuun ilaalcha dhuunfaa ittidabalanii yaada barreessichaa sirriifi guutuutti argachuu danda'uudha. Gamabiraatiin Williams(1984) dubbisuun adeemsa yaada barreesaa tokko sakatta'uun hubachuudha.Kanarraa wati hubannu dubbisaan tokko yaada barreessaa qixa irraa barbaadamuu gadifageenyaan sakatta'ee yaada

barreessaa qayyabachuu kan qabu ta'uusaati. Dabalataanis akka Grabe(2009) jedhutti, dubbisuun irra guddaa adeemsa barruu hubachuuti.Kana jechuun dubbisaan barruu dubbisu sana irraa ergaa barreessaan dabarsuu barbaade argatee kaayyoo isaa bira gahuu danda'uu isaa namatti agarsiisa.

Walumaagalatti hayyoonni heduun ogummaa dubbisuu haala adda addaatiin haa hiikan malee,hunda isaanii wanti walfakkeessu, dubbisuun adeemsa ta'uu isaatiifi ogummaa odeeffannoo  yookiin ergaa barreessaan barruu isaa keessa kaa'e  dubbisanii ittiin hubatan ta'uu isaati.Yaada kanarraas wanti namni kamiyyuu hubatu dubbisuun adeemsa dubbisaafi barreessaa walqunnamsiisu riqicha odeeffannoo barruu tokko keessa argamutti nama geessudha jechuun nidanda'ama.

**2.1.2.Hubannaa Dubbisuu**

Dubbisuun irra caalaatti kan hiika argatu dubbisaan tokko wanta dubbise sanarraa waa hubatee yoo kaayyoo dubbisuu isaa galmaan ga'ateedha. Kanaaf immoo xiyyeeffanoon dubbisuu gaafata.Hubannoon galma hojii dubbisuuti.Hubannoon yaada barreeffama tokko keessa jiru argachuu danda'uudha. Yommuu barruu tokko dubbifnu kaayyoon isaa yaada barreessichaa hubachuuf yaaluudha.Akka Teele(2004) ibsutti,galmi dubbistootaa hundi wanta dubbisan sana hubachuudha.Hubannoon dubbisuu immoo kaayyoo dubbisaa irratti bu'uureeffata.Dubbisaan maalifan barruu tokko dubbisa jedhee ofgaafatee ka'a taanaan kaayyoo isaa akkekkateera jechudha.Dubbisaan tokko barruu yookiin kitaaba dubbisee yaada achi keessa jiru hubateera taanaan immoo kaayyoo dubbisuu isaa galmaan gahateera jechuu dandeenya. Kanaafuu,hubannoo isaa gabbifachuuf barruu dubbisu sana xiyyeeffannoon dubbisuu qaba.Sababa kanaan namni kamiyyuu beekuu qabu, dubbisuun hubannootiin alatti dubbisuu jedhamee kan hinfudhatamne ta'uu isaati.

Bu'uuruma kanaan dubbisuun bu'aa hubannooti jedhameetu yaadama. Nuttal(1982) yommuu ibsitu, namootni adda addaa dubbisuuf sababa garagaraa waanqabaniif,hubannoon barruu dubbisan irraa argatanis haala adda addaatiin hubatu.Kunis kan agarsiisu hiikkaan dubbisuuf qaban sababa dubbisuu isaaniitiin murtaawa jechuudha.Dabalataan yaada kana Tolamaariyaam(2017:64) mujulii isaa keessatti akkasitti ibseera. "Caacculee dubbisuu keessaa hubannoon galma dubbissuti jedhama. Sababni isaas barattoonni waandubbisan

hubachuu yoo hindandeenye kaayyoon dubbisuu waanfiixaan hinbaaneef.Barattoonni xiyyeeffannoo kennuun barruu irraa hiika kan argatan yoo hubatan.” Yaadni kun kan nuhubachiisu hubannoon kaayyoo dubbisuu keenyaaf bu’uura guddaa ta’uu saati.Gamabiraatiin, Kintsch fi Rawson(2005) akkaataa hubannoon dubbisuu itti uumamu ilaalchisee yommuu ibsan,hubannoon dubbisuu kan uumamu dubbisaan ergaa barruu sanaa yaada tokko yookiin tokko oliin bakka buufatee ijaarrateedha.Bifa biraatiin Ruddell(1999) hubannoo dubbisuu yoo cimsu,galmi barnoota ogummaa dubbisuu inni baayy’ee baratamaan hubannoo ta’ee; hiikni dubbisaan barruu sana irraa hubate amma tokko ergaa barreessichi dhaamuu barbaade saniin kan walitti dhiyaatudha.Itti dabaluudhaan Underwood(1994) yoo ibsu,hubannoon ogummaa dubbisuu isa baay’ee barbaachisaa ta’ee barattoonni sadarkaa lammaffaa goonfachuu qabaniidha.Barattoonni hubannoo dubbisuu dandeettii cimaa qaban qabiyyee barnootaa irratti gahumsa horatu;bashannanaaf dubbisuufi galma dubbisuu isaaniitiin milkaa’ina irra gahuu danda’u .

Haata’u malee,daree barnoota afaanii keessatti barattoonni barruu tokko dubbisanii hubachuu irratti hanqina kan qaban ta’uu isaa qoratichi hubatee jira.Haaluma kanaan qoratichi hanqina hubannaa dubbisuu barattootaa kana furuuf,mata duree Gahee Afoolli Orommoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu jedhuun, Mana Barumsaa Sadarkaa 2$^{ffaa}$ Laga Xaafoo barattoota kutaa 10$^{ffaa}$ irratti xiyeeffachuun qorannoo yaalii geggeessudhaan hanqina isaanii adda baafachuun yaada furmaataa irratti fuulleeffachuudha.

Walumaagalatti daree barnoota afaanii keessatti galmi barnootni hubannoo dubbisuu inni guddaan barattoonni beekumsa, dandeettiifi muuxannoo akka gabbifatan gargaaruu qofa osoo hinta’iin dorgomtoota cimaafi dubbistoota gaarii ta’anii ogummaa dubbisuu akka goonfatan dandeessissuudha.

## 2.2. Gosoota Ogummaa Dubbisuu

Adeemsa baruu-barsiisuu ogummaa hubannaa dubbisuu daree barnootaa keessatti gaggeeffamu ilaalchisee barsiisonni gosoota dubbisuu lamatti gargaaramuu hubannaa dubbisuu barsiisuu danda’u . Gosoonni dubbisuu kunninis dubbisa sagaleefi dubbissa callisaa jedhamuun beekkamuu. Akaakuwwan dubbisuu kanneenis adeemsa baruu-barsiisuu barnoota

afaanii keessatti daree barnoota ogummaa hubannaa dubbisuu waliin walqabatee akkuma barbaachisummaa isaanitti hojirra ooluu danda'u.

### 2.2.1. Dubbisa Sagalee

Dubbisa sagalee kan jedhamu daree keessatti  akka dhaggeeffattotatii dhagahamutti sagalee olkaasanii  dubbisuudha.Gosti dubbisuu kanaa barsiisonni daree barnootaa keessatti yommuu hubannaa dubbisuu barsiisanitti barataa|barattuu tokko kaasuudhaan barattoota birootiif akka dubbisan taasisuudhaan tooftaa hubannaa dubbisuu ittiin barsiisan keessaa isa tokkodha.Gosti dubbisa sagalee kun tooftaa dubbisa callisaatiif bu'uuradha.Keessattuu barattoota sadarkaa tokkoffaatiif dubbisni sagalee baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun nidanda'ma. Sababnisaas barattoonni jechoota sagaleessuus irraa ka'anii gara himoota akkasumas keeyyata dubbisutti ce'uu akka danda'an waan gargaarufidha.Yaada olii kana kancimsu Baddiluun(1996) yommuu ibsu,Barattoota sadarkaa tokkoffaa ilaalchisee daree barnoota hubannaa dubbisuu barsiisuutiin walqabatee barattoonni jalqaba qubeewwan walitti fiduun jecha ijaaruu,jechoota qindeessuudhaanis himoota ijaaruun dubbisuu shaakaluuf tooftaan kun baay'ee filatamaadha. Haata'u malee,malli hubannaa dubbisuu sagalee kun cimina qabu hanqina mataa isaa kan qabu ta'uusaa dubbisaan tokko  hubachuu qaba. Yadda kana irraa wanti hubatamu akaakuuwwan dubbisuu hunda yoomiifi akaamiitti akka itti fayyadamuun beeknaan faayidaa mataa isaanii kan qaban ta'uu isaa hubanna.

### 2.2.2. Dubbisa Callisaa

Dubbisa callisaa kan jedhamu immoo osoo sagalee hindhagessisiin walta'iinsa qaamaafi qalbii qofaan dubbisa gaggeeffamudha. Kana jechuun barreeffamicha ijji niilaala sammuun keenya immoo xiinxalaa dubbisa.Dubbisuun hojii dhunfaati. Dhimmuma kanatu dubbisuu hojii callisaa isa taasisa.Kanuma bu'uura godhachuudhaan dubbisaan tokko kaayyo isaa irratti hundaa'ee osoo hidhii hinsochoosiin akkasumas osoo sagalee hindhageessisiin kan callisaan dubbisee yaada irraa hubatudha.Yaada kana ilaalchisee Beekan(2015:89) yoo cimsuu,"Callisaan dubbisuun qindaa'ina ijaafi sammuutiin osoo sagalee hindhagessisiin kan gaggeffamuudha," jechuudhaan ibseera.Gosa dubbisa kanaan barattoonni gargaarsa tokko malee saffisa mataa isaanitiin akka dubbisan isaan gargaara.Sababuma kanatu toftaa dubbisuu kana gosoota dubbisuu kanneen biroo irraa filatamaa isa taasisa. Kanamalees

barattoonni daree barnootaatiin ala jireenya isaanii guutuu keessatti irra caalaatti kan isaan fayyadu dubbisa callisaati. Yaada kana cimsuun Dabbabaan(2005) yoo ibsu,yommuu hubannaaf dubbifnu ergaa barreeffamichaa sirritti hubachuu waan gaafatuuf callisaan dubbisuutu filatamaa ta’a.Wanti kanarraa hubatamuus barataan tooftaa dubbisuu kanatti gargaaramee barruu tokko saffisa mataa isaatiin dubbisee akka hubatu isa gargaara. Karaabiraatiin immoo hima yookiin keeyyata tokko dubbisee hubachuuf isa rakkise irra deddeebiin akka dubbisu carraa laachuu isaati. Walumaagalatti gosti hubanaa dubbisuu kanaas akkuma tooftaa hubannaa dubbisuu kanneen birootti ciminaafi hanqina mataa isaa kan qabu ta’uu isaas hubachuun barbaachisaadha.

**2.3. Kaayyoo Ogummaa Dubbisuu**

Kaayyoo maaliif kitaabilee garagaraa dubbifnaa? Namni dhimma tokko irratti waadubisuuf qophaa’u gaaffii bu’uuraa kana xiyyeeffannoon ittiyaaduutu isarra jiraata.Dubbisni kamiyyuu kaayoo mataa isaa qaba.Kanaafuu xiyyeeffanoon dubbisaa inni jalqabaa kaayyoo dubbisuu isaarrati kan fuulleeffatu ta’a. Bu’uuruma kanaan namni kamiyyuu barruu yookiin kitaaba tokko dubbisuuf murteessuu isaatiin dura kaayyoo kitaaba dubbisu sana adda baafatee beekuu qaba.

Geetaachoon(2007) yaada kana yoo cimsu,beekumsa isa kam argachuuf kitaabilee kamfaa dubbisuu qaba jedhee namni hinfilannee nama osoo hinmurteessiin gosa meeshaa bituuf gabaa baheen walfakkaata.Fakkeenyaaf namni eeyyama konkolaachisummaa baasuuf qophaawu tokko dursee kan dubbisuun irra jiraatu kitaabilee dhimma kanaan walqabatee beekumsaafi gahumsa konkolaachisummaa isa goonfachisuu danda’an filatee dubbisuu qaba.

Wanti kanarraa hubatamu dubbisaan tokko barreeffamoota garagaraa dubbisee beekumsa argate kaayyoo inni barbaade waliin walqabsiisee dubbisuu akka isarra jiraatudha.Kanaafuu dubbisaan gosa kitaabaabilee dubbisuu kanneen yommuu filatu dursee maaliif akka dubbisuu barbaade adda baafatee beekuu qaba jechudha.Bu’uuruma kanaan Getaachoon(2007)hayyota damee kanaa ka’umsa godhachuudhaan kaayyoo dubbisuu waliin walqabsiisuun gosota beekumsaa kitaabilee adda addaa irraa argaman akka armaan gaditti bakka afuritti yoo qoqqoodu: beekumsa hojii ittiin raawwatan,beekumsa ragaa argachuuf ta’u, beekumsa

hubannoo waligalaa argachuufi beekumsa miira bashannanaa ittiin argatan ta’uu isaanii ibseera.

### 2.3.1. Beekumsa Hojii Ittiin Raawwatan Argachuuf Dubbisuu

Namni kamiyyuu jireenya isaa guyyuu sochii adda addaa godhu keessatti kaayyoo barbaadu galmaan gahachuuf caarraaqqii gochaa oola. Haaluma kanaan kitaabilee adda addaa dubbisuudhaan gosti beekumsaa argamu kun akkaataa meeshaaleen garagaraa ittiin tolfaman ,suphaman, akkaataa nyaanni ittiin qophaa’u, mala beekumsi konkolaachisummaafi kan kana fakkaatan dubbisa tokko irraa salphaatti argachuun itti gargaaramuun nidanda’ama.

### 2.3.2. Beekumsa Ragaa Argachuuf Dubbisuu

Jiruufi jireenya keenya guyyuu gaggeessuuf sochii adda addaa goonu keessatti beekumsi ragaalee garagaraa haalawwanii,taateewwaniifi wantoota biroo naannoo keenyatti raawwataman hunda dursinee beekuuf; beeknees akka irratti qophoofnuuf kitaabilee hubannoo yookiin beekumsa akkasii nuqabsiisan irraa argannudha.Fakkeenyaaf ragaa yookiin odeeffannoo waa’ee raaga qilleensaa beeknee haala hojii qonnaa keenya mijeessuuf ,waa’ee dhukkuboota daddarboo ta’an beeknee dursinee tarkaanffii ittisaa fudhachuuf akkasumas dhimmoota biroo irratti ragaalee qubsaafi wayitaawaa ta’an argachuuf kitaabilee kaayyoo keenya waliin deeman filannee dubbisuudhan itti gargaaramuu qabna.

### 2.3.3. Beekumsa Waliigalaa Argachuuf Dubbisuu

Beekumsa waligalaa kan jennu beekumsa kanaan dura kuufannee qabnu irratti kitaabilee barnootaafi barreeffamoota adda addaa hubannoo keenya nuuf bal’isuu danda’an hunda dubbisuudhaan beekumsa hunda galeessa ta’e qabaannee itti gargaaramnudha. Kanaafuu namni kamiyyuu bekumsa waliigalaa argachuudhaaf yoo barbaade kitaabilee mataduree adda addaa irratti barreeffaman fudhatee dubbisuu danda’a. fakkeenyaaf kitaabilee dhimmoota falaasamoota, amantaawwan,siyaasawwan,seenaawwanfi waliigalaa qabu immoo jireenya isaa guutuu keessatti bu’aqabeessa ta’a.Gama biraatiin hojii bobba’e irrattis milkaa’ina argata. Yaada kana Beekan(2015:98)yoo ibsu, “ Namni sadarkaa barnootaa kamirrayyuu jiru dubbisu malee kaayyoo isaa galmaan gahuu hindanda’u.” Kanaafuu namni dhimma barnootaatiif jecha dubbisuu amaleeffate tokko argannoo haaraatiif milkaa’uu danda’a.

### 2.3.4. Beekumsa Nama Bashannansiisuu Argachuuf  Dubbisuu

Maddi gosti beekumsa kanaa kun barreeffamoota nama bashannansiisan ta’ee miira gammachuu nama goonfachiisan irraa kan argamuudha. Kanaafis gosa beekumsa kanaaf galtee kan ta’an barreeffamoota kalaqaa kanneen akka asoosamaa,alasoosamaa,walaloofi kan kana fakkaataniidha jechuun nidanda’ama. .Barreeffamoota kanneenis yommuu dubbifnu itti bashannanaa waandubbifnuuf,sammuu keenya miira gammachuu nugoonfachiisu.Akkaataa kanaanis kaayyoo dubbisuu keenya galma gahuu danda’a jennee fudhachuu dandeenya.Walumaagalatti kaayoo keenyarratti hundoofnee kitaabilee garagaraa yommuu dubbifnu akka waliigalaatti yaada dimshaashaayookiin yaada murtaawaa akkasumas hiika jechootaa galumsa isaanii irraa hubachuuf ta’uu waandanda’uuf  kitaabilee filannee dubiisuun murteessaadha.

### 2.4. Faayidaa Ogummaa Dubbisuu

Ogummaan dubbisuun akkuma ogummaa dhaggeeffachuutti meeshaa beekumsa ittin argatan yookiin walitti qabataniidha. Kana waan ta’eefis dubbisuun damee barnootaa kamiyyuu keessatti beekumsa dagaagsa, sammuu namaa hroomsa,gabbisa,Beekumsi gabbataanisjiruufi jireenya dhala namaaf barbaachisaadha. Kanaafuu dubbisuun dirqama nibarbaachisa jechuudha.

Beekumsi hambaaleen artii tokkoo dhalootaa dhalootatti kan darbu barreffamaan.kana waanta’eefis qorannoon waa’eetee knooloojii ispeesiii,yaalii fayyaa,waa’ee beekumsa xiinsammuu,qonna, barnoota,waa’ee siyaasaa,falaasama hawasaafi kan kana fakkaatan afaaniin gafannee hubachuufi beekuu caalaa bal’inaafi gadifageenyaan barreeffame tokko dubbifnee beekumsa gahaafi qulqulluu argachuuf nama dandeessisa waanta’eef dubbisuun dirqama ta’a jechuudha. Yaada kanaan walqabatee Dabbabaan (2005) yoo ibsu,beekumsiifi hambaaleen ogummaa kamiyyuu dhalootaa dhalootatti kan darbu barreeffamaani.Wanti yaada kanarraa hubatamu dhaloonni darbeefi kan har’aa beekumsaafi muuxannoo akkasumas seenaafi duudhaa isaa barreeffamaan galmeessee dhaloota boriif ol kaa’ee darba.Dhaloonni haaraa immoo wanta dhloonni kaleessaa barreeffamaan galmeessee kaa’eef irraa dubbisuun jireenya isaa kessatti ittgargaaramee innis dabaree isaatiin dhaloota dhufuuf ittiin dhaalchisee darba. Kanaafuu  dhaloonni ogummaa dubbisuuf xiyyeeffannoo kennuudhaan ofis

fooyyeessee hawaasa isaa tajaajiluu qaba.Karaa biraatinis dubbisaan kitaabilee garagaraa dubbisuu yoo kan amaleeffatu ta’e barreessitoota jajjabeessuufi onnachiisuu ta’uu isaas hubachuu qaba.

Dubbisuun ogummaa umrii dheeraa qabudha.Daa’imman mana barumsaa irraa eegalanii jireenya isaanii guutuu keessatti ogummaa ittifayyadaman keessaa isa tokkodha. Anderson fi warreen biroo (1985) yaada olii kana yoo cimsanu, dubbisuun bu’uura ogummaa jireenyaati jedhu. Haluma kanaan dubisuun bu’uura jireenyaa dhala namaa ta’ee kan fayyadudha yommuu jennu ilmi namaa jireenya isaa guyyuu gaggeeffatu keessatti ogummaa dubbisuutiin alatti kan hinyaadamne ta’uu isaa agarsiisa. Itti dabaluudhaan faayidaa dubbisuu ilaalchisee Anderson (1985) yoo ibsu,dubbisuun mana barumsaattis ta’e jireenya daa’immani milkeessuu keessatti akka dhakaa bu’uuraatti ta’ee isaan tajaajila jedha.Yaanni kun kan nutti agarsiisu dubbisuun daa’imman mana barumsaa keessatti cimanii akka barataniifi jireenya isaanii guutuu keessatti mlkaa’oo akka ta’an qooda guddaa waanqabuuf akka dhakaa bu’uuraatti fudhatamuu nidanda’a. Kanaafuu daa’imman mana barumsaattis ta’e mana barumsaan alatti dandeettii dubbisuu isaanii fooyyeeffachuuf kitaabilee gargaraa dubbisuudhaan ogummaawwan afaanii kanneen biroo caalaa xiyyeeffannoo kennuun yeroo hunda dubbisuu amaleeffacuu qabau.

Hayyoonni garagaraa faayidaa dubbisurratti yaada adda addaa kaasuudhaan cimsanii jiru.Goodmanfi warri biroo(1988) faayidaa dubbisuun qabu yommuu ibsan,dubbisuun damee tajaajila ogummaa kamiiyyuu keessattiakka meeshaa barbaachisaa ta’e tokkotti tajaajiluudha jedhu. Akka yaada kanaatti dubbisuun ogummaawwan hunda keessatti akka meeshaa barbaachisaa ta’e tokkotti ilaalamee kan fudhatamuu fi ogummaa xiyyeeffannoo guddaa barbaaduud ta’usaati.Kunis kan nutti agarsiisu namoonni ogummaa kamiinuu eebbifamanii tajaajila kennaa jiran jireenya maataa ofis hogganuufis ta’e dirree hojii ittibobba’aniin hawaasa isaanii tajaajiluuf yeroo mara beekumsa isaanii gabbifachuufi ofhaaromsuuf dubbisuun qaama jireenyaa isaanii ta’uu isaa beekuu qabu.

Akka hayyoonni tokko tokko dubbatanittis, dubbisuun nama guutuu taasisa yaada jedhu kan nuuf dhugoomsu ta’a jechudha.Gama biraatiin Beekan(2015:91) barruu isaa keessatti yoo ibsu,“Har’a dubbisaa bor gaggeesaadha” jedha.Akka yaada kanaatti namni amaleeffannaafi

aadaa dubbisuu gaarii qabu beekumsa bal'aafi hunda galeessa ta'e niqabaata.Namni akkasii immoo ofitti amanamummaafi gahumsa waanqabuuf hoggansa kennu irratti ittigaafatamummaa isaa galmaan gahachuuf milkaawaa ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama.Hoggansi beekumsaafi muuxannoo gahaa qabu ilaalcha qajeelaafi mul'ata gaarii waanqabuuf,biyya isaa guddisuu keessatti shoora guddaa taphachuu danda'a.

Gamabiratiin faayidaa dubbisuu qabu ilaalchisee Beekan(2015:91) yommuu ibsu akkas jedha."Dubbisuun dandeettiwwan afaanii warreen biroofis akka bu'uuraatti ilaalama." Wanti yaada kanarraa hubatamu dubbisuun ogummaa beekumsaafi muuxannoo hayyoota garagaraa kan ittinfudhatan waanta'eef dandeettiwwan afaanii kanneen biroo ittiin gonfachuuf ogummaan dubbisuu murteessaafi barbaachisaa ta'uu isaati.Kanamalees,ogummaa dubbisuu gonfachuun afaan dhalootaafis ta'e afaan lammaffaafi afaanota biroo cimsachuuf gahee guddaa kan qabu ta'uu isaati.

Haluma walfakkaatuun Dabbabaan(2005)faayidaa dubbisuun qabu cimsee yoo ibsu,dubbisuun jireenya dhala namaa keessatti hagam barbaachisaafi murteessaa akka ta'e beekuuf,garaagarummaa nama waadubbisuufi nama waahindubbifne gidduu jiru hubachuun nidanda'ama.Bu'uuruma kanaan namni muuxannoo dubbisuu qabu bakka kamittuu akka garaa isaatti haala ofitti amanamummaa qabuun dhimmoota barnoota waliin walqabatan irratti yaada bilchaataa kennuu yookiin dhiyeessuudhaan yommuu dinqisiifatamu argina. Namni homaa hindubbifne immoo faallaa isa waadubbisuu amaleeffannaa qabu ta'ee yaada bilchaataa hintaane yommuu dhiyeessuuf yaalu nimul'ata.Yaada biraatiin namni kitaabilee dubbisu biqiltuu laga qarqara dhaabbate waliin kan walfakkaatu yommuu ta'u; namni hindubbifne immoo biqiltuu gammoojjii keessatti dhaabame waliin walfakkaata kan jedhamu kanaafidha.Biqiltuun laga qarqaraa yeroo mara lalisaafi magariisa yommuu ta'u, biqiltuun gammoojjiitti dhaabame immoo yeroo baay'ee coollageetu mul'ata.

Namni kitaaba dubbisuu amaleeffannaa qabu kallattii hundaan wantoota ittin hubatu beekumsa gahaa yommuu qabaatu; namni adaan dubbisuu isaa bodatti hafoo ta'e qabu immoo beekumsi inni dhimma tokorratti qabu hanqina waanqabuuf,jirenta isaa keessatti beekumsi qabu gadi aanaa ta'a jechuudha.Namni dubbisu yeroo hunda kitaabilee haaraa waliin waan michooma uumuuf miira gammachuutu isatti dhaga'ama.Dubbisuudhaan fedhii

horata,abdiifi gammachuu goonfata.Akkuma dubbisaa adeemuun kitaabilee hedduu ta’an hiriyaa dhugaa taasifata jechudha.

Walumaagalatti,akka namni kamiyyuu hubatutti dhalli namaa uumamaan beekumsa mataa isaa niqaba.Ta’us, jireenya addunyaa kanaa hogganuuf beekumsi uumamaa qofaa isaa gahaa miti.Beekumsa uumamaan qabu kanas dubbisuudhaan bal’isuufi gabbifachuu qaba.Barnootnis adeemsa guyya guyyaa dubbisuun yoo deeggaramuu baate qofaa isaa gatii hinqabaatu.Beekumsa barnootaan argannes yeroo yeroon yoo haromsuufi cimsuu baanne qawwee danda’aa yeroo yeroon dibataan hinhaxaawamne ta’a jechuudha .Kanaafuu beekumsa gahaafi hundagaleessa ta’e argachuuf kitaabilee garagaraa yeroo mara dubbisuu amaleeffachuu qabna.

**2.5. Tarsiimolee Hubannaan Dubbisuu Ittiin Barsiifamu**

Tarsiimoleen hubannaa dubbisuu, tarsiimolee dubbisaan tokko yommuu barruwwan garagaraa dubbisu kaayyoo isaa giddu-galeessa godhachuudhaan akkaataa qabiyyee dubbisichaa ittiin hubatudha. Akka yaada Yang (2006) ibsutti,tarsiimoleen hubannaa dubbisuu barattoonni yommuu barruu dubbisan irraa waayaadachuufi hubachuu danda’an kan ittiin hogganamaniidha.

Barsiisonni kallattumaan tarsiimolee hubannaa dubbisuu barsiisuu qabu. Haata’u malee, dubbistoonni tarsiimolee kanaan altakkaa hubannaan yommuu barruu dubbisan hubannaa dubbisuu isaanii cimsachuuf itti gargaaramu.Kanarraa akka hubatamutti barsiisonni sadarkaa $2^{ffaa}$ gosa barnoota barsiisan hundi barattoonni isaanii dubbistoota akka milkaa’ina goonfatan tarsiimolee hubannaa dubbisuu barsiisutu isaanirra jiraata. Gamabiraatiin Takeenya guyyaa guyyaatti barruuwwan hedduu dubbisaa oolla.Fakkeenyaaf wantoota dubbisnu keessaas kitaabilee barnootaa,kitaabilee amantaa, gaazexaa, barruulee, warqaa qormaataafi waraqaa qo’annoo adda addaa dubbisna ta’a.Barreeffamoonni kunniinis tarsiimoolee ittiin dubbifaman kan mataa isaanii niqabu.

Walumaagalatti dubbisuun tarsiimolee adda addaa kan hordofu yoo ta’u, tarsiimolee kunniinis akka gosa dubbisichaatti adda adda ta’uu isaanii hubachuun barbaachisaadha.

Dabalataan tarsiimolee hubannaa dubbisuu ilaalchisee Beekan(2015:114), Wallace(1992:57) wabeeffachuun akka armaan gaditti ibsee jira.

> *Tarsiimoowwan dubbisuu tooftaalee barruuwwan garaagaraaf kan oolan ta'uudha. Tarsiimoowwan hubannaa dubbisuu keessatti fayyadamnu haala itti dubbifnu, kayyoo dubbisuu kanaafi akaakuu barruu nuti dubbifnutu murteessa. Gama biraatiin tarsiimoowwan hubannaa dubbisuu karaa adeemsa barruu tokko dubbisaan ergaa isaa ittin hubatudha.Haaluma kanaan dubbistoonni cimoon tooftaalee dubbisuu adda addaa fayyadamuun kaayyoo dubbisa isaanii galmaan gahu danda'u jedha*.

Akka waliigalaatti namni tokkowaa dubbisee hubachuudhaaf dhimoota kaayyoo dubbisuu isaa waliin walbira qabee xiyyeeffannoon ilaaluu qabu keessaa tokko gosoonni tarsiimolee hubannaa dubbisuu kanneen armaan gaditti gargaaramuu hubannoo dubbisuu isaa cimsachuu nidanda'a.

**2.5,1. Saffisaan Dubbisuu**

Tarsiimoon hubannaa dubbisuu kanaa barruu dhiyaate tokko irraa dhaamsa barbaadamu argachuuf yookiin yaada ijoo barreeffamichaa barbaadanii argachuuf ijaan irra fiiganii dubbisuuf kan gargaaruudha. Saffisaan dubbisuun dubbisanii hubachuu waliin walitti dhufeenya qaba. Yaada kana Beekan(2015:122), Nuttal(1982:32) wabeeffachuun akka ibseetti, "Irra keessa dubbisuun ariitiidhaan barreeffama dhiyaate irraa yaada ijoo barbaaduudha." Akka yaada kanarraa hubatamuutti saffisaan dubbisuun dubbisaan yeroo gabaabaa keessatti ergaa barbaadamu qofa afgachuuf kan isa gargaaru ta'uu isaa nuhubachiisa.Gama biraatiin Beekan (2015:122) itti dabalee waayee saffisaan dubbisuu ilaalchiisee akkas jechuun ibsa. "Saffisaan dubbisuun yaada yookiin odeeffannoo barruu tokkoo hubachuuf baay'ee barbaachisaadha." Walumaagalatti ,dubbisaa gaariin saffissa dubbisuu isaa kaayyoofi gosa barruu dubbisu waliin walsimsiisuu akkasumas saffisa hubannoo barruu sanaa waliin adeemuu akka qabus beekuu qaba.

**2.5.2. Sakatta'aan Dubbisuu**

Tarsiimoon hubannoo dubbisuu kun barruu yookiin barreeffama dubbisnu keessaa yaada ijoo yookiin yaada murtaa'oo dubbisa keessaa argachuuf itti gargaaramuudha.Barataan barruu dubbisu keessaa yaada yookiin odeeffannoo ijoo sakatta'uu barbaade irrafiigichaan dubbisee

bakka yaanni ijoo argamu qofa irratti xiyyeeffachuun yoo dubbiseedha.Sakatta'aan dubbisuun, dubbisicha irra fiiguun yaada ijoo yookiin murtaa'oo kanneen akka maqaalee, bara, guyyootaafi kan kana fakkaatan sakatta'uuf taasifamuudha.

Sakatta'aan dubbisuun dubbisa dheeraa tokko keessaa odeeffannoo adda addaa barbaaduuf jecha mala sakatta'aan dubbisnuuti.Yaada kana Nuttall (1982) akka armaan gadiitti yoo ibsitu,sakatta'aan dubbisuun tarsiimolee dubbisuu keessaa isa salphaa ta'ee kan akka jecha,maqaa namootaafi wantootaa sakatta'uun adda baasee ibsuuf tajaajila.Kanaafuu dubbisaan tarsiimoo dubbisuu kanatti gargaaramee odeeffannoo barbaadu sakatta'ee bira gahun ittiin waahubatudha jechuun nidanda'ama.

**2.5.3. Gadifageenyaan Dubbisuu**

Gadifageenyaan dubbisuun tarsiimoowwan dubbisuu keessaa isa tokkodha. Gadifageenyaan dubbisuun barruu tokko hubannaa guutuu ta'een keessa seenuun dubbisanii yaada isaa hubachuudha. Yaaduma kana kan cimsuu Beekan(2015:117), Thompson(2001) wabeeffachuun yoo ibsu*,"intensive reading is a kind of reading of short texts for comprehension"* jedha.Yaanni kun kan nuhubachiisu, gadifageenyaan dubbisuu tarsiimoowwan dubbisuu kanneen birootiif akka bu'uuraatti ilaalamuudha.Kun immoo barattoonni akka isaan waan dubbisan hunda gadifageenyaan ilaalaniif isaan gargaara. Gadifageenyaan dubbisuun gosoota tarsiimoolee dubbisuu keesaa qayyabannaaf baayyee barbaachisaafi murteessaa ta'eedha.

Walumaagalatti, barattoonni kitaaba barnootaa yookiin barruu tokko irratti xiyyeeffannoo kennuudhaan gadifageenyaan dubbisuudhaan yaada barreeffamichaa yoommuu dubbisan suuta jedhanii dubbisuun ergaa isaa hubachuuf ofqophesuu akka qaban hubachuun nidanda'ama. Gamabiraatiin barsiisonnis ta'an barattoonni tarsiimoowwan dubbisuu kanneen irratti xiyyeeffachuun hubannaa dubbisuu barattootaa akka fooyya'u gochuu irratti hojjechuu qabu.

**2.6. Adeemsota Hubannaa Dubbisuu Daree Keessatti Ittiin Barsiifamu**

Adeemsa baruu barsiisuu daree barnoota afaanii keessatti akkaataa hubannaa dubbisuu ittin barsiifnu keessaa dalagaalee hubannaa dubbisuu sadan armaan gadii ittifayyadamuun keenya

waan hinoolledha.Dalagaaleen hubannaa dubbisuu sadeen kunniinis dalagaalee dubbisuun duraa,,yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa jedhamuun qoodamu. Dalagaaleen hubannaa dubbisuu kanneen yeroo mara adeemsa baruu barsiisuu daree barnoota afaanii keessatti sirnaan hojirra oolu.

### 2.6.1. Dalagaa Dubbisuun Duraa

Daree barnootaa keessattis ta'e jireenya keenya guutuu keessatti kan dubbisnu dubbisuuf qofa jennee miti.kan dubbisnus dubbisuu yoo barbaannedha. Fedhiin dubbisuu kan maddu immoo sababa tokko irraati.Barruu tokko kan dubbifnu, wanta dubbifnu keessaa kan barbaannu wanta haaraa, kan ifa goonu,kan ibsinu yookiin wanti mirkaneessinu yoo jiraateedha.Fakkeenyaaf bashannanaaf jennes seenaawwan garagaraa ni dubbifna ta'a. Yeroo baayyee dubbisuun kan jalqabu sammuu duwwaa miti.Dhimma dubbisnu tokko irratti wanta yookiin yaada murtawaa yookiin gaaffilee niqabaanna ta'a.Yeroo tokko tokko immoo yaada dubbisnu ilaalchisee maladhahinsota qabaannee dubbisuu jalqabna. Maladhahinsotni, tilmaamawwanfi gosoota gaaffilee akkanaa kunneen dubbisuu keenyaaf sababa ni uumu.Sababni immoo madda fedhiiti.

Maladhahinsotaafi tilmaamota mirkaneeffachuuf gaaffilee sammuu keenya keessa naanna'an deebisuudhaaf jecha waan tattaafannuuf xiyyeeffannoon keenyas wanta dubbisnu sanarra ta'a jechuudha. Gara daree barnootaatti yommuu deebinuus yeroo baayyee barattonni kan dubbisan sababa yookkin fedhii qabaatanii miti.Barattoonni kan dubbisan barsiisotaan waan ajajamaniif yookiin kitaaba barnoota isaanii irratti waan argamuuf qofadha.Kun immoo dubbisuuf sababa gahaa waan hintaaneef fedhii dubbisuu irratti uumubaayyee gadaanaadha.

Barattoonni maalummaa barruu dubbisan irratti dursanii wanti beekan hinjiru Barruu sana keesaa maal akka barbaadan hinbeekan. Waa'ee barruu dubbisan irratti eeruu barbaachisaan waan isaanii hinkennamneef yeroo dubbisan gaaffilee deebisuu qaban dursanii of hingaafatan. Haalli kun immoo maalirratti akka xiyyeeffachuu qaban akka hinbeekne isaan godha. Barbaachisummaa shaakala dubbisa duraas kanuma.Barattoota barruu dubbisaniif eeruu kennuu; eeruun kunis barattoonni dhimmicha irratti gaaffilee tokko tokko akka gaafataniifi maladhahinsota akka kaawan waantaasisuuf yeroo dubbisanis maal irratti xiyyeeffachuu akka qaban akka beekan isaan gargaara.

Barattonni waadubbisuuf sababaafi fedhii akka qabaatan dalagaaleen isaan gargaaran gochaalee dalagaa dubbisa duraa jedhamu.Dalagaawwan dubbisa duraa caalmaatti beekaman sadidha.Isaanis jechoota haaraa dhiyeessuu,baruu beeksisuufi gaaffilee ijoo ta’an dhiyeessuu faadha.Kanneenis akka armaan gaditti ibsamu.

**a.Jechoota haaraa dhiyeessuu**

Faaidaa dubbisuu keessaa inni tokko barattoonni hiika jechoota haaraa ta’an galumsa isaanii irraa akka huatan  dandeessisuu isaati.Kana waanta’eefis barsiisonni hiika jechootaa galumsa isanii irraa akka hubatan barattota isaanii shakalsiisutu irraa eegama.Barruu dhiyaateef dubbisuu isaaniitiin dursee jechoota haaraa barattoota isaaniitiif dhiyeessuun yommuu dubbisan jechoota irratti akka xiyyeeffatan waangodhuuf hiika jechootaa galumsa irraa salphaatti akka hubatan dandeessisa.

**b.Barruu beeksisuu**

Barattoonni barruu dhiyaateef osoo dubbisutti hinseeniin dura baruu sana beeksisuun adeemsa dubbisuu isaanii qajeelaa isaaniif taasisa.Fedhii dubbisuu isaanis nidabala. Waa’ee barruu dubbisuuf deeman sanarratti eeruun isaaniif kennamu dubbisa isaanii irraa wanta eegatan akka tilmaaman, maladhahaniifi akka ofgaafatan godha.

**c.Gaaffilee ijoo gaafachuu**

Barattoonni barruu dhiyaateef dubbisuu isaaniitiin dura gaaffilee ijoo tokko yookiin lama kennuun waa’ee barruu dubbisan sanarratti akka yaadan godha. Gaaffiwwan dubbisichaa booda barreeffaman yookiin afaaniin deebi’an waan ta’eef  dubbisaaf sababa ta’u.Dabalataanis barattoonni yaada ijoo barruu irratti akka xiyyeeffatan isaan gargaaru. Gaaffileen ijoo bu’uuraa faayidaa barbaadamu argamsiisuu akka danda’aniif ergaa ijoo yookiin yaada dimshaashaa irratti xyyeeffachutu isaanirra jiraata.

Walumaagalaatti gosti dalagaa dubbisuun duraa kun gocha barattoonni hojii dubbisuu eegaluu isaaniitiin dura barsiisota isaaniitiin qajeelfamaa daree barnoota afaanii keessatti raawwataniidha.Jecha biraatiin dalagaan dubbiisuun dura barreeffamni dubbifa muuf dhiyaate sana osoo hindubbisiin dura gocha raawwatamuu qabu yoo ta’u,kunis dubbisa

dhiyaate tokko dubbisanii hubachuu keessatti gahee guddaa qaba. Dalagaa dubbisuu kana jalatti barattoonni dubbisa dhiyaateef dubbisuun kan itttin qophaa'an yoo ta'u,barsiisonni immoo kaayyoo baratttoonni barruu dubbisan sana beeksiisuu, sissi'essuu,mataduree dubbisichaan walbarsiisuu ta'ee barattoonni immoo maalfaa dubbisuuf akka kaka'an tilmaamuuf gochuufi shaakalliiwwan gilgaalota dubbisa duraa jiran irratti shaakalsiisuufaatu sadarkaa kanatti raawwatama.

**2.6.2. Dalagaa Yeroo Dubbisuu**

Gosti dalagaa kun yeroo dubbisni dubbifamaa jiruutti wanta raawwatamuu qabu kan agarsiisuudha. Barattoonni yeroo kanatti yookiin immoo dalagaa yeroo dubbisuu keessatti tilmaama isaanii kan dalagaa dubbisuun duraa keessatti taasisan sana sirri ta'uufi sirrii ta'uu dhiisuu isaanii mirkaneeffachaa adeemu.Yeroo kanatti barattoonni kan isaan raawwachuu qaban galumsa irratti hundaa'uun hiika galumsaa tilmaamuu,himoota dubbisicha keessa jiran qaacceessaa deemuu,caasaa dubbisichaa sakkatta'aa deemuu,odeeffannoo waligalaafi odeeffaannoo murtaa'aa ta'e adda baafachaa dubbisu. Tilmaama dubbisa duraa mirkaneeffachaa adeemuun dubbistoota yookiin barattoota irraa eegama.

**2.6.3. Dalagaa Dubbisuun Boodaa**

Dalagaan dubbisuun boodaa kan jalatti erga barattoonni hojii dubbisuu raawwatan booda gochaalee raawwataman hunda kan of jalatti hammatudha. Dalagaa dubbisuu kana keessatti yaada waligalaa dubbisa sanaa guutumaa guutuutti bira gahuu isaa yookiin kan hafe jiraachuu isaa bakka itti madaalamuudha. Fakkeenyaaf dalagaalee sadarkaa dubbisuu kana jalatti raawwataman, muuxxanoo dubbisa sanarraa argatan gadifageenyaan yaaduu, mataduree dubbisansanaafi beekumsa duubee isaan qaban waliin walitti fiduudhaan wanta isaan hubatanitti gargaaramuun gaaffilee dubbisa keessaa bahaniif deebii kennuu, yaadawwan ijoo dubbisanii argatan hiriyoota isaanii waliin irratti mari'achuufi yaada dubbisichaa jecha mataa isaaniitin gabaabsanii akka barreessan gochuufi kan kana fakkaatantu dalagama.Yaaaduma kana ilaalchisee Tolamaariyaam(2012:108) barruu isaa keessatti akka armaan gaditti ibsee jira.

*Dubbisa booda barattoonni gaaffilee gaaffataman afaaniin yookiin barreeffamaan deebisuu danda'u. Xiyyeeffannoonis qabiyyee dubbisichaa irratti. Gaaffilee dubbisa boodaas kallatiin kan dubbisa keessaa argamu yookiin kan xiinxalanii deebisan ta'uu danda'a.Walummagalattii, gaaffilee dubbisa boodaa akaakuu afur qabu. Isaanis achuma jira(right there), fi qo'adhu(find and search) gaaffilee kallattumaan dubbisa keessaa argaman. Gaaffileen anaafi barruu(Tex tand me) kan jedhu xiinxalaan deebi'uu yoo ta'u, mataa ofiitiin (on my own) kan jedhu immoo barattoonni dubbisa muuxannoo isaanii waliin akka waalqabsiisan taasisa.Barattoonni akaakuwwan gaaffilee kanneen hundatti fayyadamuu qabu. Barsiisonni immoo karaa qabsiisu,waliin hojjechuufi of dandeessisuu qabu.*

a) *'Achuma jira' kan jedhuuf deebiin hima tokko keessa argama. namaKeesumaa gaaffileen eenyu, eenyuun,maaliin,maaliif,yoom,eessa gaafatan akaakuu 'achuma jiraati.'*
b) *Qo'adhu' kan jedhu deebiin isaa hima tokko caalaa dubbisuu gaafata. Sababni isaas deebiin gaaffii akkasii baruu sana sirritti dubbisuu gaafata. Irra fiiganii ilaaluun waan deebiin isaa argamu miti.*
c) *Akaakuu gaaffii 'anaafii barruu' jedhuuf deebiin argamu barruu sirritti dubbisuutiin hindhumatu. Sirritti dubbisuu irratti dabalataan muuxannoo ofii gaafata. Kana waan ta'eefis hubannoonfi muuxannoo yookiin beekumsa duraan qaban waliin qindeessanii deebisu gaafata.*
d) *d)'Mataa ofiitiin' kan jedhuufi ammoo deebiin hima tokko keessaas, baruu keessaas hinargamu. Deebiin kan argamu sammuu nama dubbise keessaa qofa.Kana jechuunis deebiin xiinxala gaafata jechuudha.*

Akka yaada kanarraa hubatamutti barsiisonni qabxiilee armaan olirratti xiyyeeffachuudhaan dursanii barattoota isaanii sirritti barsiisuu akka qaban dhimma murteesaa ta'uu isaaa qoratichi kan itti amanuudha.Barattoonnis qabxiilee olitti eeraman haala gaariitiin hubatanii barruu dhiyaateef sirnaan erga dubbisaniin booda dalagaalee dubbisuun boodaa jalatti dhiyaatan hojjechuudhaan deebii isaanii kallatti adda addaatiin barbaadanii akka argachuu danda'an ta'ee hubannoo dubbisuu isaanis cimsachuun dubbisaa gaariifi milkaa'uu akka dnda'an isaan gargaara.Walumaagalatti,daree barnootaa keessatti hubannaaf dubbisuun

yommuu barsiiffamu dalagaa dubbissun boodaa kana sirnaan hojjirra oolchuun itti gargaaramuun barbaachisaadha.

## 2.7. Wantoota Hubannaa Dubbisuu Barattootaa Irratti Dhiibbaa Geessisan

Jireenya keenya guutuu keessatti ogummaan dubbisuu dandeettii hangafaafi bu'uura ta'eedha jechuun nidanda'ama. Galmi dubbisuu inni guddaan barruu yookiin barreeffama dubbisne irraa hubachuudha. Barruu barattoonni dubbisan sana hinhubatan taanaan immoo kaayyoon dubbisuu barattootaa milkaa'uu hindanda'u. Haata'umalee, barruu dubbisanii hubachuu irratti barattoonni hanqina kan qaban ta'uu isaa adeemsa baruu_barsiisuu daree keessatti godhamurraa hubachuun danda'ameera. Bu'uuruma kanaan qoratichi mataduree "Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Duubbisuu Barsiisuuf qabu" jedhuun ka'umsa godhachuudhaan tari gosa barruu dubbisaaf dhiyaaturraa ka'eetu hanqinni hubannaa duubbisuu barattootaa uumuu danda'a yaada jedhu shakkee jira.Kanumaan walqabatee mataduree kana jalatti wantoota biroo hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhibbaa fiduu danda'an irratti xiyyeeffachuudhaan gadifageenyaan ilaaluuf yaalameera. Haaluma kanaan barattoonni Afaan Oromooakka afaan tokkoffaatti baratan yommuu dubbisa tokko dubbisanii akka isaan hin hubanneef wantoonni godhan heduutu jiru.Wanttoonni hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'u jedhamanii yaadaman keessaa kanneen akka barattoota mataa isaanii, barsiisotaa gosa barruu dubbifamufi kan kana fakkaatan eeruun nidanda'ama.

### 2.7.1. Wantoota Barattoota Waliin Walqabatan

Barataadhaa barataatti adda addummaa haaqabaatuyyuu malee wanttoonni hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisan hedduutu jiru.Haluma kanaan mana barumsaattis ta'e mana barumsaatiin alatti dhimmoonni hanqina hubannaa dubbisuu barattootaaf sababa ta'an keessaa tokko hanqina dandeetti waan dubbisan irraa hiika argachuu warren ga'umsa hinqabaanneetu rakkoo dubbisanii hubachuun caalmaatti isaan qunnama. Bruck(1990). Barattoonni sirnaan dubbisuu hindandeenyefi jechoota harcaasaa dubbisan hubanaa dubbisuurratti hanqina guddaa warreen qabaniidha jechuu dandeenya.Mana Barumsaa Sadarkaa 2$^{ffaa}$ Laga Xaafoottis adeemsa baruu barsiisuu keessatti rakkoon walfakkaataa akkasii irra dedeebiin kan mul'atu ta'uu isaa qoratichi adda baafachuu

danda'eera. Gamabiraatiin dhimma armaan olii ilaalchisuun Tolamaariyaam(2012:93) yoo ibsu,

> *Namni dubbisu tokko hubannaa dhamsagaafi hubannaa qub-dhamsagaa qabaachuu qaba. Akkasumas ga'umsaan dubbisuu jechuun si'ayina, sirrummaafi ibsa qabaachuu qaba. Kana malees, beekumsa jechootaatiin sooromuu barbaachisa. Waan dubbifamu irrattis odeeffannoo duubee qabaachuu, hiika kallattifi alkallatti beekuu, kaka'umsa qabaachuufi ofkennuun barbaachisaadha*.

Akka waliigalaatti hubannaa dubbisuu barattootaa wantoota gargaraatiin dhiibbaan irra gahuu danda'a. Fakkeenyaaf amala dubisuu badaa qabaachuu, muuxannoo dubbisuu gahaa ta'e qabaachuu dhabuu, tooftaawwan hubannaa dubbisuu adda baafachuun beekuu dhabuu, kaayyoo dubbisuu isaanitiif xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, hiika jechootaa irratti beekumsa duubee gahaa dhabuu,haala saffisa dubbisuu ofii sirnaan ittifayyadamuu dhabuu, barreeffamoonni gosa adda addaa muuxannoo hubannaa dubbisuu garagaraa kan barbaadan ta'uu isaa hubachuu dhabuu,yommuu dubbisaan sagaleefi jechoota kukkutaa dubbisu, hidhii sochoosaa duuubbisuun saffisa dubbisuu isaanirratti kan dhiibbaa fidu ta'uu isaa beekuu dhabuufi toora barreeffamaa qubaan agarsiisaa dubbisuufi haalaafi yeroo ittidubbisan haala mijeeffachuu dhabuufi dhimmoota biroo akka fakkeenyaatti fudhachuu nidanda'ama.

Barattoonni yeroo baay'ee barruu dubbisan irraa dhaamsa argatanii yaada barruu keessaa hiikkatanii hubachuurratti nirakkatu. Barattoonni baay'een sababa hanqina hubannaa dubbisuu qaban irraan kan ka'e barruu dubbisan sanarraa dhaamsa argachuuf kan rakkatan ta'uu isaati. Akka qorattoonni adda addaa ibsanitti, dubbisttoonni ergaa barreeffama tokko argachuu isaaniitiin dura dandeettii dubbisuu isaanii fooyyeeffachuuf carraaquu qabu.Gamabiraatiin barattoonni sadarkaa tokkoffaafi giddu-galeessatti dandeettii beekumsa hiika jechootaa irratti qaban haalaan fooyyeeffachaa gara sadarkaa itti aanutti ce'uu qabu. Kana ta'uu baannaan jechoonni isaan hinbeekne barreeffamicha keessatti kan isaan qunnaman yoo ta'e dubbisanii hiikkachuu irraatti nirakkatu. Walumaagalatti, barattoonni fedhii, muuxannoo, kaka'umsa, tooftaafi kaayyoo dubbisuu akkasumas ilaalchi isaan dubbisuuf qaban yoo fooyya'aa hindeemiin dandeettiin hubannaa dubbisuu isaanii gaaffii

keessa gala. Kanaan walqabates dandeettiin barruu dubbisanii hubachuurratti dhiibbaan isaanirra gahuu danda'a jechuudha.

### 2.7.2. Wantoota Barsiisota Waliin Walqabatan

Wantoota barsiisota waliin walqabatanii hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa fidan ilaalchisee irri caalaan isaa dhimma ogumma barsiisummaa waliinwalqabateedhufudha.

Barsiisonni adeemsa baruu_barsiisuu daree barnootaa gaggeeffamu keessatti hubannaa dubbisuu barattootaa daran akka cimu gochuu keessatti qodni qaban guddaadha.Fakkeenyaaf Grabe(1991) yaada kana yommuu cimsu akkas jedha.Barsiisonni galmi hubannaa dubbisuu barattoota isaanii akka milkaa'u gochuu irratti karoorfatanii xiyyeeffannoon irratti hinhojjetan taanaan barattoonni isaanii rakkoo hubannaa dubbisuu isaanii hiikkachuu yookiin fooyyeeffachuu hindanda'an.Gambiraatiin barsiisonni yommuu hubannaa dubbisuu barsiifnu shaakalliwwan mijaa'oo ta'an qopheessuudhaan ittigargaaramuu qabna.

Akka Williams (1984) jedhuttis, barsiisonni shaakalliwwan hubannaa dubbisuuf ta'an filatanii qopheessuurratti hanqina kan qaban yoo ta'es hanqinni barattoonni dubbisanii hubachuu irratti qaban fooyyee hinagarsiisu jechuun nidanda'ama.Haata'umalee,barsiisonni shaakalliwwan hubannaa dubbisuu keessatti hammatamuu qabanifi wantoota kanneen akka dhiibbaawwan dubbistootaa hir'isuu, barruu hiika qabeessa ta'e irratti hojjechuu dandeenyaan barattoota keenya salphaatti barsiisudhaan dubbistoota gaarii akka ta'an gargaaruu danda'u. Ittidabaluudhaan Miller(2002) yoo ibsu,beekumsa duubee qabaachuun barruu dubbisan irraa hiika argachuuf wanta baay'ee barbaachisaa ta'edha.

Haaluma kanaan barsiisonni dalagaa dubbisuutiin duraa keessatti beekumsa duubee baratаa gargaaramuun barattoonni isaanii fedhiifi kaka'umsa akka qabaatan gargaaruu qabu. Karaabiraatiin barsiisoonni barattoonni isaanii ittiin ijaarrachuu danda'an keessaa sammuutti fakkii uummachuu yookiin akkaataa wantoota qindeeffatanii yaadrimeewwan haaraa muuxannoo kana dura qaan waliin walqabsiisanii akka hubataniis gargaaruun akka isaanirra jiraatu hubatamuu qaba.

### 2.7.3. Wantoota Gosa Barruu Dubbifamu Waliin Walqabatan

Barreeffama yookiin barruuhubannaa dubbisuu barsiisuu ilaalchisee barattoonni dubbisa tokko sirnaan dubbisanii akka hinhubanne wantoota godhan keessaa inni tokko gosa barruu dubbifamuti.Dhimma kanaan walqabatee Nuttal (1982) yoo ibsitu, barruun tokko dubbistoota hedduutiif haalawwan ulfaataa taasisan keessaa kanneen sadan armaan gadiiti. Isaanis

- Yoo dubbisaan sirna barruun sun ittiin barreffame hinbeeku ta'e barruun inni dubbisu sun itti cimuu danda'a.
- Hangi beekumsa duubee dubbisaan qabu barruu dubbisuu sana waliin walitti dhufeenya hinqabu ta'es barruun sun kan itti cimuu ta'a.
- Yaadrimeen barruu sanarraa argamus walxaxaa ta'uun isaas hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa fiduu danda'a.

Gamabiraatiin Wallase (1992) yaada olii kana yoo cimsu, barruun barattoonni dubbisa sana dubbisan ogummaa adda addaa akka shaakalan hingargaarre, barruu hubannaa dubbisuu barattootaa irraatti dhiibbaa uumuu danda'uudha.Ittidabaluudhaan,Harmer(2001) jedhutti, wantoota hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa fidan keessaa inni tokko jechoota barruu sana keessatti argamaniidha. Kunis dubbisa keessatti jechoonni argaman jechoota dhedheeroo yoo ta'an hubannaa dubbisuu irratti dhiibbaa fidu. Haaluma walfakkaatuun Nuttall (1982) yaada armaan olii deegaru yoo cimsitu jechoota heddee, jechamoota, bakka buusa, habalaka jechoota ogummaafi kan kana fakkaatan iftoomina dhabuubarruu irratti dhiibaa uumuu danda'u.Akka Nuttall(1996) fi Harmer(2001) jedhanitti, himootni dhedheeroon hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhibbaa uumuu akka danda'an nihubatama.

Kana malees jechoonni barruu sana keessatti argaman hagamillee salphaatti kan hubataman ta'an himoonni dhedheeroofi walxaxaadha jedhaman dandeettii hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibaa mataa isaanii qabu.Ittii dabaluudhaan Alderson(2000) yaada kana yoo cimsu barruu mataduree dubbisaan hinbeekne yookiin haaraa itti ta'e mataa isaatiiin hubannaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa fiduu danda'a.Yaadolee armaan olii caalaatti

kan cimsu Tolamaariyaam(2012:92) baruu isaa keessatti waa'ee barruu dubbifamu ilaalchisee akka armaan gaditti ibsee jira.

> *Afaan barruun sun ittidhiyaatu looga adda addaa kan qabaatu yoo ta'eefi barruunsun yoo hinwaaltofneen barreeffameera yoo ta'e namoonni looga sana sirritti hinbeekne dubbisanii hubachuuf nirakkatu. Kanamalees,sirni barreessuu barruu waliinhidhata waan qabaatuuf hubannoo irratti dhiibbaa geessisa; kana jechunis sirnibarreessuu iftoomina qaba yoo ta'e dubbisuun nisalphata.Yoo iftoomina hinqabaanneimmoo dubbisanii yaada argachuun niulfaata. Gamabiraatiin barruun caasaagaarii hinqabu yoo ta'e, akkasumas jechoota haaraa hedduu ofkeessaa yoo qabaate,kana malees,waraqaa xiqqoo irratti yoo maxxanfame dabalataanis foontiin qubeenitti maxxanfame yoo hinmijanne, sararri barreeffamaa garmalee walitti siqeera yoo ta'e ,qabiyyeen barruu dubbisaaf kan gitu miti yoo ta'e,dubbisaan hasbarruu hinbeeku yoo ta'eefi barruun sun qulqullina hinqabu yoo ta'e hubannoo irratti dhiibbaa fida*.

Walumaagalatti, dubbisa yookiin barruu sirrii ta'e daree barnootaa keessatti hubannoof dubbisuu barsiisuufis ta'e barachuuf barsiisotaafis ta'e barattootaaf xiyyeeffannoo kennuun baay'ee barbaachisaadha.Kanaafuu,yammuu barruu hubannaa dubbisuu barsiisnus ta'e barannu qabxiilee armaan olitti haayyota garagaraatiin eeramaniifi kanneen biroos dabalatee xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan haalli barruu hubannaa dubbisuu barsiisuuf dhimmota kanneen akka fedhii, gahumsa, sadarkaa barnootaafi dandeettii barattootaa waliin walqabatan yaada keessa galchuun barbaachisaadha.

### 2.8. Maalummaa Afoolaafi Gosota Isaa

#### 2.8.1. Maalummaa Afoolaa

Afoolli damee og-barruu afaanii ta'ee himamsa afaaniin dhalootaa dhalotatti darbaa dhufeedha. Kan darbaa jiruudhas. Fedhasaa( 2017: 35) maalummaa afoolaa yoo ibsu, "Afoolli aadaafi eenyummaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu ta'ee seenaafi muudannoo sabni sun dabarse mul'isuu danda'a. Kun immoo, afoolli riqicha seenaa dhaloota itti aanuuf dabarsuudha." jedha. Itti dabaluudhaan Abarraan( 2010:55) maalummaa afoolaa akka armaan gaditti ibsee jira. "Afoolli gosa og-barruu ta'ee kan sabni tokko eenyummaa, amanti, haala jiruufi jireenya isaa, heeraafi seera isaa, falaasamaafi hooda isaa,walumaagalatti, ilaalcha addunyaa kanaaf qabu barreeffamaan osoo hinta'iin afaaniin labata iitti aanuuf ittiin

dabarfatuudha.” Afoolli daawwitee jireenyaa dhala namaati. Jiruufi jireenya isaa ittiin calaqqisiisa. keessattis ittiin of ilaala jecuun kaa’uunis nidanda’ama. Yaada kanarraa wanti hubacuun danda’amu ,afoolli hawaasa keessatti gahee adda addaa kan  qabu ta’uu isaati. Namoonni gareen ykn dhuunfaan ta’uun afoolaan haala keessa jiran hubachuun walqeequun kan darbe ittiin yaadatu, kan amma irra jiran ittiinhubatu, kan gara fuulduraatti dhufu ittiin akeeku, haala uummata naannoo ittiin xiinxalu,madda dhaloota isaanii ittiin ibsatu,ciminaafi dadhabbina isaaniis ittiin xiinxalu.

Walumaagalatti, maalummaa afoolaa ilaalchisee yaada armaan olii irraa kan hubachuun danda’amu,hayyoonni xiinqooqa kan biyya alaas ta’e kan biyya keessaa yaanni waligalchuu danda’u keessaa tokko afoolli dhalootaa dhalootatti himamsa afaaniin daddarbuu danda’uu isaati.Kana jechuun sirnaan qindaa’ee  bifa barreeffamaan galmaa’ee dhalootaaf dabarfamuu hin danda’u jechuu miti. Inumaayyuu dhaloonni harcaatii tokko malee gutummaatti sirnaan dhaaluu akka danda’u bifa barreeffamaan katabamee yoo taa’e filatamaadha. Sababni isaas kan abbaan kaa’e darbe ilmaatu dhaala waan ta’efidha.

### 2.8.2. Gosoota Afoolaa

Oromoon gosoota afoolaa hedduu qaba.Gosoonni afoolaa Oromoon qabu kunninis galaan waraabamee hindhumneedha jecuun nidanda’ama. Afoolli akaakuuwwan kanneen akka hiibboo, maammaaksa,jechama, ciigoo, maalleen dubbii, geerarsa, sirba, faaruu, af-walaloo, tapha ijoollee,durdurii, af-seenafi kanneen biroo ofkeessatti hammata. Akaakuuwwan afoolaa kanneenis bifa lamaan qoodamanii dhiyaatu. Bifa walaloofi hololootin ykn seeneessuutin kan dhiyaatan ta’uu isaanii hubanna. Kanneen bifa walalootiin dhiyaatan keessaa kan akka faaruu, sirba, geerarsa jechama, ciigoofi kkf maqaa dhahuun nidanda’ama. Kan bifa hololoo yookiin seeneessuutiin dhiyaatan immoo raagoo, af-seena, durduriifi  kkf eeruun nidanda’ama.

Akka Fedhasaan (2017:39), Okpewho (1992:127-150) wabeeffachuun ibseetti,“Afoola Afriikaa qorachuun qoqqoodeetti, afoolli damee gurguddoo sadi qaba. Isaanis seeneeffamoota afoolaa, af-walaloo fi qareeyyii dha,” jedha. Kanneen sadan keessaa kan qorannoo yaalii kana waliin walqabatu seeneeffamoota afoolaa kanneen keessaa qoratichi durduriitti dhimma ba’ee jira.

### 2.8.3. Yaad-rimee Durdurii

Durduriin Oromoo akaakuu afoolaa jalatti kan hammatamu ta'ee bifa hololoo yookiin seeneessuutiin kan dhiyaatuudha. Durduriin hambaalee seenaa uummata Oromoo heedduu keessaa isa tokkodha. Uummanni  Oromoo durdurii isaa bara dheeraaf kuufatee harkaa qabu kanatti gargaaramee aadaa, duudhaa, jaalala, tokkummaa, cimina, waltumsuu, waldeeggaruu, waliiyaaduu, milkaa'ina isaa, hinjifachuu, mirgaan galuu, iccitii eeguu, waadaa galuu, amanamummaa, abshaalummaa, walumaagalatti jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaafi kaayyoo tokkoof  waliin dhaabbachuu akka qabu uummata isaa barsiisa.Kaayyoo guddaan durdurii bashannansiisuu ta'ee adeemsa kan keessa dhaamsa biroos dabarfachuun baramaadha.Yaada kana Misgaanuun(2013:5) Dorson(1972:53)wabeeffachuun*"…folktales are told primarily for entertainment although they may have secondary purposes,"* jedhee ibsa.Akka yaada kana irraa hubatamutti durduriin osuma nama bashannansiisuu barnoota biroos irraa argatu; gorsas namaaf laata. Gorsa sana keessatti immoo ergaan barbaadamees nidarba. Fakkeenyaaf, ijoollee afaan barsiisuu, waljaalachuu, walkabajuu, gootummaan diinarra akka oolan gorsuu, hojidhaaf kakaasuufi kkf ta'uu danda'a.Kanamalees, durduriin dargaggootaaf beekumsa gaarii kennaaf.Kunis hangafa isaanii akka kabajaniifi jijjiirama amalaa akka fidan ittiin gorsuuf durduriin mala gaariidha jedhameetu fudhatama.

Durduriin bifa hololoo ykn seeneessuutiin kan dhiyaatu gosa afoolaa jalatti ramadamuudha. Durduriin seeneeffamuu erga eegale barri isaa hinbeekkamu. Akka Zarihuun(1992:28) eerutti "**ተረት መተረት ከተጀመረ ዘመን የለውም፡፡ ተረት የማውራት ውስጣዊ ስሜትና ተረት የማዳመጥ ፍላጎት ትረካን በስልጣኔ ታሪክ ውስጥ የሰው ልጅ የተፈጥሮ እኩያ እንዲሆን አድርገውታል፡፡ ተረት መተረት የሰው ልጅ በቡድን መኖር ከጀመረበት ጊዜ ጀምሮ ነበረ የሚባለውም ይህንኑ መሰረት በማድረግ ነው፡፡**"Jedha.

Gama biraatiin, qorannoo seeneffamoota afoolaa ilaalchisee akka Fedhasaan (2017:40) Dorson (1972) wabeeffachuun ibsuutti, "Yeroo jalqabaaf hayyoonni qorannoo seeneeffamoota afoolaa(durdurii, raagoo, af-seenaafi kkf) eegalan 'Jacob' fi 'Wilhelm' kan jedhaman lammiilee Jarman turan jedha.Jalqaba oduu durii walitti qabanii hidhaa lama maxxansiisan. Kunis hayyoota saayinsii hawaasaa daran hawwate.Qorannoo fookilooriifis bu'uura buuseera.

Bifuma walfakkaataa ta’een Oring(1986) dameewwan seeneeffama afoolaa armaan olitti ibsaman erga tarreesse booda hayyoonni fookilooriiwwanii raagamtaa, af-seenaafi durdurii angafoota ta’uu isaanii ni ibsa.Seeneeffamoota kanneen olitti ibsaman kan qorachuu eegalan hayyootuma lammii Jarman ta’an lameen maqaan isaanii armaan olitti eerame ta’uu isaanii dabalee ibsee jira. Obbolaawwan lameen kunniin walakkeessa jaarraa 19ffaa isa jalqabaarratti hojii raagoowwan irratti dhiyeessaniin durduriiwwan Kiinduriifi Hawusmaarchan mata-duree jedhuun (1812-1814) af-seenawwan duusichee saajan mata-duree jedhuun (1810-1818) akkasumas raagamtoota Deutshe Mythogie mata-duree jedhuun(1835) adda baasanii maxxansiisuu isaanii Paatrishiyaa Kiriik Paatrik ( 1988: 76) ni ibsa.Haaluma kanaanis amala qabiyyee, ergaa dabarsaniinfi unka isaan qaban irraa ka’uudhaan hayyoonni garagaraa gosoota seeneeffamootaa karaa adda ddaatiin akka isaan ramadan ibsa armaan oliitti kenname irraa hubachuun danda’ameera.

Durdurii ramaddii raagoo keessatti argannuus afaanoota garagaraa keessatti moggaasa adda addaatiin beekama. Fakkeenyaaf Afaan Ingiliziitiin (folk tale), Afaan Faransaayiitiin (conte populaire), Afaan Raashiyaatiin(shazki) jedhamuun beekama.Hawaasni garagaraa biyya keenya keessatti argaman gosa raagoo durdurii jedhamu kana afaan isaaniitin moggaasa garagaraatiin ni waamu. Fakkeenyaaf Afaan Oromootiin durdurii, Afaan Walaayittaatiin ‘Hayisiyaa’,Afaan Gaamootiin ‘Hayise’ akkasumas Afaan Koonsootiin immoo ‘Tooraa’ jedhamuun beekama. Haata’u malee, biyyoota garagaraa keessatti akkuma moogaasni gargar ta’ee gama yaad-rimee isaatiinis garaagarummaan akka mul’atu hayyoonni dhimma kanarratti qorannoo gaggeessan ni addeessu.

Akkaataan qoqqooddii ykn ramadiin durdurii ogeeyyiin garagaraa damee kanaratti qorannoo gaggeessan biratii bifa walfakkaataa ta’een kaa’uun rakkisaa ykn ulfaataa ta’eetu mul’ata. Hundi isaaniituu muuxannoofi hubannoo qaban irratti hundaa’uun qofa waa jedhu. Fakkeenyaaf, Salamoon(2011:90) yaada kana barruu isaa keessatti yoo mirkaneessu akkas jedha. *“የተረት ምደባን አስመልክቶ አንድ ወጥ እና ሁሉንም የሚያስማማ አመዳደብ የለም”*.Ittii dabaluudhaan Salamoon(2011) yoo ibsu, ogeeyyiin og-barruu, mishinaroonni abbootiin siyaasaa qorattoonni seenaa, qorattoonni amantaa , hayyoonni falaasamaafi kkf kitaabilee adda addaa yeroo barreessanitti dhaamsa seenaa barreessan sana cimsuuf kan oolu

durduriiwwan adda addaa fayyadamaniiru. Qaamoleen kunninis durduriiwwan akka seenaa dhugaatti itti gargaaramaa turuu isaanii ogeeyyiin damee kanaa dhimma irratti waliigalan ta'uu isaa hubachuun dana'ameera.

Bifuma walfakkaatuun Salamoon(2011) barruu isaa keessatti akka eeruutti,durduriin of danda'ee walitti qabamuu erga jalqabe waggoota hedduu kan lakkoofsise ta'uu isaa kufama durduriiwwan biyyoota adda addaa keessatti walitti qabaman agarsiiftudha jechuun nidanda'ama. Fakkeenya Dhaloota Kiristoosiin Dura bara 1210 biyya Misraa keessatti barreeffamee kan argame "Obbolaa lamaan"Dh.K.D kan barreeffame "Boqonnaalee shan" akkasumas jarraa 9ffaa keessatti kan barreeffame " Kun tokkofi tokko" agarsiiftuu durdurii Arabaati.Haata'u malee, durduriiwwan karaa ogumma qabuun walitti qabuudhaanyeroo jalqabaatiif kan beekaman obbolaawwan Grimiidha. Obbolaawwan Grimii durduriiwwan walitti qabanii maxxansiisuun isaanii qorannoon damee kanaa akka dagaagu shoora guddaa taphateera. Yeroo jalqabaatiif durduriiwwan walitti qabuun amalli isaan qaban qorachuudhaan indeeksii (index) kan qopheesse fookilooreessaa lammii Finlaandii kan ta'e nama maqaan isaa Anti Arin jedhamuudha. Arin durduriiwwan kaaba Awurooppaa 540 ta'an walitti qabuun mata-duree "Verzeichnis der Marchen typen" jedhuun bara 1910 maxxansiiseera. Arin durduriiwwan biyyoota kan akka Finlaand, Jarmaniifi Deeniimaark irraa walitti qabate namfakkiiwwaniifi dhaamsa isaan qaban irraa ka'uudhaan durdurii bineensotaa (animal tale), durdurii barsiifataa(ordinary tales) fi durduriiwwan bashannansiisaa jechuudhaan bakka saditti isaan qoodee jira.

Haaluma walfakkaatuun, hayyoonni garagaraa kanneen biroos bifuma walfakkaatuun sababootaafi ta'insoota mataa isaanirratti hundaa'uudhaan durduriiwwan gosa garagaraa bakka adda addaatti qoodanii qorachuuf yaalii garagaraa godhaniiru.Haata'u malee,akka waliigalaatti haala ramaddii ykn qoodii durdurii ilaalchisee bifa walfakkaataa ta'een namoota hunda kan waliigalchu akka hinjiraanne hubachuun nidanda'ama.Akka biyya keenyaattis hayyoonni Oromoo afoola walitti qabanii barreessuu irratti qooda fuudhatan hedduun nijiru. Mulugeetaa(2005:103) barruu isaa keessatti akka armaan gaditti ibsee jira.

*Jaarraa 19ffaa gara dhumaa keessa hayyuun yeroo jalqabaatiif akaakuuwwan afoola Oromoo toora tooraan walitti qabee kan maxxansiise Onosmoos Nasiib ta'uu isaa akka fakkeenyaatti eeree jira. Onosmoos Nasiib akka dhalataa Oromoo tokkotti afoola qorachuu irratti nama duraati Hojiiwwan isaa guddina og-barruu Oromootiif bu'aa guddaa akka guumaache nihubatama.*

Akka yaada kanarraa hubatamutti hayoonni Oromoo yeroo adda addaa keesatti bu'aa ba'ii jireenyaafi dhibbaa siyaasaa garagaraa dandamachuudhaan og-afaan Oromoo walitti qabuudhaan maxxansiisuudhaan dhaloota ammaatiifi kan garafuulduraatiif gumaachaniiru. Kanaafuu dhaloonni kun immoo waan barreeffamee kaawameef dubisuudhaan hubatee innis gahee mataa isaa bahachuudhaaf carraaquu qaba jedheen amana.

### 2.8.4. Gosoota Durdurii

Durduriin Oromoo gosa afoolaa bifa hololoo ykn seeneeffamaan dhiyaatuudha.Durduriin Oromoo kunis bakka gurguddoo afuritti qoodamu kan danda'aman yoo ta'an, isaanis durdurii bineensotaa, durdurii ibsaa, durdurii seeneessaafi durdurii gootummaati.

#### 2.8.4.1. Durdurii Bineensotaa

Akaakuun durdurii kanaa bineensotatti qabachuun yookiin da'achuun ergaa adda addaa ittiin dabarsuuf shoora guddaa taphatuudha. Durduriin bineensotaa kun hawaasni gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, shakkiifi amantaa, gaarummaa, ammeenyaafi kkf ilaalchisee fuulleetti waan dubbachuu hinbarbaanne horiifi bineensotatti qabachuun kan dubbatuudha. Durduriin gosa kanaa kun irra caalaatti haamilee namootaa kakaasuufi bashannansiisuuf tajaajila.Akka Salamoon(2011) jedhuutti, durduriiwwan gosa kanaa jalattii hammataman seenaa isaanii keessatti namfakkiiwwan bocamanii argaman bineensota warra ta'aniidha. Bineensonni kunniinis amala dhalli namaa qabu goonfatanii kan dhiyaataniidha. Durduriiwwan bineensotaa biyya keenya keessatti argaman keessatti bineensonni qooda fudhatanii arginu irra caalaatti bineensota bosonaa kanneen akka leencaa, qeerransa, waraabeessa,jaldeessa, qamalee, jeedala, bofa, yeeyyii, hantuuta, simbirootafi kkf yammuu ta'an; beelladoota manaa keessaa immoo kanneen akka sa'a, sangaa, hoolaa, re'ee, harree,adurree, sareefi kkf dha.

Bineensonni kunniin durduriiwwan hedduu keessatti amala walfakkaatu qabataniitu bocamu. Fakkeenyaaf, leencaafi qeerransi amala gootummaafi jabina goonfatanii bocamu. Waraabeessi irra caalaatti amala albaadheessummaa qabateetu yammuu bocamuu, jaldeessi,qamaleefi jeedalli immoo amala abshaalummaa, shiraafi sobdummaa qabataniitu bocamu. Amalli walfakkaachuu namfakkii gosa durdurii bineensotaa kun irra caalaatti biyyoota Ardii Afriikaa keessatti argaman keessatti amala durduriiwwan himaman ta'uu isaa Salamoon(2011:91) Finnegan (1990:342) wabeeffachuun ibsee jira. Ergaan durdurii sana keessatti namfakkii bineensotaa kanneeniin darbuu barbaadame waa'ee namummaa dhala namaati.Hawaasichi ergaa dhalootaaf dabarsuu barbaade karaa nama bashannansiisuufi qooddattoota bineensota sammuu namaa keessaa dagatamuu hindandeenye bu'uura godhachuudhaan ibsa.

### 2.8.4.2. Durdurii Ibsaa

Durduriin gosa kanaa kun ka'umsa aadaa, amantii, haala jireenya uummata tokkoofi kkf. ilaalchisee gaaffilee ka'aniif ibsuuf kan itti fayyadamuudha. Haata'u malee, ibsi eessaa dhuftee wantoota adda addaa ilaalchisee kennamu saayinsaawaa miti. Durduriiwwan akkasii hedduun kan jiran ta'uu raga baayyeen lafa kaa'a.

### 2.8.4.3. Durdurii Seeneessaa

Durduriin seeneessaa namootaafi gochoota beekkamoo ta'aniitti yoo raagu yknseeneessu mul'ata.Durduriin kun seenaa waan tokkorratti hundaa'ee kan seeneeffamuudha. Seenichi waa'ee mootii biyyaa, gootummaa dirree waraanaafi kkf ta'uu danda'a. Durdurriin kuns bifa lamaan raagamuu ykn seeneeffamuu danda'a: Meemoraateefi Faabulaatee jedhamu. Meemoraatee keessatti namichi raagu ykn seeneessu sun want aqooda fudhate yookiinijaan argesana seenessa. Faabulaatee keessatti immoo wanta yeroota'e dhageenyetokko akka asoosamaatti nama biraaf seeneessuudha. Kan seeneeffamu akka waan agarreetti osoo hinta'iin jeette, jetteen seeneeffama.Durduriin Oromoos baay'inaan kan seeneeffamu haala kanaani.

#### 2.8.4.4 . Durdurii Gootummaa

Gosti durdurii kun durdurii gootummaa ofkeessaa qaban irratti kan bu'uureeffatuudha. Kan raagu ykn seeneessus wanta dur ta'e sababii ta'eef,namni seeneessu sun gaaffii ragaarratti hundaa'e namni isa gaafatu hinjiru, yoo gaafatamllee wanti hundi dur hafe jechuun amansiisuuf yaala. Durduriin gootummaa, gochaalee tooftaan, ciminaan, gootummaan, waliigalteen akkasumas haalaan hojechuun bu'aa argamsiisanirraa akka muuxnnoo argannuuf tajaajila.

### 2.8.5. Adeemsa Seeneeffama Durdurii

Durduriin Oromoo akkaataa itti seeneeffamu adeemsaafi seera mataa isaa qaba. Adeemsa kana keessattis namni durdurii himu ykn seeneessu "oduu durii" jedhee yoo eegalu,warrii durdurii dhaggeeffachuuf qophaa'an immoo "gadi guuri" jedhu. Akkaataa kanaan inni durdurii himus, jechoota yookiin gaaleewwan dur…ture, dur, durdur, bara durii, jabana durii, bar- tokko, yeroo tokko, gaaf-tokkofi kkf. jedhamanitti gargaaramudhaan gara seeneessuutti seena. Yaaduma kana Zariihuun(1992) cimsuudhaan akkas jedha.Durduriin yammuu seeneeffamu, bara durii ykn guyyaa keessa gaaf-tokko bakka tokkotti ebeluufi ebelu kan jedhaman namoonni lama turan waan akkas akkasii raawwtan; achumaanis akkas ta'an; asii bahanii achi seenan; osoo waliin jiraatanuu dhumarratti kana kana godhan; akkas ta'an;dhumarrattis wanti akkasii isaanirra gahe jechuudhaan seeneeffamichi fuulduratti kan tarkaanfatu ta'a jechuudha. Dhumarrattis seeneessaan yammuu durdurii isaa himee xumuru kana ta'e, kana ta'aan, "….jedhama" jechuudhaan nama biroo irraa akka dhaga'eetti seenessee goolaba.

Kanarraa ka'uudhaan haalli dhiyaannaafi bifti durdurii aadaawwan hawaasaa hedduu keessatti walfakkaataadha.Yaada kana mirkaneeffachuuf immoo sirna jalqabbiifi xumura isaa qofa illee osoo hubanne dhimma kanaaf ragaa tokko ta'uu danda'a.

### 2.8.6. Ruqoota/ Caacculee Durdurii

Dhiyaannaan seeneeffama durdurii akkuma asoosamaatti ruqoota mataa isaa niqaba. Haalli kun immoo asoosama gabaabaa waliin walisa fakkeessa.Ruqoonni durdurii taateewwan ykn jaar-gocha seenaa durduriichaa waliigalaatti utubanii kan lubbuu itti horaniidha jechuun

nidanda'am.Kana jechuun ruqni inni tokko isa biroo walii waldeeggaree adeemuu isaa namatti agarsiisa jechuudha.Ruqoonni durdurii kanneen armaan gadiiti. Isaanis, namfakkii, sabseena, waldiddaa, gocha, yoomeessa, dhaamsafi kkf.

### 2.8.6.1. Namfakkii

Durdurii keessatti taatonni yookiin namfakkiiwwan argaman namoota, beelladoota, bineensotafi kkf. ta'uu danda'u. Haata'u malee akka Zariihuun(1992) jedhutti, Namfakkiiwwan durdurii hundaa tokko miti.Kunis namfakkiiwwan durdurrii tokko tokko keessatti argaman beelladoota yookiin bineensota qofa yammuu ta'an; durdurii tokko tokko keessattis namoota qofa yoo ta'an, kanneen hafan keessatti immoo beelladoota yookiin bineensotaafi namootni walfaan argamuu danda'u. Yeroo baay'ee beelladoonnifi bineensonni amala namootaa goonfatanii akka namaatti yammuu dubbatan, nyaatan, dhugan, gaddan akkasumas yammuu waldhabaniifi waljaalatan walumaagalatti gocha namaa yammuu raawwatan mul'atu.

### 2.8.6.2. Sabseena

Durdurii keessatti sabseenni akka sabseena asoosamaa waldiddaa adda addaatiin micciramee kandhiyaatu miti.gama biraatiin sababaafi bu'aan(cause & effect) hangas kan jabaatu miti.Gochi tokko gara fuulduraatti furii walharkaa darbaa soroorratee hanga dhumaatti kan deemu ta'uusaa Mulugeetaan(2005:59) Oring(1986:333) wabeeffachuun akkas jedheetu ibsa. *"The plot of folktale proceed as a logical sequence of events. Each event in the tale logically conditions the eventsthat follow*" Yaanni kun dubbii yookiin gocha raawwatamu dabaree walharkaa fuudhuudhaan seenaan durdurii akka xumuramu addeessa.

### 2.8.6.3. Waldidda

Seeneeffama durdurii keessatti sababa adda addaatiin kan ka'e namfakkiiwwan waldiddaa uumuu danda'u. Haata'u malee, waldiddaan durdurii keessatti uumamuu danda'u akka waldiddaa asoosamatti cimaa ykn jabaa miti. Xaxoofi takaallaam hammaatee shirri raawwatamu hubannoo cimaa kan gaafatu ta'ee durdurii kessatti hinmul'atu.Asoosama

keessatti garuu, waldiddaan roga adda addaatiin micciramee erga finiinee booda furmaata waan agarsiisuuf lameenuu kanarratti tokkummaa hinqaban.

### 2.8.6.4. Gocha

Gochi seeneeffam durdurii sana keessatti wantoota namfakkiiwwan raawwataniidha. Durdurii keessatti gochoonni raawwataman walfakkaatu.yeroo baay'ees irra deddeebi'amaniiti dubbatamu. Haalli kunis durdurii asoosama irraa amaloota adda isa taasisu keessaa isa tokkodha jedhanii fudhachuun nidanda'ama.

### 2.8.6.5. Yoomeessa

Ruqoota asoosamaa keessaa tokko ta'ee jechoota "yoom" fi "eessa" jedhaman irraa ijaarameedha. Jechi "yoom?" jedhu yeroo kan agarsiisu yoo ta'u jechi "eessa?" jedhu immoo bakka agarsiisa. Walumagalatti yoomeessi yeroofi bakka seenaan durdurii tokkoo itti raawwatame agarsiisuudha.Yoomeessa ilaalchisee Mulugeetaan(2005:60) akkas jechuudhaan ibseera."Durdurii keessatti iddoofi yeroon adda baafamee hinbeekamu. Iddoo akkanaati jechuudhaan maqaan dhayamee, bara akkanaa keessa jedhamee beekamuu dhabuun isaa amala durduriiti." Haata'u malee, akka waliigalaatti yoo ilaalle durduriin yammuu seeneeffamu ykn himamu yeroo isaa bara durii yookiin durdur jechuudhaan durduriicha jalqabuun kan barame yoo ta'u, iddoo isaa immoo mana keessa, karaarra, laga qarqara, bosona keessa, tulluu irra, qilee keessaafi kkf. jennee seeneessuu ykn himuu dandeenya ta'a.

### 2.8.6.6. Dhaamsa/Ergaa

Durduriin yammuu seeneeffamuuf ykn dhiyaatu kaayyoo wayiitiif ta'uu isaa hubachuun waan nama dhibu miti.Durduriin qabiyyee garagaraa bu'uura godhachuudhaan dhaggeeffataaf yookiin dubbisaaf dhiyaata.Qabiyyee sana irratti dhaamsi dabarfamuu barbaadame kan jiru ta'usaa eeguun barbaachisaadha.Fakeenyaaf sammuu guyyaa hojiidhaan dadhaa ole bohaarsuuf ykn bashannansiisuuf,gorsuuf, barsiisuuf, araarsuuf, akeekkachiisuufi dhimmoota kanaafi kan kana fakkaataniif ta'uu danda'a. Walumaa galatti caacculeen durdurii keessatti argaman marti lafee dugdaa seeneeffama durdurii tokkooti jedhanii fudhachuun nidanda'ama.

## 2.9. GaheeDurduriiHubannaa  Dubbisuu Barsiisuuf Qabu

Durduriin dandeettiiwwan afaanii hunda barsiisuu keessatti gahee guddaa qaba.Dandeettiiwwan afaanii arfan kanneen keessaa immoo tokko ogummaa dubbisuuti.Ogummaan dubbisuu jireenya dhala namaa guutuu  keessatti kan bu'uura ta'eedha.Sababnisaas ogummaan dubbisuu guutuu nama taasisa waan ta'eefi. Namni amala waa dubbisuu qabu beekumsa hunda galeessa ta'e argata. Barattoonni waan dubbisan sana irraa hubannaa argataniin beekumsa isaanii ittiin cimsatu. Kanaafis immoo barruun durdurii hubannaa dubbisuu barattootaa bu'uura qabsiisuu irratti gahee guddaa taphata.

Gahee durduriin barnoota afaaniifi aadaa hawaasa tokko keessatti gahee inni qabu ilaalchisee Berhanun (2009:16) akka armaan gadiitti ibsee jira. *"Oral literature still playes a significant role in the culture of various peoples in the world."*Yaada kanarraa wanti hubatamudurduriin haga har'atti aadaa hawaasa addunyaa garagaraa keessatti gahee inni qabu olaanaa ta'uusaati.Itti dabaluudhaan Berhanun (2009:16-17) barbaachisummaaa foolaa barnoota afaanii biyyoota guddachaa jiran keessatti gahee inni qabu ilaalchisee akka armaan gadiitti ibsee jira.

> *The position of literature today is much more stronger in the cultures of developing countries than in the cultures of advanced western countries. In other words, the position and function of oral literature in the developed world is quite limited. This is became it is the written word that sways public opinion in such countries. However, the position and function of oral literature in the developing world is still very important. The reason for this is that the oral tradition of people in developing countries in Africa, Asia, and Latin America, for instanceis considerably stronger than the written one. This is to say that the knowledge and experience of the people in such countries is, by and large, transmitted through their oral literature*.

Yaada armaan olirraa wanti hubachuun danda'amu biyyoota guddachaa jiran keessatti hanga ammaatti afoolli sona hawaasaa eegee tursiisuu keessatti shoorri taphachaa tureefi ammas taphachaa jiru daran olaanaa ta'uusaati. Kanaafuu barnoota afaanii keessatti gaheen durdurii qabu guddaa waan ta'eef  qophii kitaabilee irratti dubbisa hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisuu danda'u irratti of eeggannoo gochuudhaan dhimma xiyyeeffannoo addaa barbaadu

ta'ee argamuu isaati. Kunis barruu hubannaa dubbisuu barattootaa fooyyeessuun fedhiifi kaka'umsa barattootaaf mijaawaa ta'e irratti xiyyeeffachuun baayyee barbaachisaadha. Kana yoo ta'e immoo barattoonni dubbisicha dubbisanii salphaatti hubachuu danda'u. Yaada kana Dabbabaan(2005) yoo cimsu, dubbisni barattootaaf dhiyaatu kan isaan harkisufi hawwatu yoo ta'e dubbisanii yaada isaa hubachuuf baay'ee isaan hinrakkisu.Akkumawaligalaatti sirni barnoota afaanii biyya takkoo yammuu qophaa'u barumsi duudhaa hawaasaa (indegineous knowledge ) akka qabiyyeetti kitaaba barataa keessatti haammatamuu akka qabu kan nama walgaafachiisu miti.

Qabiyyeen barnoota duudhaa yookiin barnoota qe'e Oromoo kun immoo durdurii keessatti bal'inaan argama.Durdurii keessatti akka qabiyyeetitti dhimmoota adda addaatu ka'a. Fakkeenyaaf, safuu,duudhaa, amantaa, ilaalcha, falaasama, ejjannoo, murtoo, araara, jaalala, waadaa,iccitii,milkaa'ina, gootummaa, tokkummaafi kkf wantoota baay'ee keessaa muraasa eeruun nidanda'ama.Yaada kana Mulugeetaan (2005:62) yoo cimsu, "Durduriin yaada yookiin qabiyyee bal'aa kan hammatuufi tajaajila guddaa kan kennuudha." Namni naannoon isaa maal akka fakkaatu, hariiroofi sirni bulchiinsa isaa maal akka ta'e durduriitti fayyadamee niibsa. Ittidabaluudhaan Mulugeetaan(2005), Couralandus (1955:3) wabeeffachuun akka armaan gaditti ibseera. *"Man has tales that explain natural phenomena, tribal practices, and taboos, cultural or political institutions. He has stories and fables that reflect the nature of man and his strength and weakness tales of adventures, courages, disaster and love.*" Akkuma armaan olitti ibsame dhalli namaa naannoo isaa kan ittiin ibsatu, muuxannoo jiruufi jireenya isaa kan itti eeratu, waa'ee aadaa isaa kan itti calaqqisiisu durdurii akaakuu adda addaa qabaachuu isaati. Kana malees, waa'ee dhaabbata siyaasaa keessatti argamu, ciminaafi dadhabbina jiru, jaalalaafi jibba mul'atu, murteefi hammeenya calaqqisu durduriitti fayyadamee akka ibsu hubanna. Kanuma waliin walqabatee, daa'imman adeemsa dubbii akka baran uummanni wantoota gaariidha jedhee akka duudhaatti fudhate akka hubatan durduriin nigargaara.

Gamam biraatinis wantoota hawaasni gadheedha yookiin badaadha jedhee itti amane immoo akka jibbee balaaleeffachuun irraa fagaatu durduriitti fayyadamee nibarsiifata. Kanaafuu, amantaa, duudhaa safuu falaasamafi ilaalchi uumataa maal akka fakkaatu gadi

fageenyaan qorannee akka bira geenyus nugargaara. Kana malees, dhaloonni muuxannoo jireenya hawaasummaa gabbifatuufi dhaalu danda'u shoorri durduriin taphatu olaanaadha jechuun nidanda'ama.Uummanni Oromoo durduriitti gargaaramee beekumsa duudhaa kuufate qabu akkasumas eenyummaa isaa eegsifatee kuunuunsuun dhaloota har'aa dhaalchisuun dhaloota egereef dhaalchisee ittiin ceesifata.Walumaagalatti faayidaa durduriin barnoota afaanii keessatti keessumayyuu immoo ogummaa dubbisuutiin walqabtee daa'imman bashannanaa itti gammadaa akka dubbisaa baratan isaan gargaaruu isaatiin dabalataatti fedhiifi kaka'umsa dubbisuu akka horatan gochuu keessatti qoodni durduriin qabu salphaatti kan ilaalamu miti.

Qabiyyeen barruu durdurii keessatti argamu beekumsa seenduubee daa'immanii (barattootaa) waliin waan walqabatuuf wanta dubbisan sana irraa ergaan isaan fudhatan sammuu isaanii keessatti bocamee akka hafu gochuu keessattis gahee bakka bu'aa hinqabne taphata jechuu nama dandeessissa.Dhiimma kanarratti Abarraan(2010:56) yoo ibsu, "Haalli durduriin ittiin dhiyaatu baay'ee kan nama hawwatu waan ta'eef ergaan isaan darbu ni dhaggeeffatama, nihubatama, keessa namaa labee seenuun tarkaanfii fudhachuuf nama kakaasa." Yaada kanarraa wanti hubatamu barruun durdurii hubannaa dubbisuu barsiisuuf gahee olaana kan qabu ta'uu isaati.

Dimshaashumatti faayidaan durdurii beekumsa waliigalaafi ogummaa duubbisuu barattoota goonfachiisuu irratti qabu kanneen armaan gaditti eerama mara kan ofjalatti hammatuudha jedhanii fudhachuun kan danda'amuu ta'uu isaa hubanna. Barattoonni fedhiifi kaka'umsa dubbisuu isaan qaban fooyyeeffachuuf kitaabilee yookiin barruulee garagaraa isaan dubbisuuf harkisu danda'an filatanii dubbisuu shaakaluun dandeettii dubbisanii hubachuu danda'uutu isaanirra jiraata. Fakkeenyaaf barruuwwan kanneen akka afoolaa (durdurii), jireenyaafi muuxannoo isaanii waliin walqabatan irraa ka'uudhaan yoo kan dubbisan ta'e dandeettii dubbisuu isaanii guyyaadhaa guyyaatti fooyyeeffachuu danda'u.Walumaa galatti durduriin hubannaa dubbisuu barsiisuu keessatti qabu olaanaa waan ta'eef faayidaalee kanneen armaan gadiitti ibsaman qaba jechuun nidanda'ama. Isaanis,

- Fedhiifi kaka'umsa dandeettii dubbisuu akka horatan isaan gargaara.
- Barnoota isaan baratan hawwataafi gammachiisaa taasisa.

- Beekumsaafi dandeettii seendubee isaanii haalaa cimsa.
- Dandeettii rakkoo isaanii hiikkachuu akka danda’an taasisa.
- Dandeettii hiika jechootaa looga garagaraa akka gabbifatan godha.
- Dandeettii waa yaaduufi yaadachuu isaanii gabbisa.
- Naannoo isaanii maal akka fakkaatu ittiin hubatu.
- Tarsiimolee dubbisuu adda baasanii akka hubataniifi ittis fayyadaman taasisa.
- Beekumsa duudhaa hawaasaa (indegineous knowledge) ittiin gabbifatu.
- Aadaa dubbisuu isaanii daran akka cimsatan gargaara.
- Ofitti amanamummaa akka qabaatan godha.
- Kaayyoofi galma dubbisuu akka kaawwatan godha.
- Bu’aa ba’ii jireenya isaanii keessatti abdii kutachuu diisuu iraa baratu.
- Amala gaarii akka horatan isaan dandeessisa.
- Garee hawaasaa waliin hariiroo gaarii akka qabaata godha.
- Muuxannoo mala jireenyaa akka gabbifatan godha.
- Aadaa isaanii ittin calaqqisiisu.
- Hambaa seenaa ykn dabarsaa abbootii isaanii ittiin dhaalu.
- Naamusa gaarii qabatanii akka guddata godha.
- Muuxannoo jireenya hawaasummaa ittiin dhaalu.
- Waan hawaasa sana keessatti jaalatamu ittiin dhaalu.
- Waan hawwasa keessatti jibbamu immoo ittii balaaleeffatu.
- Namaaf olmaa gaarii ooluun wanta nama eebbisiisu ta’uu isaa ittiin hubatu.
- Yaada isaanii soda malee akka ibsatan gochuufi kkf.

## 2.10. Yaaxina Gahee Durduriin Hubannaa Dubbisuu Barsiisuu Keessatti Qabu

Yaaxina qorannoo tokkoo ilaalchisee hayyoonni garagaraa akka jedhanitti, yaaxinni yaada mataduree qorannoo sana keessatti xiyyeeffannoon ibsamuu qabu waliin walqabatee adeemsa qorannichaaf karaa kan saaqu yookiin karaa namaatti agarsiisuf shoora guddaa kan taphatu ta’usaa ni ibsu. Fakkeenyaaf barbaachisummaa yaaxina qorannoo tokko waliin adeemu ilaalchisee Fileen (2019:22) akka armaan gadiitti ibseera.

*Yaaxinni adeemsa gosa qorannoo keessati kallattiifi xurree qorannoo namatti agarsiisuufi ibsuuf gahee olaanaa qaba.Yaaxinni ijoo mataduree qorannoo tokko waliin walitti dhufeenya qabu filachuun kallattii qorannoo itti agarsiisuudhaaf, malleen qorannoo daran barbaachisoo tahan filachuudhaaf, yaada adda addaa walbira qabanii madaaluudhaaf,qeequudhaaf, akkasumas sakatta'a barruu walmaddii, ka'umsa qorannoofi kaayyoo qorannoo tokko galmaan gahuu keessatti daran barbaachisaadha.*

Barnoota afaanii keessatti galmi barattootaa ogummaawwan afaanirratti beekumsa saayinsii afaanii daree keessattifi dareen alatti argatanitti gargaaramanii afaan sanaan akka meeshaa waligalteetti itti fayyadamuu danda'uudha. Waa'ee afaan barsiisuu ilaalchisee Hill,(1986). yammuu ibsu, kaayyoon afaan barsiifamuuf dhaloonni haaraan afaanicha akka meeshaa waligalteettiitti gargaaramanii beekumsa dandeetti ogummaa afaanii sayinsiifi teeknooloojii waliin adeemuu danda'utti goonfatanii jiruufi jireenya isaanii akka ittin geggeeffatan taasisu iraatti shoora guddaa kan taphatu ta'uusaa hubachuun nidanda'ama.

### 2.10.1. Yaaxina Tajaajilaa (Functional Theory)

Akka Fileen (2019:27) maalummaa yaaxina tajaajilaa ilaalchisee barruu isaa kessatti ibsetti,"Yaaxinni tajaajilaa faayidaalee wanti tokko jiruufi jireenya uummataafi biyyaa keessatti qabu qorachuudhaaf gahee olaanaa qaba," jedha.Yaada kanarraas wanti hubatamu, yaaxinni gosa kanaa afaan akka meeshaa waligalteetti xiyyeeffannoon tajaajilaaf oolu waliin walqabatee hojiitti kan hiikamu ta'uusaati. Fileen(2019:27),Bauman(2005) wabeeffachuun waa'ee yaad-rimee yaaxina tajaajilaa yammuu ibsu, "Yaaxinni tajaajilaa biyyaAwurooppaatti eegale kun qorannoo aadaa hawaasa tokko keessatti akka calaqqeetti kan ilaalamuufi aadaafi walitti dhufeenya hawaasichaa sanaa daran kan cimsudha," jedha.Itti dabaluudhaan Fileen (2019:28) yaada kana yoo gabbisu akka armaan gaditti ibsee jira. "Qorannoo afaanii keessatti fakkeenyaaf, afoolli haala kamiin nama akka onnachiisu, miira ofii ibsu, haala kamiin mala baruu-barsiisuu afaanii akka gabbisu, attamitti akka jajjabeessu, kanneen badii dalagan akkamitti akka gorsuufi ceepha'u, makmaaksi gara amala gaariitti akkamitti nama akka deebisu qorachuuf barbaachisaadha," jedha.Qorannoon kun yaaxinaalee

jira keessaa yaaxina ilaalcha tajaajilaa kan hordofee dhiyaateedha.Yaaduma kana cimsuun hayyoonni Richard and Rodgers (1986:17) akka ibsanitti, *"This theory emphasizes the semantic and communicative dimension rather than merely the girammatical characterstics of language, and leads to a spesfication and organization of language teaching content by categories of meaning & function rather than by elementsof structure & grammar*, jedhu. Yaada kanarraa wanti hubatamu xiyyeeffannoon yaaxina ilaalcha tajaajilaa kun kallattii garagaraatiin afaaniin waligaltee uumuudhaan dhaamsa dabarsuudha yaada jedhu irratti waliigalu. Tajaajilli afaaniin waligaltee uumuu danda'uu keessaas inni tokko ogummaa dubbisuu keessatti ergaa barruu sanaan darbuu barbaadame waliin walquunnamuun dubbisanii hubachuu danda'uudha. Bu'uuruma kanaan barattoonni ammuma afaanicha hubachaa adeeman ittiin waliigalu;akkasumas hojitti hiikuun jireenya isaanii keessatti ittiin dhimma bahuu danda'u jechuudha.

**2.11. Malleen Durduriin Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Ittiin Dhiyaatan**

Malli dhiyeenyaa (approach) yaaxinaalee garagaraa afaan barsiisuu waliin walqabatee akkaataa uumama afaan baruufi barsiisuu mirkanaawaa ta'e daree barnoota afaaii keessatti, barumsi afaanii fi dhimmoonni afaan barsiisuu waliin walqabatan ittiin dhiyaatuudha. Maleenyaa afaan barsiisuuf ittiin dhiyaatu ilaalcisee hayyoonni garagaraa dhimma kanarratti ibsa laataniiru. Richard & Rodgers (1986:15), Anthony(1963:63-7) wabeeffachuun akka armaan gaditti ibsu.

> *According to Anthony's model , approach is the level at which assumptions and beliefs about language & language learning are specified; method is the level at which theory is put in to practice& at which choices are made about the particular skills to be taught, the content to be taught, and the order in which the content will be presented; technique is the level at which classroom procedures are described.*

Yaada hayyotaa olitti ibsameerraa wanti hubachuun danda'amu , maleenyaan sadarkaa ilaalchawwan tilmaamawwaniifi amantaawwan afaaniifi afaan barsiisuu waliin walqabatan kan ittiin dhiyaatan yoo ta'u, malli garuu sadarkaa yaaxinni afaanii gochaan kan itti hojiira ooluufi ogummaan afaaniifi qabiyyeen barumsa afaanii sadarkaa sadarkaan ittiin barsiifamuudha.Tooftaan(technique) immoo adeemsi baruu-barsiisuu daree keessatti ittiin

ibsamu ta’uusaati.Barnoota afaaniin walqabatee maleenyaa garagaraa fayyadamuun kan danda’amu ta’uu isaa hayyoonni afaanii ni ibsu. haluma kanaan mataduree qorannoo kana waliin kan deemuu danda’u durduriin hubannaa dubbisuu barsiisuuf gargaaranmalleen dhiyeenyaa armaan gadii kan bu’uureeffatee dhiyaateedha.

### 2.11.1. Mala Dhiyeenyaa Afaan Bu’uureeffate (Language Basde Approach)

Malli dhiyeenyaa barnoonni afaanii daree keessatti ittiin dhiyaatu keessaa inni tokko mala dhiyeenyaa afaan bu’uura godhatee dhiyaatudha. Malli dhiyeenyaa kun barnoonni afaanii akkamitti akka dhiyaatu irratti xiyyeeffachuun barsiisonni gosoota afoolaa kanneen akka durduriitti gargaaramuudhaan haala barnootichi hawwataafi barattoota dadammaqsee hirmaachisuu danda’uun hubannaa dubbisuu barsiisuufi barattoonni dandeettii cimaa akka goonfatan tasiisuuf barumsi afaanii ittiin dhiyaatudha.Maleenyaa kana ilaalchisee Lazar(1993:23) yoo ibsu, *“Language based approach is quite abroad approach which covers in a range of different goals and procedures. Generally speaking proponents believe in a closer integration of language and literature in the classroom,”*jedha.

Yaada armaan olirraa akka hubatamutti dhiyaannaan durduriin afaan barsiisuun kun mala dhiyeenyaa bal’inaan kan hojiirra oolu akkasumas kaayyoofi adeemsa baruu-barsiisuu adda addaa qabatee kan dhiyaatu ta’uusaati. Gama biraatiin akka hayyoonni garagaraa yaada kana deeggaran ibsanitti daree barnoota afaanii keessatti walsimannaan durduriifi afaan fakkeenyaaf ogummaandubbisuu qaban cimaa akka ta’e agarsiisa.Akka waligalaatti yaada armaan oliirra wanti hubatamu malli dhiyeenyaa afaan bu’ureeffatee dhiyaatu kun barattoonni dandeettiiwwan afaanii irratti beekumsa saayinsii afaanii goonfataniin afaaniin waligaltee uumuu dandeesisuurratti xiyyeeffatee kan dhiyaatudha jechuun ni danda’ama.

### 2.11.2. Mala Dhiyeenyaa Qabiyyee Bu’uureeffate(Content Based Approach)

Qophii baranoota afaanii kessatti dimmoota xiyyeeffannaa guddaan itti laatamu qaban keessaa inni tokko qophii qabiyyee barnoota afaaniiti. Kanumaan walqabates dhimmoonni barattoota waliin walqabatanii xiyyeeffannoo guddaa barbaadanis dagatamuu hin qaban.Dhimmoonni kunniinis sadarkaa barnootaa, umurii , dandeettiifi fedhii barattootaa waliin waan deemuu danda’u ta’utu isarra jiraata. Gaaffii barattoonni maal baratu? jedhu

kana kan deebisu qabiyyee barnoota afaanii daree keessatti barattoonni baratan waliin walqabatee ka'uudha. Qabiyyeen barnoota afaanii keessumattuu dandeettii hubannaa dubbisuu barsiisuu waliin walqabatee qabiyyeen barnoota afaanii duudhaa haawasichaa akkaataa giddu-galeessa godhateen dhiyaachuun isaa barnootichi akka lubbuu qabaatu isa taasisa.Kun immoo kan ta'uu danda'u durduriin akka qabiyyee barnootaa tokkotti hubannaa dubbisuu barsiisuuf ta'uttikitaaba barnoota afaanii keessatti kan dhiyaatu yoo ta'eedha.Yaaduma kana ilaalchisee hayyoonni adda addaa mala dhiyeenyaa kanarratti yaada isaanii ibsaniiru. Lazar(1993:35) yoo ibsu akkas jedha.

> *One of the possible approaches to teaching literature montioned of the beginning of this chapter is to make literature itself the content of the course. This type of approach examples the history and characterstics of litrary movements: the social, political, and historical background to atext.*

Yaada armaan olii kanarraa akka hubachuun danda'ameetti, malli dhiyeenyaa kun afoolaan (durduriin) hubannaa dubbisuu barsiisuu keessatti akka qabiyyee tokkootti of danda'ee hojirra oola jechuudha. Gosti malli dhiyeenyaa kunis maalummaa, faayidaafi amala durdurii sanaa kan ibsuufi gama hawaasummaanfi siyaasaanakkasumas seen-duubee barruu afoola(durdurii) sanaa qabiyyee barnoota afaanii barsiisuuf oolu kan qabatee dhiyaatedha. Akka waligalaatti malli dhiyeenyaa qabiyyee bu'uureeffate kun kan irratti xiyyeeffatu barruun durduriibarnoota afaanii keessatti akka qabiyyee tokkotti barruu hubannaa dubbisuu barsiisuuf ta'uu danda'utti of danda'ee barnoota afaanii keessatti hammatamee yammuu dhiyaatudha jechuun nidanda'ama.

### 2.12. Sakatta'a Hojii Qorannoowwan Walfakkii

Qorannoon yaalii kun yeroo gaggeeffamutti sakatta'a qorannoowwan walfakkii yookiin qorannoowwan kanaan dura hojjetaman walbira qabuudhaan ilaaluuf yaalameera.Kanaafis qorannoowwan yaalii qorannoo kana waliin walfakkaatu jedhamanii qoratichaan fudhatamanii ilaalaman lama akka armaan gaditti ibsuuf ni yaalama.Waraqaan qorannoo inni jalqabaa qorannoo Yitaagasuu Ballaxaa bara 2017,Afaan Ingiliffaatiin hojjatee dhiyeesse mata-duree "Investigating The Role Of Literature Texts in developing students' reading comprehension with specific reference to grade nine of " students Bole Community Secondary School, jedhu irratti qorannoo gaggeesse irratti garaagarummaa qorannoo koo

waliin qabu mata-dureen isaa gahee ogbarruun barreeffamaa hubannaa dubbisuu keessatti qabu jechuun ibseera.Haata'u malee,gosa ogbarruu barreeffamaa kam akka ta'e ifa hingoone. Karaa biraatiin barattoota kutaa 9ffaa irratti gaggeessee jira. Barruu asoosamoota gaggababoo fayyadamee barattoota garee yaalii yoo ittiin shaakalsiisu,barattoota garee to'atamoo immoo haaluma baratameen barruu kitaaba barataa irra jiru itti gargaaramee shaakalsiisee jira.Hojiin qorannoo kootii garuu, mata-duree "Xiinxala Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu" jedhu jalatti Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti barattoota kutaa 10ffaa barnoota Afaan Oromoo baratan irratti xiyyeeffata. Barruun ani hubannaa dubbisuu barsiisuuf itti fayyadame durduriidha. Bu'uuruma kanaan barattoota garee yaalii jechuun daree (B2) barruu durduriitti gargaaramee yammuun shaakalsiisu, barattoota garee to'atamoo daree (D1) immoo barruu kitaaba barataa irra jiru akkaataa barruu durduriitiin dhiyaate waliin walgituu danda'uun gaaffilee shaakallii ykn gilgaalota fooyyeessuudhaan barattoota kanneen ittiin shaakalsiiseera.

Gamabiraatiin hojii qorannoo Yittaagasuu fi hojii qoranno kana wanti isaan walfakkeessu keessaa tokko,dandeettii hubannaa dubbisuu barattootaa sakatta'uu irratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Haaluma walfakkaatuun hojiwwan qorannoo kanneen rakkoo hubannaa dubbisuu sakatta'uuf gosa qorannoo yaalii fayyadamuun isaanii akkasumas barattoota garee lama irratti qorannichi adeemsifamuu isaafi qormaata akka meeshaa funaansa ragaa ijootti gargaaramuun saanii hojii qorannoo isaani walfakkeessa jechuun nidanda'ama.

Hojiin qorannoo inni 2ffaa immoo qorannoo Afaan Oromootiin hojjetame keessaa kan Masarat Yohannis bara 2018, hojjette mata-dureen qorannoo "Asoosama Gabaabaatti Fayyadamuun Dandeettii Barreeffama Afaan Oromoo Dubbisuu Gabbisuu" jedhuun qorannoo ishii kan gaggeessite yoo ta'u, qabxiilee armaan gadiitin qorannoo koo waliin garaagara ta'a. Kunis mata-duree kanarraa akka hubatamutti og-barruu barreeffamaa keessaa asoosama gabaabaatti fayyadamuun dandeettii barreeffama Afaan Oromoo dubbisuu gabbisuu jedhu irratti rakkoon barattoota ishii muudate rakkoo dandeettii dubbisuu dadhabuudha malee hanqina hubannaa dubiisuu hinfakkaatu. Qorannoo ishii kana kan gaggeessites Mana Barumsaa Qophaa'inaa Gudaritti barattoota kutaa 11ffaa irrattidha. Haata'u malee, qorattuun kun kutaadhuma tokko qofa jechuunis daree "A" mala iddattoo

itti yaadee fayyadamtee filachuudhaan bakka lamatti qooddee garee yaaliifi garee to'atamoo jechuudhaan fudhattee jirti.

Qoronnoon inni kootii kun garuu, mata-duree "Xiinxala Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu" kan jedhu ta'ee, Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo baratan ittatti xiyyeeffachuun gaggeeffameedha. Akka qabiyyeetti dhimmi irratti xiyyeeffatame baruu durduriitti gargaaramuun hubannaa dubbisuu barattoota barsiisuun qabxii isaanii xiinxaluu irratti bu'uureeffachuu isaati. Durduriin immoo gosa og-afaan keessaa tokko ta'ee bifa hololootiin kan dhiyaatu waan ta'eef akka barruu hubannaa dubbisuu barsiisuuf mijaawwaa ta'eetti fudhatameera.Qorannoon yaalii kunis kan gaggeeffamu barattoota kutaa 10ffaa keessaa dareewwan lama (B2 fi D1) mala iddattoo carraa (lottery system) tiin garee yaaliifi garee to'atamootti qooduudhaan fudhtamanii qorannoon yaalii irratti gageeffameera.

Qormaanni (qormaata yaaliinduraafi yaaliin boodaa) akka meeshaa funaansa ragaa ijootti hojirra ooleera.Akkasumas,af-gaaffiifi daawwannaan akka meeshaalee funaansa ragaa dabalataatti itti fayyadamuuf yaalameera. Akka waliigalaatti, qorannoowwan lameen kunninis qabxiilee armaan gadiitiin walfaakaatu. Qabxiin ittiin walfakkaatan inni duraa,lamaan isaaniituu barnoota Afaan Oromoo keessattuu immoo dandeettii ogummaa dubbisuu barattootaa sakatta'uu irraatti xiyyeeffachuu isaaniiti. Qabxiin inni lammaffaas qorannoo yaalii kana jalatti qormaata akka meeshaa funaansa ragaa ijootti gargaaramuun qorannoo yaalii kanaaf hojiirra oolee jira.Dhumaarrattis meeshaan funaansa ragaa hojirra oole inni biroon af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaachuun isaa qorannoowwan lamaan kana kan isaan walfakkeessu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

# BOQONNAA SADI: SAXAXAA FIMALAQORANNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoo kana keessatti, Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuu Qabu: Mana Barumsaa Sadarkaa 2$^{ffaa}$Laga Xaafootti barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo baratan irraatti xiyyeeffachuun xiinxalama. Dhimma kana ilaaluuf immoo malli filatamaan mala qorannoo hammamtaafi akkamtaatti dhimma bahameera.Malli qorannoo kanaa kan filatameefis, ragaan yammuu qaacceeffamu lakkoofsaafi jechaan ibsama waan ta'eefidha. Addunyaan (2011:17) yoo ibsu, "Qorannoo hammamtaa fi akkamtaa walfaana qorannoo tokko keessatti gargaaramuun hundarra gumaacha guddaa waan qabufi milkaa'ina, amanamummaa, qabatamummaa cimina qorannootiif utubaadha" jedha. Kanarraa hubachuun kan danda'amu raga kallattii adda addaatti mala adda addaatiin qaaccessuuf mala tokko qofa fayyadamurra mala lama walfaana fayyadamuuun filatamaa ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaataa ta'een, "Mala walmakaatiin odeeffannoo qaaccessuun yookiin xiinxaluun qorattoonni malleeniifi saxaxota qorannoo adda addaa bakka tokkotti walitti fiduu, walbiraqabuufi walsimsiisuudhaan bu'aa qorannoo fudhatama qabu argamsiisuuf gahee olaanaa akka qabu" Fileen (2019:119) creswell (1994) waabeeffachuun ibsee jira. Malleen qorannoo makaa keessaa immoo wixinee qorannoo makaa walfaanoomittikan dhimma ittibahamu ta'a.Adeemsa kana keessattis ragaaleen mala hammamtaatiin walitti qabaman lakkoofsaan gabatee keessatti kan qaacceffamu yoo ta'u, ragaaleen mala akkamtaatiin walitti qabaman immoo jechaan kan ibsaman ta'u jechuudha.

Akka waligalaatii kaayyoon qorannoo kanaa Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu Xiinxaludha.Gosti qorannoo kanaa qorannoo yaaliiti. Qorannoon yaalii kunsi kan gaggeffamu gaaraagarummaa durduriifi miti-durdurii hubannaa dubbisuu barnoota Afaan Oromoo barsiisuu gidduu jiru sakatta'uudha. Saxaxni qorannichaas kan hojiirra oolu mala qaaccessa raga hammamtaafi akkamtaatti gargaaramuudhaan yoo ta'u, jalqaba irratti mala hammamtaatiin, itti aansuudhaan immoo mala akkamataatiin hojiin ragaa qaaccessuu raawwatameera.  Kaayyoo qorannoo yaalii kana fiixaan baasuufis meeshaaleen funaansa ragaa qoratichi itti gargaarame, qormaata: qormaata yaaliin duraa (pre-test) fi qormaata

yaaliin boodaa (post-test),af-gaaffiifi daawwannaa daree faadha. Qorannoo yaalii gaggeessuu kana keessatti kaayyoon qormaata yaaliin duraa(pre-test) fi qormaata yaaliin boodaa (post-test) garaagarummaa durduriifi miti-durduriinhubannaa dubbisuu barsiisuu gidduu jiru maadaaluu yoo ta'u, af-gaaffiifi daawwannaa daree immoo haallii raawwii baruu-barsiisuu qabatamaa daree keessaa barattotaafi barsiisotaan ogummaa dubbisuu barachuu/ barsiisuu gidduu adeemsifamu maal akka fakkaatu daawwannaan mirkaneeffachuudha.

Qorannoon yaalli kun firii qormaataa gareewwan lamaan madaaluun waldorgomsiisa. Gareewwan kunniinis barattoota kutaa 10[ffaa] daree "B2" fi "D1" yoo ta'an, inni tokko garee yaalii,inni lammaffaa immoo barattota garee to'atamoo jedhamuun qoodamanii jiru.

### 3.2. Madda Ragaalee Qoranichaa

Qorannoo kana keessatti qoratichi barattoota bara 2013 Mana Barumsaa Sadarkaa2[ffaa]Laga Xaafootti baratanifi barsiisota barnoota Afaan Oromoo mana barumsaa kanatti barsiisan akka madda odeeffannoo jalqabaati itti gargaarameera.Sababni isaas abbaan dhimmaa qorannoo kanaa barattota fi barsiisota barnoota Afaan Oromoo barataniifi barsiisota Afaan Oromoo barsiisan ta'uu isaatiin walqabateetu irratti xiyyeeffatamee jira.

### 3.3. Mala Iddattoo

Bu'a qabeessummaa qorannoo kanaaf odeeffannoo maddoota ragaalee hundarraa osoo walitti qabuun danda'ame filatamaa ture.Haata'u malee, yeroo, mallaqaafi human qorataa yaada keessa galchuudhaan iddattoo filachuun dirqama ta'a.Dastaa (2013:132) "Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannoodhaaf filannee jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu'an kan ittiin taasisnu" jechudhaan ibsee jira.Akka yaada kanarraa hubatamutti, odeeffannoo madda ragaa hundarraa funaanuun ulfaataa akka ta'eefi iddattoo filachuun dirqama qorataa tokkoo ta'uu isaati. Kanaafuu, qoratichi qorannoo yaalii kana adeemsisuuf mala iddattoo carraatti gargaaramuudhaan dareewwan garee yaaliifi garee to'atamoo jechuudhaan adda baaseera.Mana barumsaafi barsiisota immoo mala iddattoo mit-caarraa jalatti kan argamu mala iddattoo ammargee yookiin mijataa( convenience or availability sampling) jedhu itti fayyadameera.

### 3.3.1. Iddattoo Mana Barumsaa

Akka Bulchiinsa Magaalaa Lagaxaafoo Laga Daadhiitti Mana Barumsaa Sadarkaa 2[ffaa]mootummaa lama qofatu jira. Manni barumsaa inni tokko haaraa kan dhiyoo baname yoo ta'u Manni Barumsaa Sadarkaa 2[ffaa]Laga Xaafoo immoo mana barumsaa buleeyyiiti. Kanuma bu'uureffachuun mala iddattoo mijataatti fayyadamuudhaan manni barumsichaa inni buleeyyii kun filatamee jira.Sababa Manni Barumsaa Sadarkaa 2[ffaa] Laga Xaafoo filachuun barbaachiseef mataduree qorannoo kanaa barattootaafi barsiisota mana barumsaa kana irratti waan xiyyeeffatuufi bakki hojii qoraticha kanaas mana barumsaa kana waanta'eef hojii idilee isaa hojjechaa qorannoo yaalii kana gaggeessuuf waan itti mijaa'uuf manni barumsaa kun filatamee jira.

### 3.3.2. Iddattoo Barattootaa

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuun barattoonni Mana Barumsaa Sadarkaa 2[ffaa] Laga Xaafootti bara 2013 A.L.I kutaa 10[ffaa]Afaan Oromoo baratan akka madda raga tokkoffaatti fudhatamanii jiru. Manni barumsaa kun daree barnootaa kutaa 10ffaa 16 qaba.Tokkoon, tokkoon daree barnootaa barattoota 28 kan qabu yoo ta'u, dimshaashumatti barattoonni 448 ta'antu galmaa'anii mana barumsaa kana keessaatti barachaa jiru. Sababni lakkoofsi barattootaa daree tokko keessatti akka xiqqaatu taasifameef inni guddaan weerara dhibee Covid-19 ofirraa ittisuun hojii baruu-barsiisuu gageessuudhaaf haala mijeessuuf akkaataa pirootokoolii Ministeerri Barnootaa kaa'een raawwachuuf hangi lakkoofsi barattootaa daree tokko keessatti murtawwa akka ta'u taasifameera.Haala walfakkaataa ta'een qorannoo yaalii kana gageessuuf jamaawwan jiran keessaa iddattoo filachuun dhimma barbaachisaa ta'eedha.

Akka Dastaan (2013: 132) ibsetti, "Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannoodhaaf filanne jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu'an kan itti taasisnu." jedha. Iddattoo filachuuf immoo malli iddattoo carraa hojirra oolee jira.Sababni malli kun filatameef tokkoon tokkoon miseensonni jamaa qorannoo kanaa iddattoo ta'anii filatamuuf carraa walqixa ta'e laataaf.Yaaduma kana cimsuun akka Yaalaw (2009) ibsetti, mala iddattoo carraa kanaan qoratichi mala saayinsaawaafi loojikaawaa ta'een iddattoowwan amala jamaa qorannichaa bakka bu'uu danda'an filachuuf isa dandeessisa. Haalli kun immoo qoratichi ilaalcha dhuunfaa isaa calaqqisiisuun adeemsa qorannoo kanarratti loogii gochuun dhiibbaa akka

hinuumne godhda. Bu’uuruma kanaan qoratichi mala iddattoo carraa kana jalatti mala carraa baasuu (lottery system) fayyadamuudhaan dareewwan saddeettan qoratichi barsiisu hunda jechuunis dareewwan ( A1- D2 ) jiran carraa walqixa ta’e argatanii akka filataman taasiseera. Haaluma kanaan adeemsa carraa baasuu kana keessattis waraqaa hangi isaa walqixa ta’eefi halluu walfakkaatu irratti maqaa kutaafi dareewwanii 10ffaa ( A1, A2, B1, B2, C1, C2, D1,D2 ) jedhaman irratti barreeffamuudhaan akka maramu godhamee carraan si’a lama baafameera.Bifuma kanaan dareewwan tokkooffaafi lammaffaa carraa argatanii filataman akka iddattootti fudhatamaniiru. Dareewwan lamaan mala carraa lotoriitiin filataman kanneen irra deebiin carraan akka bahuuf taasifamee dareen garee yaaliifi garee to’atamoo ta’ee filatamuu danda’u adda baafameera.

Haaluma kanaanis, kutaafi dareen 10ffaa B2 daree garee yaalii ta’ee yoo filatamu,dareen10ffaa D1 immoo garee to’atamoo ta’ee filatameera.Kanuma bu`uureeffachuunis barattota garee yaalii barruu durduriitti gargaaramuudhaan hubannaa dubbisuu yammuu shaakalan,barattoonni garee to’atamoo jalatti ramadaman immoo barruu miti-durduriin hubannaa dubbisuu akka shaakalan taasifameera. Dhumarrattis firii qormaata yaaliin boodaa gargaaramuun garaagarummaa barattoota garee lamaan giduu jiru madaaluun gahee barruun durdurii hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu mirkaneeffachuun danda’ameera.

### 3.3.3. Iddattoo Barsiisotaa

Barsiisonni Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Lagaxaafootti barasiisaa jiran bay`inni isaanii ana malee 4 waan ta`aniif qoratichi hunda isaanii iddatteessee fudhchuundhaan af-gaaffii akka meeshaa funaansa ragaatti gargaaramee odeeffannoo irraa funaaneera.Barsiisota kanneenis,mala iddatteessuu ammargeetti gargaaramuudhaan filatee dhimma itti bahameera. Sababni barsiisota kanneen filachuun barbaachiseef ragaan barbaadame barsiisota Afaan Oromoo barsiisan waliin waan walqabatuuf,ragaan isaan irraa argamus qorannoo kanaaf gahee mataa isaa niqabaata,jedhee qoratichi waanitti amaneefidha.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorataan qorannoo isaa geggeessuf.odeeffannoo quubsaa ta`e walitti qabachuuf isa gargaaran meshaalee funaansa ragaa mataduree koo waliin deemuu danda`u jedhee yaade filatee

jira.Haaluma kannaan meeshaalee funaansa ragaa kanneen akka , qormaata af-gaaffiifi daawwannaa daree keessaa gargaarameera.

### 3.4.1. Qormaata (Test)

Qormaanni meeshaalee ragaan qorannoo tokko ittiin funaanamu keessaa isa tokkodha. Yaaduma kan kan cimsu Yaadasaan (2008:124) "Madaalliinfi qorumsi meeshaa funaansa ragaa qorannoo keessaa isa tokko.Madaallii qorumsi meeshaa sadarkaa beekumsaa, dandeettii, ga'umsaa fi ilaalcha nama tokkoo yookiin garee namootaa ittiin safaramuudha." jechuun ibsee jira. Kaayyoon qorannoo yaalii kanaa inni guddaan gahee durduriin Oromoo hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu xiixaluudha. Kanaafuu qorannoo kana keessatti qormaata akka meeshaa funaansa ragaa tokkotti itti dhimma bahameera.Qormaanni barattoota garee lamaaniifuu kenname gosa lamadha: qormaanni dursa kenname qorumsa yaaliin duraa yoo ta'u, qorumsi inni lammaffaa immoo qorumsa yaaliin boodaati.

#### 3.4.1.1 Qormaata Yaaliin Duraa(Pre-Test)

Qormaanni kun, qormaata osoo barumsi yaalii hinkennamiin dura barattoota garee yaaliifi garee to'atamoo gidduu garaagarummaan dandeettii hubannaa dubbisuu isaanii sadarkaa malirratti akka argamu sakatta'uun adda baasuudha. Sababnisaas yaaliin geggeeffamuu isaatiin dura dandeettiin hubannaa dubbisuu barattootaakan garee lamaanuu walqixa jedhamee yaadama.Qormaata kanarrattis dubbisni garee lamaaniifuu dhiyaate walfakkaataa yoo ta'u, dubbisa barruu durdurii matadureen isaa "Obboo Joobiraa fi Leenca" kana jedhudha. Baay'inni gaaffiiwwan 20 dubbisa kana keessaa akka qophaa'u godhameera. Gaaffileen kanneenis akaakuwwan sadi kan ofkeessaa qabu ta'ee barattootaaf dhiyaateera. Isaanis dhugaa yookiin soba, filannoofi walitti firoomsiidha. Gaaffiiwwan 20n kanneenifis sa'a 1:00 kennameefii jira. Qorumsi kunis yeroofi guyyaa walfakkaataa ta'e keessatti barattoota garee lamaaniifuu kennamee jira.Kana boodas barumsi yaalii barattoota garee yaaliifi garee to'atamoof dubbiisa dandeettii hubannaa dubbiisuu barattootaatiin walgita jedhamee yaadame qopheessuudhaan akka baratan taasifameera.Yammuu adeemsi baruu-barsiisuu gageeffamaa jiru kanattis gaaffiiwwan gosa adda addaa bifa gilgaalaatiin qophaa'anii barattoonni akka ittiin shaakalan godhameera. Adeemsa barumsa ogummaa

dubbisuu barsiisuu kana keessattis dalagaalee dubbisuu sadan: dalagaa dubbisuun dura, dalagaa yeroo dubbisuufi dalagaa dubbisuun boodaa sirnaan itti fayyadamuudhaan hojirra oolaniiru.Haaluma kanaanis dubbiisa afur mata-duree adda addaa irratti dalagaalee sadan jalatti gaaffiiwwan shakallii gilgaalota adda addaa keessatti hammatamanii barattoota garee lamaaniif dhiyaatanii irra deddeebiin walitti aansuudhaan ji'a afuriif akka shaakalan taasifameera.

### 3.4.1.2. QormaataYaaliin Boodaa (Post-Test )

Qormaanni yaliin boodaa kun immoo erga barumsi yaalii ykn shaakllii garee yaaliifi garee to'atamoof  kenname booda jijjiirama yookiin fooyya'insa barattoota garee lamanuu irratti mul'ate adda baasuudhaaf kennameedha. Haalli kenninsi qormaata kanaas dhiphina yeroo wayitii barumsaafi dhiibbaa weerara dhibee covid-19 fidu giddu-galeessa godhachuudhaan qormaata 20% keessaa walitti aansuudhaan si'a sadi qofa yeroo garagaraa kessatti yeroofi sa'a walfakkaatu kessatti sa'a 1:00 kennameefitu barattoonni akka qoramaaticha fudhatan taasifameera.Haalli kenniinsi qorumsichaas yeroodhuma walfakkaatu keessatti qorataan barsiisaa biroo akka gargaaraatti gaafate  waliin ta'uun daree tokko tokko qabachuudhaan qormaaticha laachuuf danda'ameera.Sababni qormaannii kun yeroofi sa'a walfakkaatu keessatti akka kennamuu taasifameef bu'aa qormaatichaafi xiinsammuu barattootaa irratti dhiibbaa akka hinuumne gochuuf yaadameeti.Dhumarrattis firii barattoonni galmeessaniis cheekliistii irratti qabachuudhaa qabxiin isaanii qaacceffameetu garaagarummaan dandeetti hubannaa dubbisuu gidduu isaanii jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu isaa adda baasuudhaan mirkaneeffameera.

### 3.4.2. Af-Gaaffii

Af-gaaffiin meeshaa odeeffannoon qorannoo tokko ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta`ee qorataafi odeef-kennitoonni fuulleetti walarganii odeeffannoo waliikennaniidha. Fileen (2019:72) akka jedhutti,"Af-gaaffiin caaseeffamaa,qorannoo duraan dursa itti karoorfamee qophaa`e gaafatamtoota dhuunfaaf dhiyaatu yammuu ta`u, gaaffileen kunniinis kallattii mata-duree qorannoo irratti xiyyeeffatanii gaaffilee bu`uuraa deebisuudhaaf kanneen qophaa`aniidha." Kanuma bu'uura godhachuudhaan qoratichi af-gaaffii caaseeffamaa irratti xiyyeeffatee jira.Itti dabaluudhaan Fileen (2019) akka addeessetti, kaayyoon af-gaaffii

caaseeffamaa kunis odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaa kaneen birootiin walitti qabaman mirkaneeffachuuf, akkasumas deebiiwwan daawwannoo keessatti hindeebine deebisuuf yookiin qaawwa jiru duuchuudhaaf faayidaa guddaa qaba jechuudhaan yaada olitti ibsame cimsee jira.Haaluma walfakkaatuun af-gaaffii caaseeffamaa kana jalatti gosti af-gaaffii caaseeffama gamtokkee itti dhimma bahameera.Sababni isaas akka Fileen(2019) barruu isaa keessatti eeruuf yaaleetti, "Af gaafileen gosa kana jalatti dhiyaatan gaafatamtoota kallattii qabsiisuudhaan yookaan agarsiisuudhaan yommuu dhiyaatan itti aansuudhaan immoo gaaffileebanaa tahan gaafachuudhan yaada dabalataa tahan akka kennan onnachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba." jechuun kaa'ee jira. Qaratichis kanuma hubchuudhaan af-gaaffii caaseeffama fayyadamee  barsiisota waliin gaaffiifideebii gaggeesseera jira.

### 3.4.3. Daawwannaa Daree

Daawwannaan meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanuuf nufayyadan keessaa isa tokkodha.Akka Daani'el fi warri biroo (1994:82) ibsanitti, amalaafi gocha namootaa beekuufi ragaa argachuuf karaa ifa ta'een dhimmoota, raawwatan ilaaluuf, ragaa galmeessuu, hiikuufi xiinxaluun baraachisaadha jedha.Gama biraatiin dawwannaan malleen funaansa ragaa kanneen birootiif akka mala gargaartuu yookiin dabalataattitajaajiluu danda'a. Fakkeenyaaf qorannoo tokko keessatti meeshaan guddaan odeeffannoo ittiin funaannu af-gaaffii yoo ta'e, ragaalee af-gaaffiin walitti qabaman amanisiisaa ta'uufi dhiisuu isaanii ittiin mirkaneeffachuuf ni gargaara.

Haaluma kanaan qoratichi qabatamaan yammuu adeemsi baruu- barsiisuu gaggeeffamaa jirutti, sochiiwwan waligalaa barsiisonnifi barattonni daree barnootaa keessatti raawwataniifi halli hojii hubannaa dubbisuu maal akka fakkaatu hordofuudhaan dawwannoo daree gaggeesuun ragaa sassaabuu irratti xiyyeeffatee walitti fufiinsaan ragaalee cheekliistii irratti galmeeffatee qabachuun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf daawwannaa daree gaggeessee jira.

## 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti ragaalee meeshaalee garagaraatiin walitti qabaman qooccessuun hiika itti laachuun hojii qorataa tokkorraa eeggamuudha.Yaaduma kana dhugoomsuuf

Yalew(2009:240) yooibsu,*“ከበርካታ የመረጃ መተንተኛ ዘዴዎች ውስጥ የተሰበሰበውን መረጃ ለመተንተን የሚያስችል ተስማሚ ዘዴ መርጦ ለተገቢው አላማ ማዋል መቻል አንዱ የምርምር አብይ ሂደት ነው።”* jedha. Bur’uuruma kanaan qoratichi meeshaalee odeeffannoowwaan madda gara garaa irraa walitti qabaman yaada keessa galchuudhaan mala qaaccessa ragaalee hammamtaafi akkamtaatti gargaarameera.Yaaduma kana kan cimsu Addunyaan (2011:69) “Odeeffannoon qormaatan funaaname kan safarri isaa lakkoofsaan dhiyaachuu danda’udha.” jechuun ibsee jira.Karaa biraatiin meeshaaleen funaansa ragaa kanneen af-gaaffiifi daawwannaan daree keessaa immoo jechaan waan ibsamaniif mala qaaccessa ragaa akkamtaatti dhimma bahameera.Kanaafuu jalqaba irratti odeeffannoo seen-duubee odeefkennitoota waliin walqabatee ragaan funaaname gabatee keessatti dhbbeentaan ibsameera.. Itti aansuudhaan firiin qormaata yaaliin duraafi yaaliin boodaa barattoota garee to’atamoofi garee yaaiiliitiin galmaa’e moosaajii (software) spss vershiinii 23fi tii-teestiifayyadamuun mala qaaccesa raga hammamtaatiin lakkoofsaan qaacceffameera. Bu’uuruma kanaanis durduriifi miti-durduriitti gargaaramuun hubannaa dubbisuu barsiisuun garaagarummaa barattoota garee lamaan gidduu jiru firii qormaata isaanii irraa adda baafachuun danda’ameera. Gama biraatiin odeeffannoowwan af-gaaffiifi daawwannaa dareetiin walitti qabamanimmoo mala qaacceessa ragaa akkamtaatti gargaaramuun jechaan ibsuudhaan qaacceffamaniiru.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA FI IBSA ODEEFFANNOOWWANI

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaa gosa adda addaatiin walitti qabaman fakkeenyaaf firii qormaata yaaliin duraafi yaaliin boodaa barattoota garee yaalii (10ffaa B2)fi garee to'atamoo (10ffaa D1)tiin hojjataman irraa argaman mala xiinxala ragaa hammamtaatiin qaaceeffamaniiru.Akkasumas odeeffannoowwan af-gaaffii barsiisota Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Afaan Oromoo barsiisan irraa argamanifi yammuu baruu-barsiisuun barnoonni afaanii daree keessatti gaggeeffamaa jirutti odeeffannoowwan daawwannaa dareetiin walitti qabaman mala xiinxala ragaa akkamtaatti gargaaramuudhaan haala itti aanu kanaan qaacceffamaniiru.

## 4.1. Odeeffannoo Seen-duubee Odeefkennitootaa

Haaluma kanaan jalqaba irratti odeeffannoo seen-duubee odeefkennitoota waliin walqabatee ragaan funaaname boqonnaadhuma kana keessatti ni qaacceffama. Ittiaansuudhaan qaaccessi ibsaa (Descriptive Analysis) firii qormaata gareewwan lamaanuu moosaajii (software) spss vershiinii 23 fayyadamuun kan dhiyaatu ta'a. Akkasumaas durduriifi miti-durduriitti gargaaramuun hubannaa dubbisuu barsiisuun garaagarummaa barattoota garee yaaliifi garee to'atamoo gidduu jiru adda baasuufi firii qormaataa gareewwan lameenii walbira qabamee dorgomsiisaaTii-teestitiin(T-Test)qaacceffameera. Gara xumuraatti ammoo odeeffannoo af-gaaffiifi daawwannaa dareetiin walitti qabames mala qaacceessa ragaa akkamtaatti gargaaramuunjechaan ibsuudhaanqaacceffameera.

Gabatee**4.1:** Odeeffannoo dimshaashaa odeefkennitoota qorannichaa

| **Korniyaadhaan** | **Baay'ina** | **Dhibbeentaadhaan** |
|---|---|---|
| Dhiira | 28 | 46.6 |
| Dubra | 32 | 53.4 |
| Ida'ama | 60 | 100 |
| Gosaa Hojjiin | Baay'ina | Dhibbeentaadhaan |
| Barattoota | 56 | 93 |
| Barsiisota | 4 | 7 |
| Ida'ama | 60 | 100 |
| Barsiisota sadarkaa Barnootaan | Baay'ina | Dhibbeentaadhaan |
| Digirii (BA) | 3 | 75 |
| Masteersii (MA) | 1 | 25 |
| Ida'ama | 4 | 100 |

*Madda: Ragaa 'SPSS' irraa bahee dhihaate, 2021*

Akka gabatee odeeffaannoo seen-duubee odeefkeennitoota armaan olii irraa hubaachuun danda'amutti,barattoota odeefkennitoota waliigala qoranichaa keessaa dhibbeentaan 46.6 kan ta'an dhiirota yoo ta'an 53.4% kan ta'an ammoo dubartoota. Gama dalagaan yoo ilaallee odeefkennitoota qorannicha keessaa dhibbeentaan 93 baratoota yoo ta'an dhibbeentaan 7 ammoo barsiisota. Akkasumas barsiisota qorannicha irratti hirmaatan keessaa dhibbeentaan 75 digiirii jalqabaa kan qaban yoo ta'u, dhibbeentaan 25 ammoo digiirii lammaffaa kan qabanidha.

## 4.2. Qaaccessa Firii Qormaata Yaaliin Duraa Fi Yaaliin Boodaa Barattoota Kutaa 10ffaa Garee To'atamoo Fi Garee Yaaliitiin Galmaa'e

Qormaanni yaaliin duraa kun kan qopha'eef sadarkaan dandeetti hubannaa dubisuu barattootaa maalirra akka jiruufi gahee durduriin hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu sakatta'uun kan garee lachuu waldorgomsiisuun sadarkaan hubannaa dubbisuu isaanii irra jiru adda baasuuf kan xiyyeeffatedha.Odeeffannoon firii qormaata yaaliin duraafi yaaliin

boodaa barattootaan galmaa’e akkaataa qaaccessaaf tolutti bakka shanitti akka armaan gaditti qoodamee ibsamee jira.


**Gabatee 4.2:Akkaataa qoodiinsa qabxii barattoota 20% keessaa**

| **Qoodiinsa** | **Baay’ee gaarii** | **Gaarii** | **Giddu-galeessa** | **Gadi bu’aa** | **Baay’ee gadi bu’aa** |
|---|---|---|---|---|---|
| Hanga qabxii 20% keessaa | 18-20 | 15-17 | 12-14 | 10-11 | <10 |
| Gatiin argatan 5% keessaa | 5 | 4 | 3 | 2 | 1 |

*(Madda: Ragaa ‘SPSS’ irraa bahee dhihaate,2021)*

### 4.2.1. Qaaccessa Firii Qormaata Yaalii Duraa Kan Barattoota Garee To’atamoo Fi Garee Yaalii

**a) Qaaccessa Firii Qormaata Yaalii Duraa Kan Barattoota Garee To’atamoo**





Baar chaartii 4.1: Qaaccessa firii qormaata yaaliin duraa kan garee to’atamoo

*(Madda: Firii qormaataa barattootaan argamee SPSS irraa bahe)*

Baar-Chaartiin 4.1 kan agarsiisuu, barattoota garee to'atamoo, qormaata yaaliin duraa fudhatan keessaa 14.3% kan ta'an qabxiin isaan argatan baay'ee gadii bu'aa yoo ta'uu,17.9% kan ta'an ammoo qabxii gadi bu'aa galmeessisanii jiru. Akkasumas 28.6% kan ta,an ammoo qabxii giddu-galeessa galmeesisanii jiru. Gama biroon ammoo,32.1% kan ta'an qabxii gaarii kan galmeessisan yoo ta'uu kan hafan 7.1% kan ta'an qabxii baay'ee gaarii galmeessisanii jiru. Irra guddaan isaanii ykn 71.3% kan ta'an qabxii giddu-galeessa, gaarii fi baay'ee gaarii galmeessisanii jiru.

**b) Qaaccessa Firii Qormaata Yaaliin Duraa Kan Barattoota Garee Yaalii**




Baar chaartii 4.2:Firii Qormaata Yaaliin Duraa Kan Barattoota Garee Yaalii.

*(Madda: Firii qormaataa barattootaan argamee SPSS irraa bahe)*

Baar-chaartiin 4.2 kan mul'isuu, barattoonni garee yaalii qormaata yaaliin duraa qoraman keessaa 14.3% kan ta'an qabxii baay'ee gadi aanaa kan galmeessisan yoo ta'uu, 10.7% kan ta'an ammoo, qabxii gadi bu'aa galmeessisanii jiru. Haaluma kanaan, 35.7% kan ta'an qabxii

giddug-aleessa kan galmeessisan yoo ta'uu, 35.7% kan biroon ammoo qabxii gaarii galmeessisanii jiru.3.6% kan ta'an ammoo qabxii baay'ee gaarii galmeessisanii jiru. Ida'amni parsaanta baratoota qabxii giddu-galeessa, gaarii fi baay'ee gaarii galmeessisanii 75% ta'a.

**c) Qaaccessa Tii-Teestii (T-Test) Firii Qormaata Yaaliin Duraa Kan Garee To'atamoo Fi Garee Yaalii.**

**Gabatee 4.3: Istaatiksii iddattoo cimdii (paired samples statistics)**

**Paired Samples Statistics**

| | | Mean | N | Std. Deviation | Std. Error Mean |
|---|---|---|---|---|---|
| cimdii (paired)1 | Garee to'atamoo | 3.00 | 28 | 1.186 | .224 |
| | Garee yaalii | 3.04 | 28 | 1.105 | .1209 |

Gabateen 4.3 moosaajii(software) SPPS veershinii 23 irraa kan fudhatame you ta'uu, gabatichi kan mul'isuu, qabxiin giddu-galeessa garee to'atamoo 3.00 fi kan garee yaalii ammoo 3.04 ta'uu isaati. Kun ammoo kan mul'isu, barattoota garee yaaliifi garee to'atamoo gidduutti garagarummaan jiru murteessaa waan hintaaneef (insignificant) gareewwan lamaanuu barnoota yaaliin duraa irratti dandeettiin hubannaa dubbisuu isaanii sadarkaa walqixa irra kan jiru ta'uu isaa agarsiisa.

**Gabatee 4.4: Xiinxaala qormaata iddattoo cimdii (paired samples test)**

**Paired Samples Test**


| | | Paired Differences | | | | | T | Df | Sig. (2-tailed) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Mean | Std. Deviation | Std. Error Mean | 95% Confidence Interval of the Difference | | | | |
| | | | | | Lower | Upper | | | |
| Cimdii (paired)1 | Garee To'atamoo Garee Yaalii | .036 | 1.401 | .265 | -.597 | .507 | -.135 | 27 | .894 |

Gabateen 4.4.garaagarumma cimdii garee to'atamoo fi garee yaalii giddu jiru akkaataa armaan gaditti kaa'ee jira. Garaagarummaan qabxii giddu-galeessa garee to'atamoofi garee yaalii gidduu jiru 0.036 dha. Garaagarummaan qabxii galmaa'ee kun baay'ee xiqqaa waan ta'eef,qormaata yaaliin duraa irratti barattoonni garee lachuu sadarkaa wal-fakkaataa irratti argamu jechuu ni danda'ama. Gama birootiin ammoo Sig. (2-tailed) (P)=0.894 ta'uu isaa agarsiisa. Sababa gatii p=0.894 Istaandaardii Alphaa leeveelii 0.5 olii (P> 0.5) waan ta'eef garaagarummaan barattoota garee to'atamoofi garee yaalii gidduu jiru (insignificant) daran murteessaa kan hin taane ta'uu isaa mul'isa.

### 4.2.2. Qaaccessa Firii Qormaata Yaaliin Boodaa 1ffaa Kan Barattoota Garee To'atamoo Fi Garee Yaalii

Akkuma ka'umsa irrattii ibsametti qormaanni yaaliin duraa sadarkaa barattoonni irraa jiran adda baasuuf, qormaanni gaaffiilee hubannaa dubbisuu gareewwan odeefkennitoota qorannichaaf kenname, garaagarummaa uumame xinxaluuf, barnoota yaaliin booda qoratichi, barattoota garee to'atamoof barruu miti-durdurii sadii akkasumas barattoonni garee yaalii immoo barruu dur-durii sadii mata duree adda addaa irratti qormaata hubannaa dubbisuu si'asadii akka qoraman taasisee qabxii isaanii qindeessee qabateebu'uura godhachuudhaan qaacceffamee jira.Sababni qormaanni kun qopha'eefs,barnoota yaaliin boodaa irrattigaragarumma garee to'atamoofi garee yaalii gidduuttii mul'ate adda baasuun, yaada waliigalaarra ga'uudha.

a) Qaaccessa Firii Qormaata Yaaliin Boodaa 1ffaaKan Barattoota Garee To'atamoo





Paay-chaartii 4.1: Firii qormaata yaalii boodaa1ffaa kan garee to'atamoo

*(Madda: Firii qormaataa barattootaan argamee SPSS irraa bahe)*

Paay-chaartiin 4.1 kan mul'isu, barattoota garee to'atamoo qormaata yaaliin boodaa 1ffaa qoraman keessaa,14.29% kan ta'an qabxii gadii bu'aa kan galmeessisan yoo ta'u,25% kan ta'an ammoo qabxii giddu-galeessa galmeessanii jiru. Akkasumas 53.57% kan ta'an qabxii gaarii galmeessanii jiru. Kanneen hafan 7.14% kan ta'an ammoo qabxii baay'ee gaarii galmeessanii jiru. Irran guddan isaanii 60.71% kan ta'u qabxii gaarii fi baay'ee gaarii galmeessanii jiru.

b) Qaaccessa Firii Qormaata Yaaliin Boodaa 1ffaa Kan Barattoota Garee Yaalii




Paay chaartii4.2: Firii qormaataa yaaliin booda 1ffaa kan garee yaalii

*(Madda: Firii qormaataa barattootaan argamee SPSS irraa bahe)*

Paay-chaartii 4.2 irraa akka hubannutti barattoota garee yaalii qormaata yaaliin boodaa1ffaa fudhatan keessaa 10.71% kan ta'an qabxii giddu-galeessa kan galmeessan yoo ta'uu, parsaanta 75% kan ta'an immoo qabxii gaarii galmeessanii jiru. Akkasumaas 14.29% kan ta'an qabxii baay'ee gaarii galmeessanii jiru. Garee kana keessaa barattoonni qabxii baay'ee gadii bu'aa fi gadii bu'aa kan galmeessan hin jiran. Walumaagalatti barattoonni garee yaalii 89.19% kan ta'an qabxii gaarii fi baay'ee gaarii ta'e galmeessanii jiru.

c) **Qaacessa Tii-Teestii (T-Test) Qabxii Qormaata Yaaliin Boodaa 1ffaa Kan Barattoota Garee To'atama Fi Garee Yaalii.**

**Gabatee4.5: Istaatiksii iddattoo cimdii (paired samples statistics)**

**Paired Samples Statistics**

| | | Mean | N | Std. Deviation | Std. Error Mean |
|---|---|---|---|---|---|
| Cimdii (paired)1 | Garee to'atamoo | 3.54 | 28 | .838 | .159 |
| | Garee yaali | 4.04 | 28 | .508 | .096 |

Gabateen 4.5. istaatiksii iddattoo cimdii (paired sample statistics) armaan olii kun kan mul'isu, barattoonni garee to'atamoo qormaata yaalii booda 1ffaa iratti qabxiin giddu-galeessaa galmeessan3.54, yoo ta'uun kan garee yaalii ammoo 4.04 ta'uu isaa agarsiisa. qabxiin barattoota garee yaaliitiin galmaa'e garaagarummaa 0.5 ta'uun caalmaa agarsiise jira. Caalmaan kun dhibbeentaan yoo kaa'amu qabxiin garee yaalii 10% kan garee to'atamoo caalee argameera.

**Gabatee 4.6: Xiinxala qormaata iddattoo cimdii (paired samples test)**

**Paired Samples Test**


| | | Paired Differences | | | | | T | Df | Sig. (2-tailed) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Mean | Std. Deviation | Std. Error Mean | 95% Confidence Interval of the Difference | | | | |
| | | | | | Lower | Upper | | | |
| Cimdii (paired)1 | Garee To'atama - Garee Yaalii | .500 | 1.072 | .202 | -.915 | -.085 | -2.469 | 27 | .020 |

Xinxaalii iddattoo cimdii (paired Sample test) kun kan agarsiisuu garaagarummaan qabxii giddu-galeessa garee to'atamoofi garee yaalii giddu jiru 0.5 ta'uu mulisa. Akkasumas gatiin (value) garaagarummaa cimdii Tii-teestii(p)= 0.020 galma'ee jira. Sababa $p<0.5$ yookiin

alphaa leevilii istaandaardiidhaa gadii ta'eef, garaagarumman garee to'atamoo fi garee yaaliigidduu jiru murteessaa (significant) dha.

### 4.2.3. Qaaccessa Qormaata Yaaliin Boodaa 2ffaaKan Barattoota Garee To'atamooFi Garee Yaalii

a) Qaaccessa Qormaata Yaaliin Boodaa 2ffaa Kan Barattoota Garee To'atamoo





**Baar-chaartii 4.3: Firii qormaata yaaliin boodaa 2ffaa kan garee to'atamoo**

*(Madda: Firii qormaataa barattootaan argamee SPSS irraa bahe)*

Akka baar-chaartii 4.3 irraa hubatamuutti, barattoonni garee to'atamoo qormaata yaaliin booda 2ffaa qoraman keessaa qabxii gadi bu'aafi baay'ee gadi bu'aa kan galmeessan kan hinjirre yoo ta'uu, 35.7% kan ta'an qabxii giddu-galeessa, 53.6% kan ta'an qabxii gaarii fi 10.7% kan ta'an qabxii baay'ee gaarii galmeessani jiru.Dhibbeentaan 64.3kan ta'an ammoo qabxii gaarii fi baay'ee gaarii ta'e galmeessanii jiru.

b) Qaaccessa Qormaata Yaaliin Boodaa 2ffaa Kan Barattoota Garee Yaalii




**Baar-Chaartii 4.4: Firii  qormaata  yaaliin boodaa 2ffaa kan garee yaalii**

*(Madda: Firii qormaataa barattootaan argamee SPSS irraa bahe)*

Baar-chaartiin 4.4 kan ibsuu barattoota garee yaalii qormaata yaaliin boodaa 2ffaa qormaan keessaa qabxii baay'ee gadi-bu'aa fi gadii bu'aa kan galmeessisan hin jirani. Qabxii giddu-galeessa kan galmeessisan 14.3% yoo ta'an, 46.4% kan ta'an ammoo qabxii gaarii galmeessisaniiru. Kannen hafan  39.3% kan ta'an ammoo qabxii baay'ee gaarii galmeessaniru.85.7% kan ta'an qabxii gaarii fi baay'ee gaarii galmeessisanii jiru.

**QaaceessaTii-Teestii (T-test) Qabxii Qormaata 2^ffaa Kan Barattoota Garee To'atamoo Fi Garee Yaalii.**

**Gabatee 4.7: Istaatiksii iddattoo cimdii (paired samplesstatistics)**

**Paired Samples Statistics**

| | | Mean | N | Std. Deviation | Std. Error Mean |
|---|---|---|---|---|---|
| Cimdii (paired)1 | Garee to'atamoo | 3.75 | 28 | .645 | .122 |
| | Garee yaalii | 4.25 | 28 | .701 | .132 |

Akka gabateen 4.7. ibsutti qabxiin giddu-galeessa barattoonni garee to'atamoo qormaata yaaliin boodaa 2^ffaa irratti galmeessisan 3.75 yoo ta'uu barattonni garee yaalii ammoo 4.25 galmeessisanii jiru. Akkuma qormaata tokkoffaa qabxiin barattoota garee yaalii 10% niin kan garee to'atamoo caalee argameera.

**Gabatee 4.8: Xiinxala qormaata iddattoo cimdii (paired samples test)**


**Paired Samples Test**

| | | Paired Differences | | | | | T | Df | Sig. (2-tailed) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Mean | Std. Deviation | Std. Error Mean | 95% Confidence Interval of the Difference | | | | |
| | | | | | Lower | Upper | | | |
| Cimdii (paired)1 | Garee To'atamoo Garee Yaalii | .500 | 1.106 | .209 | -.929 | -.0929 | 2.393 | 27 | .024 |

Akkaataa gabatee 4.8. irratti mul'atuun xiinxalli iddattoo cimdii (paired Sample test) kun kan agarsiisuu garaagarumman qabxii giddu-galeessa garee to'atamoofi garee yaalii giddu jiru 0.5 ta'uu mul'isa. Akkasumas gatiin (value) garaagarummaa cimdii Tii-Teestii(p)= 0.024 galmaa'ee jira. Sababa $p<0.5$ yookiin alphaa leevilii istaandaardiidhaa gadi waan ta'eef, garaagarumman garee to'atamoofi garee yaalii gidduu jiru murteessaa (significant) dha.

### 4.2.4. Qaacceessa Qormaata Yaaliin Boodaa 3ffaa Kan Barattoota Garee To'atamoofi Garee Yaalii

a) Qaaccessa Qormaata Yaaliin Boodaa 3ffaa Kan Barattoota Garee To'atamoo





Paay- Chaartii 4.3: Firii qormaata yaaliin boodaa 3ffaa kan garee to'atamoo

*(Madda: Firii qormaataa barattootaan argamee SPSS irraa bahe,2021)*

Paay-chaartii 4.3 kan mul'isu barattoota garee to'atamoo qormaata yaaliin boodaa 3ffaa qoraman keessaa14.29% kan ta'an qabxii giddu-galeessa galmeessisanii jiru. Akkasumas 60.71%ta'an qabxii gaarii kangalmeessisan yoo ta'uu, 25% kan ta'an ammoo qabxii baay'ee gaarii galmeessisanii jiru. Waliigalatti baratoonni garee to'tamoo kan 85.71% ta'an qabxii gaarii fi baay'ee gaarii galmeessisanii jiru.

b) Qaaccessa Qormaata Yaaliin Boodaa 3ffaa Kan Barattoota Garee Yaalii




**Paay-Chaartii 4.4: Firii qormaata yaaliin boodaa 3^ffaa kan garee Yaalii**

*(Madda: Firii qormaataa barattootaan argamee SPSS irraa bahe,2021)*

Paay-chaartiin 4.4 kan mul'isu barattoota garee yaalii qormaata yaaliin booda fudhatan keessaa7.1% kan ta'an qabxii giddu-galeessa kan galmeessan yoo ta'uu, 42.86% kan ta'an ammoo qabxii gaarii galmeessisani jiru. Kan hafan 50% kan ta'an ammoo qabxii baay'ee gaarii galmeessisanii jiru. Walumaagalatti barattoonni garee yaalii kana keessa qabxii gaarii fi baay'ee gaarii kan galmeessisan 92.86% ta'uu.

**Qaaccessa Tii -Teestii (T-Test) Qabxii Qormaata Yaaliin Boodaa 3^ffaa Barattoota Kan Garee To'atamooFi Garee Yaalii.**

**Gabatee 4.9: Istaatiksii iddattoo cimdii (Paired Samples Statistics)**

**Paired Samples Statistics**

| | | Mean | N | Std. Deviation | Std. Error Mean |
|---|---|---|---|---|---|
| Cimdii (paired)1 | Garee to'atama | 4.11 | 28 | .629 | .119 |
| | Garee yaalii | 4.43 | 28 | .634 | .120 |

Xiinxalli  Istaatiksii iddattoo cimdii ( paired sample satatistics) armaan olii kun kan mul'isu, qabxiin giddu-galeessa kan barattoota garee to'atamoo 4.11, yoo ta'uu kan  garee yaalii ammoo 4.43 ta'uu agarsiisa. Ammas akkuma qormaata yaaliin booda $1^{ffaa}$ fi $2^{ffaa}$ qabxiin giddu-galeessa garee yaalii caalmaa agarsiisee jira.

**Gabatee 4.10: Xiinxala iddattoo cimdii (paired samples test)**

**Paired Samples Test**

| | | Paired Differences | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 95% Confidence Interval of the Difference | | | | |
| | | Mean | Std. Deviation | Std. Error Mean | Lower | Upper | T | Df | Sig. (2-tailed) |
| Cimdii (paired)1 | Garee To'atamoo Garee Yaalii | -.321 | .612 | .116 | -.559 | -.084 | -2.780 | 27 | .010 |

Gabateen Xiinxalli iddattoo cimdii (paired Sample test) kun kan agarsiisuu garaagarummaan qabxii giddu-galeessa garee to'atamoofi garee yaalii giddu jiru 0321 ta'uu mul'isa. Akkasumas gatiin (value) garaagarummaa cimdii tii-teestii (p)= 0.010 galmaa'ee jira. Sababa p<0.5 yookiin alphaa leevilii istaandardiidhaa gadi waan ta'eef, garaagarumman garee to'atamoofi garee yaalii gidduu jiru murteessaa (significant) dha.

Gabatee 4.11:Cuunfaa qaaccessa garaagarummaa firii qormaata garee to’atamoofi  yaalii

| **Qormaata yaalii dura** | **Qabxii giddu-galeessa** | **Garagarumma Qabxii giddugaleessa** | **Gatii P (Sig. (2-tailed)** | **Sadarkaa Murteessumma (Significance Level)** |
|---|---|---|---|---|
| Garee To’atamoo | 3.00 | 0.0.36 | 0.894 | P=0.894>0.5<br>Murteessaamiti<br>(insignificant) |
| Garee Yaalii | 3.04 | | | |
| **Qormaata Yaalii booda 1ffaa** | | | | |
| Garee To’atamoo | 3.54 | 0.500 | 0.020 | P=0.020<0.5<br>Murteessa dha.<br>(significant) |
| Garee Yaalii | 4.04 | | | |
| **Qormaata Yaalii booda 2ffaa** | | | | |
| Garee To’atamoo | 3.75 | 0.5 | 0.24 | P=0.24<0.5<br>Murteessa dha.<br>(significant) |
| Garee Yaalii | 4.25 | | | |
| **Qormaata Yaalii booda 3ffaa** | | | | |
| Garee To’atamoo | 4.11 | 0.321 | 0.010 | P=0.010<0.5<br>Murteessa dha.<br>(significant) |
| Garee Yaalii | 4.43 | | | |

Gabateen qaaccessa garaagarummaa armaan olii kun kan mul’isu, barnoota yaaliin duraa barattoonni garee to’atamoo qabxii giddu-galeessa 3.00 kan galmeessan yoo ta’uu kan garee yaalii ammoo 3.04 galmeessisanii jiru. Garaagarummaan qabxii giddu-galeessa garee lamaanuu gidduu jiru qabxii 0.036 qofa dha. Akkasumaas yaaliin dura gatiin ‘P’ ykn **(**Sig. (2-tailed)=0.894 galmaa’ee jira. Gatiin P galmaa’ee kun Alphaa Leevilii Istandaardii yookiin 0.5 dhaa olii waan ta;eef, garaagarummaan garee to’atamoofi  garee yaalii giddu jiru murteessaa miti (insignificant) dha. Kun kan mirkaneessu, barnoota yaaliin duraa gareen lachuu sadarkaa walfakkaataa irraatti kan argaman ta’uu mul’isaa.

Gama birootiin qormaata yaaliin boodaa 1ffaa irratti, barattoonni gareen to'atamoo qabxii giddu-galeessa 3.54 yoo galmeessisan, barattoonni garee yaalii ammoo 4.04 galmeessisanii jiru. Garaagarummaan qabxii giddu-galeessa garee lamaanuu giddu jiru gara 0.5 tti ol guddatee jira. Akkasumaas qormaata yaaliin booda 1ffaa irratti gatiin 'P' yookiin**(**Sig. (2-tailed)=0.020 galmaa'ee jira. Gatiin P galmaa'ee kun Alphaa Leevilii Istaandaardii yookiin 0.5 dhaa gadi waan ta'eef, garaagarummaan garee to'atamoofi garee yaalii gidduu jiru garaagarummaa murteessaa yookiin (significant) dha. Akkasumas qormaata yaaliin boodaa 2ffaa irratti barattonni garee to'atamoo qabxii giddu-galeessa 3.73 yoo galmeessisan, kan garee yaalii ammoo 4.25 galmeessisanii jiru. Garaagarummaan qabxii giddu-galeessa galmaa'ee ammoo akkuma qormaata yaaliin boodaa 1ffaa 0.5 dha. Gatiin 'P' **(**Sig. (2-tailed)=0.24 galmaa'ee jira. Gatiin 'P' galmaa'ee kun Alphaa Leevilii Istaandaardii yookiin 0.5 dhaa gadi waan ta'eef, garaagarummaan garee to'atamoofi garee yaalii gidduu jiru garaagarummaa murteessaa ykn (significant) dha. Bifumma wal-fakkaatuun qormaata yaaliin boodaa 3ffaa irratti barattoonni garee to'atamoo qabxii giddu-galeessa 4.11 yoo galmeessisan kan garee yaalii ammoo 4.43 kan galmeessisan ta'uu isaa agarsiisa.Garaagarumman qabxii giddu-galeessa galmaa'ee ammoo0.321dha.Akkasummas gatiin'P'**(**Sig.(2-tailed)=0.010 galmaa'ee jira.Gatiin'P' qormaatayaaliin boodaa 3ffaa kan irratti galmaa'essi, Alphaa Leevilii Istaandaardii ykn 0.5 dhaa gadi waan ta'eef, garaagarummaan garee to'atamoofi garee yaalii gidduu jiru garaagarummaa murteessaa (significant) dha.

Walumaagalatti barnoota yaaliin booda qormaata yaaliin boodaa si'a sadii yeroo garagaraa kenname irratti akka hubatamutti barattoonni gareen yaalii caalmaa olaan agarsiisanii jiru. Akkasumas gatiin 'P'**(**Sig. (2-tailed) qormaata yaaliin booda sadanuu, qabxii Alphaa Istaandardii dha gadi waan ta'eef, garaagarummaan garee to'atama fi garee yaalii gidduuttii mul'ate garaagarummaa murteessaa (significant) ta'uu agarsiisa. Kan jechuun yaaliidhaan booda garaagarummaa guddaan garee to'atamoofi garee yaalii giddutti umameera jechuu dha.Kun kan agarsiisu barruun durdurii hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisurratti barruu mit-durdurii waliin walbira qabamee yammuu ilaalamu gahee olaanaa kan qabu ta'uu isaati.

### 4.3. Qaaccessa Ragaalee Af-Gaaffii Barsiisotaafi Daawwannaa Daree Keessaa

Gaaffii 1[ffaa]. Dandeettiin hubannaa dubbisuu barattoota kutaa 10[ffaa] Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Afaan Oromoo baratan yeroo ammaa kana sadarkaa maalirratti argama?

Barsiisota qorannoo kana keessatti qooda fudhatan keessaa barsiistuun tokko dandeettiin hubannaa dubbisuu barattootaa sadarkaa gadi aanaadha jechuun yaada ishii kennitee jirti. Kanaafis akka sababaatt iwanti ishiin kaafte jalqabumaa fedhii barreeffama dubbisuurratti qabaniyyuu laafaa ta’uu isaati.Barsiisonni sadan immoo giddu-galeessadha jechuudhaan sababni isaan kaasanis barattoonni muraasa ta’an waa dubbisanii hubachuurratti kan dandeetti qaban waan jiranifidha jechuun ibsaniiru. Yaada barsiisota kanarraa wanti hubatamu dandeettiin hubannaa dubbisuu barattootaa sadarkaa barbaadamurratti kan hinargamne ta’uu isaati.Yaaduma kana daawwannaa daree keessatti godhame irraa qoratichi dandeettiin hubannaan dubbisuu barattootaa sadarkaa giddu-galeesaa irratti kan argamu ta’uu isaa mirkaneeffateera.

Gaaffii 2[ffaa]. Gaaffilee dubbisa keessaa bahan yammuu hojechiiftu fedhiifi kaka’umsa barattootaa maal fakkaata? Hanqinni hubannaa dubbisuu hoo isaan irratti ni mul’ataa?

Gaaffii kana bu’uura godhachuudhaan barsiisoota arfan keessaa barsiistuu tokko irraa kan hafe barsiisonni sadi barattoonni gaaffilee dubbisa keessaa bahan hojechuuf fedhiifi kaka’umsi isaan qaban gadaanaa ta’uu isaa yaada isaanii laataniiru. Barattoonni waan hunda barsiisaa irraa eeggachuutu mul’ata jechuudhaan eeranii jiru. Dabalataan barsiisoonni kanneen akka ibsanitti barattoonni fedhiifi kaka’umsa dubbisuu waan hinqabneef barreeffama dubbisanii hubachuurratti ni rakkatu.Yaada barreeffama sana hinhubatan taanaan immoo geeffilee dubbisa keessaa bahan hojeechuu hindanda’an.Bu’uuruma kanaan barattoonni baarreeffama tokko dubbiisanii gaaffilee hojjechuuf fedhiifi kaka’umsi qaban dadhabaa ta’uu isaa qoratichi daawwannaa dareetiin mirkaneeffateera.

Gaaffii 3[ffaa] Hanqinni dandeetti hubannaa dubbisuu barattootaa irratti mul’atu sababni isaa maal maal ta’uu danda’a jetta? s

Akkuma waliigalaatti gaaffii kana jalatti barsiisonni qorannoo yaalii kana keessatti qooda fudhatan hundi isaanii yaaduma walfakkaatu kaasu waan ta'eef, yaada isaan kennan cuunfuun yoo kaa'amu, wantoonni akka hanqina hubannaa dubbisuu barattootaaf sababa ta'uun ka'uu danda'an hedduu yoo ta'an kanneen keessaa murasa isaanii akka armaan gaditti eeraniiru.

- Ogummaa dubbisuutiif xiyyeeffannoo keennuu dhabuudha.
- Shaakallii gahaa ta'e gochuu dhabuu.
- Aadaan dubbisuu isaanii laafaa ta'uu.
- Seen-duubeen isaan dubbisurratti qaban dadhabaa ta'u isaati.
- Fedhiifi kaka'umsa isaan dubbisuuf qaban laafaa ta'uufi kan kana fakkaataniidha.

Qabxiilee barsiisonni akka sababaatti kaasan kanneen irraa ka'uun akka qoratichi hubateetti wantoonni kunniin hubannaa dubbisuu barattootaa irratti kan dhiibbaa uuman ta'uu isaa daawwannaa daree keessatti godhameen walbira qabuun wanti kun qabatamaa ta'uu isaa mirkaneeffatee jira.

Gaaffii 4<sup>ffaa</sup> Barreeffamni kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti argamu hubannaa dubbisuu barsiisuuf hagam mijaawaadha jetta?

Barreeffamni kitaaba barataa irra jiru hubannaa dubbisuu barsiisuuf mijaawaa akka hintaane barsiisonni hundi isaanii af-gaaffii godhame irratti yaada isaanii laataniiru. Qabxiilee muraasa isaan kaasan kanneen armaan gadii akka sababaatti ibsamaniiru. Isaanis

- Keeyyanni barreeffama sanaa nibaay'ata, nidhedheeratas.
- Himoonni barreeffama sana keessatti nidhedheeratu.
- Hiikni jechootaa barattoota hedduutti niulfaatu.
- Barreeffamichi naanoofi jireenya barattootaa haala giddu-galeessa godhateen qophaa'uu dhabuufi kan kana fakkaatan waan ta'aniif barattoonni dubbisanii hubachuuf nirakkatu; ninuffus.Dubbisni kitaaba barataa irra jiru hubannaa dubbisuu barsiisuuf mijaawaa akka hintaane qiratichii daawwannaa daree keessaatiin mirkaneeffachuu danda'eera.

Gaaffii 5ffaa Barattoota kee yammuu hubannaa dubbisuu barsiiftu dalagaalee dubbisuu kanneen dubbisuun dura, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa hagam sirnaan itti gargaaramaa jirta?

Barsiisoota arfan keessaa barsiistuun tokko dalagaalee dubbisuu sadan sirnaan kan hinfayyadamne ta'uu yoo ibsitu sababni ishiin kaastes hanqina yeroon walqabata. Barsiistuun ishiin biroo immoo dalagaa dubbisuun duraafi boodaa fayyadamuu akka yaaltu ibsitee garuu dalagaa yeroo dubbisuu sababa hanqinni yerootiin haala gaariin kan hifaayyadamnee ta'uu ibsitee jirti.Barsiisonni lamaan hafan immoo dalagaalee dubbisuu sadan sirnaan kan ittifayyadaman ta'uu mirkaneessanii dalagaaleen dubiisuu kanneen gochoota hubannaa dubbisuu ittiin barsiisuuf dirqama hojirra oolchuun itti gargaaramuun barbaachisaa ta'uu isaa ibsaniiru. Yaada barsiisota kanarraa wanti qoratichi hubate dalagaalee dubbisuu kanneen barsiisonni hundi bifa walfakkaataa ta'een hojii baruu-barsiisuu hubannaa dubbisuu irratti sirnaan kan itti hin gargaaramne ta'uu isaa qoratichi daawwannaa daree barnootaa keessatti gaggeesseen mirkaneeffatee jirra.

Gaaffii 6ffaa Durduriin Oromoo dandeetti hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisuurratti hagam gahee qaba jettee yaadda?

Barsiisonni qorannoo yaalii kana keessatti hirmaatan hundi isaanii gahee durduriin Oromoo hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu ol aanaa ta'uu isaa ibsanii jiru.Sababni barruu durdurii hubannaa dubbisuu barsiisuuf dhimmoonni filatamaa isa taasisan keesaas kanneen armaan gadii akka qabxii ijootti kaasanii jiru.

- Barattoonni durdurii irratti beekumsa seen-duubee cimaa qabu waan ta'eefi.
- Barattoonni qabiyyee seeneffama durdurii keessa jiru hunda jireenya isaanii waliin walqabsiisuun hubachuu waan isaan dandessisuufidha.
- Barattoonni durdurii irratti muuxannoo kuufamaa waan qabaniifi.
- Durduriin miira nama bashannansiisuufi gammachiisuun waan dhiyaatuuf fedhiifi kaka'umsa dubbisuu barattootaa keessatti nihora waan ta'eefi.
- Barattoonni nuffii tokko malee itti gammadaa dubbisuu akka danda'an isaan hawwata waan ta'eefi.

- Durduriin jireenya hawaasaa waliin hariiroo bu'uura cimaa waan qabuuf,barattoonni beekumsa duudhaa hawaasaa duraan qaban baasanii akka itti gargaaraman human guddaa kan qabu ta'uu isaatiifi kan kana fakkaatanidha.Dhimma kana ilaalchisees qoratichi yammuu qorannoo yaalii kana gaggeessaa jiruufi daawwannaa daree keessaatiin gahee barruun durdurii hubannaa dubbisuu barsiisuuf qabu daran olaanaa ta'uu isaa mirkaneeffachuu danda'ee jira.

Gaaffii 7ffaa Barruu durduriifi miti-durduriitti gargaaramuun hubannaa dubbisuu barsiisuu gidduu garaagarummaa nijira jettee yaaddaa? Akkamitti?

Barruu durduriifi miti-durdurii gidduu garaagarummaan guddaa kan jitu ta'uu isaa barsiisonni afranuu kan ibsan ta'uu isaa yaada isaan af-gaaffiirratti kennan irraa hubachuun danda'ameera. Kunis barruun miti-durdurii yeroo baay'ee dandeettii muuxannoofi sadarkaa barattootaa akkaataa giddu-galeessa godhateen qophaa'ee kan hindhiyaanne ta'uu isaa eeranii jiru..kanrraa kan ka'ees barattoonni barruu kana sirnaan dubbisanii hubachuuf nirakkatu. Sababiin isaas barruu miti-durdurii yammuu dubbisan yeroo baay'ee miira nuffisiisaa ta'eetu irratti mul'ata waan ta'eefi. Karaa biraatiin barruun miti-durdurii keeyyannifi himoonni waan dhedheerataniif akka barruu durduriitti miiraafi qalbii barattootaa kan harkisu miti jedhu.

Yaada barsiisota kanneen irraa akka qoratichi hubatutti barruu durduriifi miti-durdurii gargaaramuun hubannaa dubbisuu barsiisuu gidduu garaagarummaa guddaan kan jiru ta'uu isaa daawwannaa daree keessatti godhamefi yammuu qorannoo yaalii gaggeessaa jirutti dhimma kana mirkaneeffachuu danda'eera.

Gaaffii 8ffaa Akka barsiisaa Afaan Oromoo tokkotti, dandeettiin hubannaa dubbisuu barattootaa akkamiin fooyya'uu danda'a jettee yaadda?

Barsiisonni Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Afaan Oromoo barsiisan kanneen qoranicha irratti hirmaatan hundi isaaniituu akka yaada furmaataatti qabxiilee walfakkaataa armaa gadii eeraniiru**.**

- Dandeettiwwaan afaanii keessattuu ogummaa dubbisuurratti xiyyeeffannoon hojjetamuutu irra jiraata.
- Barattoota hanqina hubannaa dubbisuu qaban kophaatti adda baafamanii shaakalsiisuun dandeettii isaanii akka fooyyeeffata gargaaruu barbaachisaadha.
- Durdurii, asoosamoota gaggabaaboo walitti qabuun dareetti fiduudhaan barattoonni akka ittiin shaakalan taasisuun fedhii dubbisuu itti horuu.
- Mana barumsaatti torbee keessatti guyyaa lama sagantaa dubbisuu akka qabaatan taasisuun akka shaakalan brattoota gargaaruu.
- Mana keessattis maatiin barattootaa sagantaa dubbisuu qopheessuudhaan ijoolleen isaanii akka aadaa dubbisuu gabbifatan godhan jajaabeessuu.
- Yammuu kitaabni dubbisaa barattootaaf qophaa'u ofeeggannoofi xiyyeeffannoo akka barbaadu ogeeyyiin barnoota afaaniirratti qooda fudhatan itti yaaduu qabu.
- Barreeffamni dubbisaaf qophaa'u beekumsa adaafi duudhaa hawaasichaa akkaataa giddu-galeessa godhateen osoo xiyyeffate filatamaadha.
- Kitaabileen barnoota afaanii yammuu qophaa'ani dandeettiifi sadarkaa barattootaa waliin bifa walsimachuu danda'uun qophaa'uu qaba.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO, YABOO

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon yaalii kun kan adeemsifame Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo baratan bu'uura godhachuudhaan mata-duree qorannoo Xiinxala Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu, jedhurratti kan xiyyeeffateedha. Haaluma kanan jalqaba odeeffannoo dimshaashaa waa'ee odeefkennitootaan walqabatee odeeffannoon yookiin ragaan irraa argame qaacceffameera.( Gabatee 4.1 ilaalaa).Qorannoo kana keessatti barattoonni kutaa 10ffaafi barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan akka madda odeeffannoo tokkoffaatti fudhatamniiru.Meeshaaleen funaansa ragaaf itti dhimma bahames qormaata, af-gaaffiifi dawwannaa daree keessaati.Kanaafis, qormaata yaaliin duraafi yaaliin boodaa barattoota garee to'atamoofi garee yaaliitiif keennameen odeeffannoon firii qormaata barattoota garee lamaanuu irraa argamee jira.Barsiisota Afaan Oromoo barsiisan immoo af-gaaffii dhiyeessuudhaan odeeffannoon irraa funaanamee jira. Odeeffannoo af-gaaffiin argame kanas daawwannaa daree keessatti godhameen ragaa qabxiilee mirkannaa(cheekliistii) irratti galmaa'een mirkaneeffameera.Ragaawwan meshaalee kanneeniin walitti qabaman immoo mala qaaccessa ragaalee hammamtaafi akkamtaatti gargaaramuudhaan lakkofsaafi jechaan ibsuudhaan qaacceffamaniiru.Haaluma kanaan ragaaleen firii qormaata yaaliin duraafi yaaliin boodaa barattoota garee to'atamoofi garee yaalii irraa argamn mala qaaccessa ragaa hammaamtaa bu'uura godhachuunmoosaajii(software) spss varshinii23fi Tii-Teestii(T-Test) gargaaramuun qaacceffameera.Moosaajii (software) spss kanaan odeeffannoowwan qaacceffamanis gabatee,baar-chaartiifi paay-chaartiitiin agarsiifamee jira. Gama biraatiin ragaaleen af-gaaffii barsiisota irraa argamanifi dawwannaa daree keessatti godhamee cheekliistiin mirkanneeffannaa immoo mala qaaccessa raga akkamtaatti gargaaramuun jechaan ibsamanii qaacceffamaniiru.

## 5.2. Argannoo

Qorannoo yaalii kana keessatti odeeffannoowwan boqonnaa afur jalatti qaacceffaman argannoowwan bu’aa qorannoo kanaa akka armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

1. Akka bu’aan qorannoo yaalii kanaa agarsiisutti, barattoonni Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafoo kutaa 10ffaa Afaan Oromoo baratan barreeffama Afaan Oromoo dubbisanii hubachuurratti dandeettiin isaan qaban gadaanaa ta’uun isaa hubadheera.

2. Barattoonni barruu tokko dubbisanii sirnaan hubachuurratti hanqinni irratti nimul’ata.Kanaafis dhimmoonni akka sababaatti ka’an keessaa kanneen arman gadii ta’u isaanii adda baafadheera. Isaanis

- Akaakuun barruu hubannaa dubbisuu barsiisuuf ta’u mijaawaa ta’uu dhabuu,
- Barruu dubbifamu sana keessatti keeyyattoonni baayyachuu,
- Himoonni dhedheerachuu,
- Caasaan himootaa walxaxaa ta’uu,
- Hiikni jechootaa barattoota hedduutti kan itti ulfaatan ta’uusaati.
- seen-duubeen barattootaa hubannaa dubbisurratti qaban laafaa ta’uufi kkf akka ta’an hubachuun danda’ameera.

3. Gaheen durduriin Oromoo hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisuu keessatti qabu olaanaa ta’uusaa bu’aa qorannoo kanarraa hubadheera.

  - Kanas yeroo shaakalliin barnoota hubannaa dubbisuu daree keessatti gaggeeffamaa jirutti hubatameera.
  - Akkasumas firii qormaata barattoota garee yaalii irraa mirkaneeffachuun danda’ameera.

- Fakkeenyaaf,qabxiin giddu-galeessa qormaata yaaliin boodaa 1ffaa, 2ffaafi 3ffaa barattoota garee to'atamoo 3.54, 3.73fi 4.11 yoo ta'u, qabxiin giddu-galeessaa kan garee yaalii immoo 4.04, 4.25fi 4.43 ta'uu isaa namatti agarsiisa.

4. Barruu durduriifi miti-durduriitti gargaaramuun hubannaa dubbisuu barsiisuu gidduu garaagarummaan guddaa kan jiru ta'uu isaa firii qormaata barattootaa irraa adda baafachuu danda'eera.

- Karaa birootiin baruun durdurii, barruu miti-durdurii caalaa hubannaa dubbisuu barsiisuuf daran hawwataadha.
- Kunis fedhiifi kaka'umsa dubbisuu barattootaa kan dabale ta'uu isaa yammuu barattoonni shaakalli gochaa jiranitti daawwannaa daree keessaatiin mirkaneeffachuun danda'ameera.

5. Barruu durduriifi barreeffamoota gaggabaaboo kanneen birootti gargaaramuudhaan hubannaa dubbisuu barsiisuun nidanda'ama.

- Kanarraan kan ka'ees hanqina dandeettii hubannaa dubbisuu barattootaa fooyyeessuun ni danda'ama.
- Bu'aan qaaccessi ragaalee qorannoo kanaa agarsiistuudha .

### 5.3. Yaboo

1. Dubbisuun ogummaawwan afaanii kanneen birootiif akka bu'uuraatti ilaalama. Kanaafuu barsiisonnifi maatiin barattootaa hubannaa dubbisuu barachuu barattootaa irratti osoo xiyyeeffannoo keennanii irratti hojjetan hubannaan dubbisuu barattootaa nidabala ta'a.

2. Dhimmoota hubannaa dubbisuu barattootaaf akka hanqinaatti ka'a irratti barsiisonni osoo xiyyeeffannoon hojjetan sababoota hanqina uuman kanneen xiiqqeessuun nidanda'ama.

3. Gahee barruun durdurii hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisurratti qabu olaanaa waanta’ef keessattuu barsiisonni sadarkaa tokkoffaa barsiisan barruu durduriitti gargaramanii osoo hubannaa dubbisuu shaakalsiisan barattoonni hubannaa dubbisuu irratti bu’uura qabatanii gara sadarkkaa lammaffaatti ce’uu danda’u.

4. Barattoonni maatii isaanii irraa waa’ee durdurii dhaggeeffachaa guddatu waan ta’eef maalummaa durduriifi dhimmoota caacculee durdurii waliin walqabatee beekumsa seenduubee niqabaatu.Sababa kanaan kan ka’eedhas yammuu barruu durduriitiin hubannaa dubbisuu baratan barruu mit-durduriin kan baratan caalaa qabxiin isaanii fooyya’ee kan mul’atu. Kanaafuu barsiisoonni barruuwwan gaggabaaboo kan akka durdurii, af-seenafi asoosamoota gaggabaaboo fayyadamanii osoo barattoota shaakalsiisan hubannaan dubbisuu isaanii cimaa adeema jedhameetu amanama.

5. Namni waa dubbisuu amaleeffate beekumsa hundagaleessa ta’e argata .Kanaafuu barattoonni hubannaa dubbisuu isaanii fooyyeeffachuuf barreeffamoota gaggabaaboo barbaadanii dubbisuu shaakaluu qabu.

## WABII


Abarraa Kaasayee. (2010). *Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10 ffaaf*, Finfinee, Oromiyaa.

Adunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaad-Rimee Qorannoo Hujoo*, Itoophiyaa Ifisheensii Piriintiingi Pirees

Anderson. R,Hiebert.E, Scott.J.and Wilkinson.I. (1985). *Becoming a nation of readers: The report of the commission on reading*, Washington,DC, National Institute of Education and the center for the study of reading.

Alderson, J.C.(2000). *Assessing reading.Cambridge*: Cambridge University press.

Beekan Gulummaa. (2015). *Tuujuba:Saayinsiifi Dandeettiwwan Afaanii*, Finfinnee, Oromiyaa, Elleni P.P.PLC.

Barhanu Matthews. (2009*). Fundamentals of Literature*, Addis Abeba, Alpha printers PLC

Dastaa Dassaalany. (2013). *Buura Qorannoo*, Finfinnee, Far-East Trading plc.

Filee Jaallataa.(2019). *Malleen Qorannoo*, Finfinnee, Oromiyaa, Mana Maxxansaa ADP (ADP printing press.)

Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*,Finfinnee, Oromiyaa.

Finnegan Ruth. (1970*). Oral Literature in Africa*, Nairobi, Oxford University press.

Geetaachoo Rabbirraa. (2006).Quba Qabduu: Bu`auraalee Barnoota Afaan Oromoo,

Dhaabbata Maxxamsaa Pedagogy on Action And Research College.

Geetaachoo Rabbirraa. (2016). *Furtuu: Seerluga Afaan Orommoo*, Finfinnee, Dhaabbata Maxxansaa Kuraaz Intarnaashinaal.

Gooman, K..(1988).*The reading process in carrel IP*.RevineJand E skey D(Eds).

Grabe,W.(1991). Current developmentsin second language reading research. TESOL Quarterly, 25 (3) :375_406

Grabe. (2009). Reading in a second Language Moving from Theory to practice, Cambridge University Press.

Grellet,F.(1996). Developing reading skills:A practical guide to reading comprehension exercises. Cambridge University press.

Harmer,J.(2001). *The practice of English Language Teaching*, Harlow, Pearson Education Limited.

Hill,J.(1986). *Using Litrature in Language Teaching*, London, Macmillan Publishers Ltd.

Jaarraa Wasanee. B fi Wasanee Bashaa Yaadatee. (2008). *Bantuu Haaraa:Caaslugaa fi Ogbarruu Afaan Oromoo*, Finfinnee, Oromiyaa.

Kintsch,E.(2005).Comprehension theory as a guide for the design of thoughtful questions. Topics in language Disorders,25(1):51_64.

Lauritzen, Carol. (1980). *Oral Literature and the Teaching of Reading*, International Reading Association.

Lazar, G.(1993).Litrature and language teaching.A guide for teachers and trainers,USA, Cambridge university press.

Maammoo Mangashaa. (2007). *Dubbisuu Barsiisuu Kutaa Salgaffaa Keessatti*. MA Thesis Hinmaxxanfamne. Yunivarsiitii Addiis Ababaa, Addiis Ababaa.

Masarat Yohannis.(2018).Asoosama Gaggabaaboo Fayyadamuudhaan Dandeettii

Barreeffama Afaan Oromoo Dubbisuu Gabbisuu(Qorannoo Yaalii Barattoota Kutaa 11ffaa Irratti Gaggeeffame.(MA Thesis) Hinmaxxanfamne. Yunivarsitii Addis Ababaa, Addis Ababaa.

Miller,J.G. (2002). *Bringing culture to basdic Litratureand language teaching.A guide for teachers and trainers,* Cambridge university press, USA. psychological theory_beyond individualism and collectivism: comment on Oyserman et al. (2002). Psychological Blletin, 128:97_109.

Misgaanuu Dirribaa .(2018). *Xiinxala Hubannoof Dubbisuu Barattoota Daree Barnootaa Afaan Oromoo* :Godina Jimmaa Aanaa Noonnoo Beenjaa Mana Barumsaa Qophaa ‘inaa Algaatti . (MA Thesis) hinmaxxanfamne. Yunivarsiitii Haramayaa.

Misgaanuu Gulummaa.(2013). *Dilbii: Bu`uura Ogafaan Oromoo*, Finfinnee, Oromiyaa.

Misgaanuu Guummaa.(2013*). Oduu durii Oromoo fi kan biroo,* Finfinnee, Oromiyaa.

Mulugeetaa Nagaasa. (2005). *Raagoowwan Oromoo (Oromo oral narratives*), Barruu Hinmxxanfamne, Yunivarsiitii Addiis Ababaa.

Nuttall.C.(1982). *Teaching Reading skills in a foreign languge* London, Heineman Educatinals Books Ltd.

Nuttall,C.(1996). Teaching reading skills in a foreign language, Oxford

Rabbirraa Tarrafaa.(2011*).Gadaa:Caasluga Afaan Oromoo*, Finfinnee,Itophiyaa.

Richard. T,C and S. Rodgers.(1986). *Approach and methods in language teaching*, Cambridge university press.

Ruddell,M,R.(1999).*Teaching content reading and writing*,New York,JohanWiley & Sons Inc.

Tamaam Haaji.Aada.(2010). Qarooma Kuush,Seenaa Ummata Oromoofi Dirreesheek(Nuur) Huseen.Haraamayaa Yunivarsiitii.

Teele, S. (2004). Overcoming barricades to reading a multiple intellgences approach. Thousand Oaks,CA:Corwin press.

Tolamaariyaam Fufaa.(2012).*Afaan Dhalootaa Barsiisuu*,Finfinnee.BarruuHinmaxxanfamne.

Tolamaariyaam Fufaa. (2017). *Caacculee Shanan Dubbisuu Afaan Oromoo*,Addis Ababa, Ethiopia. Advertaising and printing.

Wallase,C.(1992). *Reading. Oxford,* oxford university press.

Wasanee Bashaa.(2008).Bantuu Haaraa: Caasluga Fi Ogbarruu Afaan Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa.

Williams,E.(1984). *Reading in the language class room*, Londo, Macmillan Publishers Ltd.

Yaadasaa Tolasaa. (2008). *Malleen Qorannoo Waligalaa*. Addis Ababaa, Dhaabbata Maxxansaafi Raabsaa Kitaabilee Meeggaa PLC.

Yang,Y. (2006). Reading strategies or comprehension monitoring strategies Reading Pschology, 27,313-3114.

Yitagesu Belete.(2017). Investigating Tthe Role of Literature Texts Indeveloping Students' Reading Comprehension.Unpublished MA Thesis,Addis Ababa University.Addis Ababa, Ethiopia.

ሰሎሞን ተሾመ። (2011)። ፎክሎር። ምንነቱና የጥናቱ የትኩረት አቅጣጫ።

በድሉዋቅጅራ። (1996)። *በስነ-ጽሁፍ ቋንቋን ማስተማር።* ባህርዳር ዩኒቨርሲቲ። አዲስ አበባ።

ዘሪሁን አስፋው። (1992)። *የስነ-ጽሁፍ መሰረታዊያን።* አዲስ አበባ። አዲስ አበባ ዩኒቭርሲቲ።

ያለው እንዳውቅ። (2009)። *የምርምር መሠረታዊ መርሆዎች አተገባበር።* አዲስ አበባ፣ ተፈራ ስዩም ማተሚያ ድርጅት::

ደበበ ኃ/ጊዮርጊስ። (2005)። *ቅድመ ኮሌጅ አማርኛ ለ11ኛ እና ለ12ኛ ክፍል።* አስቴር ነጋ አሳታሚ ድርጅት።

ዳንኤል ዘውዴ ፣አንበሱ ቢያዝን፣ ፍቅሬ ባይለየኝ። (1994)። *የትምህርት ጥናትና ምርምር አተገባበር።* አዲስ አበባ፣ ሜጋአሳታሚ ድርጅት።

ጌታቸው በለጠ። (2007)*። አማርኛ ቋንቋ ከ9ኛ እስከ 10ኛ ክፍል።* አዲስ አበባ። አስቴር ነጋ አሳታሚ ድርጅት፡

## DABALEEWWAN

### Dabalee A: Barannoo-1  Sirna Gadaa

Shaakala 1ffaa Barattoota Garee To'atamoof Qophaa'e

Gilgaala 1:Shaakala Dubbisuun Duraa

A. **Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubbisuutti hinseeniin dura gareen irratti mari'adhaa**
   1. Aadaa Oromoo keessaa maal fa'i beektu?
   2. Waa'ee sirna gadaa maal beektu?
   3. Hawaasni Oromoo naannoo keetii akkamitti walbulcha?Sirna bulchiinsa aadaa irratti hundaa'e qabaa?

B. **Jechoota  armaan gadii osoo gara dubbisuu hinseeniin dura, hiika isaanii tilmaami.**

1. laayyoo    2. yaa'ii    3. luboota    4. taayitaa

**Sirna Gadaa**

Ummanni Oromoo aadaa bal'aafi dagaagaa ta'e hedduu qaba.Kanneen keessaa aadaan sirna gadaa isa tokko. Gadan sirna ittin bulmaata ummata Oromooti. Sirni kunis bakkka adda addaatti haala adda addaa qabaachuu nimala. Ta'uuyyuu garaagarummaa irra tokkummaa isaatu caalee mul'ata. Fakkeenyaaf, kan gara Booranaa yoo fudhanne,sadarkaa ja'aafi sanaa olqaba.Isaanis Kuuchuu,Raaba, Dabballee, Doorii, Lubaafi Gadaa jedhamanii beekamu.Gara Shawaatti ammo Ittigala, Dabballee, Foolleefi Luba jedhamanii beekamu.Kun kan nutti agarsiisu sadarkaas ta'e, haalli Sirni Gadaa itti geggeeffamu garaagarummaa laayyoo qabaachuu isaati. Karaa biraatiin ammoo sirni guguddaan haaluma tokkoon kan adeemsifamu nijira.

Sirni Gadaa adeemsa mataa isaa qaba. Fakkeenyaaf yaa'ii Oromoonni odaa jalatti godhatan keessatti Abbaan Bokkuu karaa mirgaa yoo taa'u, qondaaltoonni kaan karaa bitaa akka hangafummaa lammiifi umrii isaanitti walitti aanuudhaan taa'u. Mariinis yammuu adeemsifamu, kan dubbatan hangafaafi quxisuu umriin waleeganiiti. Namoonni yaa'ii

kanarratti argaman hunduu yaada kennuufis ta’e murtii dabarsuuf ilaalcha isaanii ibsuuf mirga guutuu qau. Garuu murtiin “garee taayitaa gubbaa jiruun” tokkicha darbinaan hojiirra oolchuun garee hawaasa sanaati. Egaa yeroo Abbaan Bokkuu haaraan filatamu akkanumaatti geggeeffama. Filannoon yaa;ii sanaan geggeeffamu Abbootii Bokkuu darban keessaa isa umriin hangafa ta’een yammuu ta’u, kennaa sagalee gaafa sanaa kan too’atan luboota taayitaa gadi lakkisuuf qophiiirra jiran. Namoonni tokko tokko lammii irraa filatamanii akkuma baayyina ummatichaatti bakka bu’uudhaan ergamu.

Haala adeemsa filannoo kanaan luboonni mo’atan guyyaa shanafaatti taayitaa luboota darban irraa fudhachuun sadarkaa Abbaa Bokkuutti darbuuf ayyaana “ Dagaagaa” jedhamu qopheessu. Ayyaanni kun kan dhangaan itti nyaatamee dhugamu, akkasumas waan mo’ataniif kan itti gammadamu. Odaa jalatti walgahiin godhamee aangoon Abbaa Gadaa haaraatti dabarfama. Barri haaraan nijalqabama. Abbaan Gadaa inni darbee Bokkuu (Baallii) Abbaa Gadaa haaraatti kenna. Geeddarri aangoofi mootummaa walharkaa fuudhuu Bokkuutiin erga xumurame booda, mootummaaniifiqondaaltonni haaraan yaa’ii caffee sanaa irratti “ Seera haaraa” waggaa saddeettan dhufu ittiin biyya bulchan tumu.

Mariin seera tumuu osoo hinjalqabiin,Abbaan Gadaa inni haaraan buttaa qalee baala jiidhaa muka magariisaa irraa cabe dhiiga kormaa qa’ame keessa cuubee yaa’icha gidduu dhaaba. Arsaan dhiiga sanaa ummanni Orommoo dhiigaafi hiddaan tokko ta’uu isaa ibsa. Baalli jidhaan nageenya, dureessummaafi walhoruu ummata Oromoo ibsa. Marii kanarratti miseensonni hundi akka hangafummaa isaanitti wakeeganii yaada isaanii kennu.Yaanni gumaa qabu yoo dubbatame, alangaa quwwaasuudhaan yaada bayeessa dubbachuu isaa calaqqisiisu. Namni hojiidhuma kanaaf ramadame jira.

Adeemsa marii seera haaraa irratti godhamu kun dargaggootaaf bakka itti dubbii dhaggeeffachuu baratan ta’ee tajaajila. Mammaaksa, hidda dhalootaafi seenaa isaanii wayitii dubbatamu dhaggeeffachuudhan, dooyaa itti baratan taasifatu. Xumura dubbii irratti namni hunduu yaada isaa guduunfuuf qabxiilee irra darbe yookiin irraanfate yaadatee akka ibsuu yeroon nikennamaaf. Caffichi seera irratti marii isaa yeroo xumuru, Abbaan Gadaa haaraan sun garee isaa wajjin ummatas bakka bu’uudhaan Waaqa kadhatee, eebbisee, keessummoota dhufan geggeessa.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisi qalbeeffadhu; sana booda dubbisicha saffisaan dubbisaa gaaffiiwwan kanneen deebisi.**

1. Gadaa jechuun maal jechuudha?
2. Sadarkaa Sirna Gadaa Booranaa ibsi
3. Adeemsa Sirna Gadaa Oromo ibsi.
4. Ayyaanni "Dagaagaa"eenyuun qophaa'a? Maaliif?
5. Mariin seera haaraarratti godhamu dargaggootaaf tajaajila maalii qaba?

**B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa armaan oliitti dubbiste irratti hundaa'uun "Dhugaa" yookiin "Soba" jechuun sababa wajjin kenni.**

1. Sirni Gadaa bakka adda addaatti haala walfakkaatu qaba.
1. 2.Mariin Sirna Gadaa odaa jalatti yammuu adeemsifamu hirmaattoota gidduutti garaagarummaan bakka taa'umsaafi tartiibaan dubbachuun hinjiru.
2. Namoonni yaa'ii Sirna Gadaa irratti argaman hunduu yaada kennuufis ta'e murtii dabarsuuf ilaalcha isaanii ibsuuf mirga guutuu qabu.
3. Mariin seera tumuu eega jalqabe booda, Abbaan Gadaa inni haaraan buttaa qalee baala jiidhaa muka magariisaa irraa cabe dhiiga korma qalame keessa cuubee yaa'icha gidduu dhaaba

**C. Gaaffiiwwan amaan gadii dubbisa dubbisteerratti hundaa'uun deebii kee barreeffamaan keenni.**

1. Sirni Gadaa bakka adda addaatti haala adda addaa haaqabaatu malee, garaagarummaa isaa caalaa tokkummaa isaatu cimee mul'ata. Kun maaliif ta'e jettee yaadda?
2. Marii Sirna Gadaa irratti maaliif hangafniifi quxisuun waleeganii dubbatu?
3. Marii seera tumuu keessatti hojiiwwan Abbaa Gadaa isa haaraa maal fa'i?
4. Marii seera tumuu keessatti alangaa quwwaasuun maal agarsiisa? Eenyutu quwwaasa?

**D. Jechoota kanaan gadiif akka galumsa isaanitti hiika sirridha jettu filadhu.**

1. Dagaagaa( keeyyata 1)

   A. gabaabaa B. bal'aa C. laafaa D. dhiyoo

2. Adeemsa( keeyyata 2)

   A. jireenya B. seenaa C. akkaataa D. bakka

3. Taayitaa( keeyyata3)

   A. aangoo B. bittaa C. cimina D. qabeenya

4. Tumuu (keeyyata4)

   A. reebuu B. baasuu C. cabsuu D. fudhachuu

5. Dubbii ( keeyyata 5)

   A. lola B. waldiddaa C. haasaa D. beekumsa

**Hojii manaa**

**Gilgaala 3: Shaakala duubbisuun Boodaa**

**A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dubbisteefi muuxannoo kee wajjin walitti fiduun deebii kee barreeffamaan kenni.**

1. Yaada dubbisa armaan olitti dubiste bu'uureeffachuun, yaada Sirna Gadaa irratti qabdu barattoa daree keetiif dgiyeessi.
2. Maanguddoota naannoo keetii gaafachuu, waa'ee Sirna Gadaa irratti baarreeffama tokko barreessuun daree keetiif dubbisi.
3. Adeemsa Sirna Gadaa keessatti namoonni tokko tokko lammii irraa filatamanii akkuma baayyina ummatichaatti baakka bu'uun ergamu. Adeemsi filannoo Sirna Gadaa kun, adeemsa dimokraasii hammayyaa wajjin maaltu wal isa fakkeessa?

**Dabalee A1: Barannoo-2 Guddifachaa**

Shaakala 2ffaa Barattoota Garee To'atamoof Qophaa'e

Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

**A.Dubbisa armaan gadiitti isinii dhiyaate dubbisuun dura, gaaffiiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun dareef afaniin gabaasaa.**

1.Naannoo keessanitti maatiin ijollee maatiiwwan biraa fudhatanii guddisan jiruu? Akkam godhanii guddisu?

2. Osoo maatiin biraa maatii kee irraa sifuudheen siguddisa jedhee akkam godhee maatiin sifudhate sun osoo siguddisee jaallata?

3. Waa'ee guddifachaa maal beektu? Aadaa Oromoo keessatti guddifachaan bakka maalii qaba jettanii yaaddu?

**B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.**

1. dungoo 2. elellaa 3.raaguu 4. caacuu

**Guddifachaa**

Kabajniifi jaalalli ijoolleen saba Oromoo keessatti qaban baayyee guddaadha. Sabni Oromoo yeroo ijoollee guddisuu akka isaan bashannananii yaaddoo tokko malee guddatan hanga danda'ameetti niyaala.Nyaata illee yeroo nyaatu ijoolleen dungoo qabatanii hindhaabbatanu, wajjin nyaatu malee.kanaan ol, Oromoon yoo ilma dhabe kan nama biraa fudhatee akka kan isaatti guddisa. kun guddifachaa jedhama.

Guddifachaan adeemsa mataa isaa qaba. Kunis warri ijoollee dhaban warra ijoollee qaban haalli ittin ijoollee isaanii guddifachuuf gaafatan seera mataa isaa qaba.Adeemsi isaas warri mucaa dhaban warra ijoollee lama, sadii yookiin afur qaban biraatti nama iccitii eegu tokko erganii warra ijoollee kanaa ilaalchisu. Kanaan booda abbaan abaluufi haati abaluu ijoollee keessan keessaa abaluun guddifachuu waan barbaadaniif warra mucaa dhaban kanaaf yoo laattan maal ta'a? jedhee jaarsi dhaqee gaafata. Deebi'aniis, yaada warra mucaa waarra guddisuu barbaadutti himu.

Deebii warra mucaa qabanii irraa argatanitti aanuun wantoonni raawwataman nijiru.Isaanis, yeroo deebii gaarii argatan, warri guddifachuu barbaadan waan mucaan uffatu qopheessu. Haati warraa warra mucaa guddisanii elellaafi caaccuu keewwattee jaarsa dubbii

beekuufiijoollee ol adeemaa ta'e kadhatee baayyatanii gara mana warra mucaa dhaqu. Achi gahanii warri mucaa barbaadan akka isaan guddisan yoo eeyyama kennan abbaafi haadhaaf uffata uwwisanii namoota wajjin mucaa fudhatanii gara mana isaanitti galu. Mucaan erga mana ga'ee booda maqaa gaarii ta'e haaraa baasuuf. Maqaa isaa isa duraa nidhiisu. Sababni isaas mucaa haaraa akka godhatanitti lakkaa'anii maqaa ofii isaanii moggaasuufi.

Kana booda, mucaa guddifachaa kanaaf, kunuunsi gaarii nitaasifamaaf. Umriin mucaa guddaa yoo ta'e illee, haati (ishiin guddiftu) baattee akka mucaa ishiitti urursiti, harama ishiis nihoosifti.Itti aansuun biqila(farsoo), booka(daadhii), buddeenaafi aannan dhiyeessanii abbaan warraafi haati warraa (warri guddisan) waan dhiyaate kana walduraa duubaan unachiisanii eebbisu. Marqaan tolfamee nyaatama. Mucichas akkas jedhanii eebisu: "Quufaan raagi, bookaan raagi, biqilaan raagi, aannaniin raagi!" jedhu. Erga eebbisanii booda, namoota waamanii fuulduratti qabeenyaan keenya kan isaati. Mnnis, kan manaa qabnus, kan alaa qabnus hundinuu kan mucaa keenyaati jedhu. Akkasumas qomoo isaanii jedhama.

Walumaagalatti, guddifachaan kun aadaa Oromoo irraa fudhatamee yeroo ammaa akka seera jabanaatti seerumaan itti hojjetamaa jira. Kanaafuu, guddifachaan saboota adda addaa keessatti jaalala, tokkummaa, walitti dhufeenya,walmararsiifannaafi wal-wajjin jiraachuudhaan tokkummaa uumuu nidanda'a.

**Gilgaala2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuudhaan gaaffiiwwan itti aanani dhiyaatan deebisi.**

1. Guddifachaa jechuun maal jechuudha?
2. Adeemsi guddifachaa maal fakkaata ?
3. Gaheen jaarsaa adeemsa guddifachaa keessatti maal? Maal fa'I raawwata?
4. Mucaan guddifachaadhaaf fudhatame, maaliif maqaan isaa akka jijjiiramu godhama?
5. Erga mucaa guddifachaadhaaf fudhatame booda maaltu raawwatama?

**B. Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaa gadii "Dhugaa" yookaan "Soba" jechuun sababa isaanii wajjin deebisi.**

1. Sabni Oromoo yeroo ijoollee guddisu akka isaan bashannananii yaaddoo tokko malee guddatan hanga danda'ameetti niyaala.
2. Ijoolleen guddifachaaf fudhataman yeroo maatiin isaan guddifate nyaata nyaatan dungoo qabanii dhaabbatu.
3. Mucaan guddifachaaf fudhatame maqaa lama qaate guddata:maqaa isa haaraafi isa durii.
4. Umriin mucaa guddifachaaf fudhatame guddaa yoo ta'e illee, haati(ishiin guddiftu) baattee akka mucaa ishiitti urursitee guddisti.
5. Guddifachaan yeroo ammaa aadaa Oromoo iraa fudhatamuun akka seera jabanaatti seerummaadhaan ittiin hojjetamaa jira.

**Hojii Manaa**

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**A. Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi.**

1. Aadaa Oromoo keessatti guddifachaan faayidaa maalii qaba jettee yaadda?
2. Naannoo keetti aadaan guddifachaa maal fakkaata?
3. Akka waligalaatti dubbisa armaan olitti dubbiste kan irraa maal hubatte?
4. Warri mucaa guddifachaan fudhatan waan dhiyaate duraa duubaan unachiisanii, "Quufaan raagi, bookaan raagi, biqilaan raagi, aananiin raagi!" jedhanii yammuu eebbisan maal jechuu isaaniiti? jechoonni yookiin gaaleewwan eebbaaf itti fayyadaman hoo maal agarsiisu?
5. Faayidaa guddifachaan wali wajiin jiraachuu saboota hedduu biratti qabu maal maal akka ta'e ibsa kenni.

**Dabalee A2: Barnnoo-3 Kunuunsa Qabeenya Umamaa**

Shaakala 3ffaa Barattoota Garee To'atamoof Qophaa'e

Gilgaala 1: Shaakala dubbisuun Duraa

A. **Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun dareef afaaniin gabaasi.**

1. Waa'ee qabeenya uumamaa maal beektu? Waa'ee kunuunsa qabeenya uumamaa hoo ?
2. Wantoota qabeenya uumamaa naanoo keessaniitti argaman keessaa muraasa ibsi.
3. Qabeenya uumamaa naannoo keenyatti argaman akkamitti kunuunsinaa? maaliif kunuunsinaa?
4. Qabeenya uumamaa naannoo keetii kunuunsuuf maalfa'i raawwattee beekta?

**B.Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.**

1. wantoota 2. barbadaa'uu 3. caamsaa 4. tumsa

**Kunuunsa Qabeenya Uumamaa**

Ilmaan namaa adeemsa jireenya isaanii keessatti qabeenya uumamaa hedduu wajjin walitti dhufeenya qabu.Qabeenya uumamaa jechuun lafa irra jiraannuufi wantoota lafarra jiran hunda jechuudha. Isaanis biyyee, qilleensa,bosona, laggeen, haroowwan, albuudaafi walumaagalatti wantoota lubbuu qabaniifi lubbuu hinqabne.Wantoonni uumamaan lafa kanarratti argaman hundi ilmaan namaaf baayyee barbaachisaadha.

Faayidaan ilmaan namaaf qaban guddaa waan ta'eef, wantoota qabeenya uumamaa tahan kana kunuunsuun dirqama taha. Kun ammo akka isaan hinbarbadoofne godhanii fayyadamuun dhaloota dhufuuf dabarsuu ofkeessatti hammata. Kana malees, akka madaalliin uumamaa hinjijjiramneetti eegumsi naannoof godhamu xiyyeeffannoo ol aanaa argachuu qaba.Kun ta'uu baannaan qabeenyi uumamaa ni**barbadaa'a**. Fakkeenyaaf barbadaa'insi bosonaa dhiibbaa hedduu uumama naannoofi jireenya ilmaan namaa irratti fiduu danda'a. Biyyeen akka salphaatti lolaa roobaan akka dhiqamu yookaan bubbeen haramu gochuu danda'a. Dabalataanis, haalli qilleensaa jijjiiramee **caamsaan** akka bu'u gochuudhaan beelli akka dhufus nigodha.

Biyyi keenya qabeenya uumamaa hedduu qabdi.Laggeen gurguddoo, albuudaadda addaa, haala qilleensa garaa garaa, bosona hedduufi kan kana fakkaatan mara **badhaatee** jirti.Haata'u malee, hanga ammaatti qabeenyawwan kanneen irratti qo'annaan guutuu ta'e godhamee hangi isaanii kan beekamu hinfakkaatu. Isaanuma jiru jedhamanii amanamaniif illee tooftaan eegumsaafi malli fayyadama isaanii haala quubsaadhaan hojiirra hinoolle. Sababni guddaan tokko hubannoo kunuunsa qabeenya uumamaa irratti namoonni hedduunqaban. Namoonni hedduun wantoota qabeenya kana bifa itti fakkaateen fayyadamuu ala akkam godhanii **labata** dhufuuf bifa itti fufiinsa qabuun akka fayyadaman irratti hubannoo xiqqaa ta'e qabu.Kanaan kan ka'e,naannoo keenya irratti jijjiiramni madaallii uumamaaguddaan mul'achaa jira.

Jijjiiramni madaallii uumamaas akka gammoojjiin babal'achaa adeemu tumsa. Wantoonni jireenyaaf barbaachisan akka hanqachaa adeemanu godha. Adeemsi akkasii ammoo ummanni jireenya **gadadoo** akka jiraatufi beelatti akka harka kennu godha. Kana malees,faalamni adda addaa waan baayyatuuf, ummanni rakkoofi dhibee adda addaatiif saaxila ba'a. **Madaallii**uumamaa kana hanga deebisanii sirreessanitti yeroo waan fudhatuuf, badii guddaan namarra ga'uu danda'a.

Walumaagalatti, qabeenya uumamaaf kunuunsa gochuu dhiisuun jireenya ilmaan namaa irratti dhiibbaa hammana hinjedhamne qaqabsiisa. Kanaafuu, kunuunsa qabeenya uumamaa ilaalchisee hubannoofi beekumsa ummanni qabu cimsuun dirqama taha. Hojiin jijjiirama hubannoofi beekumsaa ummata keessatti fiduun ammo kan hunda keenyaa ta'uu qaba.Hunda dura garuu,qabeenya uumamaa kunuunsuufi haala gaariin itti fayyadamuun jireenya keenya hubachuufi balaarraa ittisuu ta'u isaa sirritti beekuu qabna.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**A.Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.**

1. Qabeenya uumamaa jechuun maal jechuudha?
2. Wantoota qabeenya uumamaatahan kunuunsuu jechuun maal jechuudha?
3. Barbadaa'insi bosonaa madaallii qabeenyaa uumamaa irratti dhiibbaa akkamii geessisuu danda'a?

4. Kunuunsa qabeenya uumamaa ilaalchisee sadarkaa ummataatti maaltu raawwatamuu qaba?
5. Qabeenya uumamaa kunuunsuun gahee eenyuti? maaliif kunuunsina?

**B. Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaa gadii " Dhugaa" yookiin "Soba" jechuun sababa isaanii wajjin deebsi.**

1. Lafti qabeenya uumamaa keessatti hinramadamu.
2. Tooftaawwan kunuunsa qabeenya uumamaa keessaa tokko wantoota qabeenya uumamaa tahan guutumaa guutuutti fayyadamuu dhiisuudha.
3. Qabeenya uumamaa biyyi keenya qabdu hangi isaanii qorannoon guutumaa guutuutti bira ga'ameera.
4. Madaallii qabeenya uumamaa deebisanii sirreessuun yeroo dheeraa fudhachuu danda'a.

**Hojii Manaa**

**Gilgaala 3: Shaakala dubbisuun Boodaa**

**A. Dubbisa armaan olirratti hundaa'uudhaan jechoota armaan gadiif hiika galumsaa barreessi**

1. Barbadaa'uu ___________________
2. Caamsaa______________________
3. Badhaate______________________
4. Labata________________________
5. Gadadoo______________________
6. Madaalli_______________________

**B. Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo dubbisa irraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi.**

1. Yaanni waligalaa dubbisa kanaa maali? dubbisa kanarraa maal hubatte?
2. Yaada dubbisa armaan olitti dubbiste cuunfuun keeyyata tokko barreessi.
3. Naannoo keetti kunuunsi qabeenya uumamaa maal akka fakkaatu hojjettoota qonnaa naannoo keetti argaman gaafachuun barreeffama tokko barreessi.

4. Akka yaada keetti qabeenya uumamaa dhaloota dhufuuf dabarsuuf maaltu ta'uu qaba jetta?

**Dabalee B:Barannoo-1 Durdurii**

Shaakala 1ffaa Barattoota Garee Yaaliif Qophaa'e

Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A**. Gaaffiwwan armaan gadii osoo gara dubbisichaatti hinseeniin dura gareen irratti mari'adhaa.**

1. Fakkiiwwan armaan olii yommuu ilaaltu maaltu sammuu keetti dhufe?
2. Fakkiiwwan armaan olii kanarraa ka'uun dubisni itti aanu waa'ee maalii sitti fakkaata?
3. Bineeladoota adamoo deeman kana duraan beektaa? Eenyufaadha?
4. Dur durii Oromoo dhageessee beekta? Faayidaa isaa himuu dandeessaa?

**B. Gara dubbisuutti osoo hinseeniin dura jechoota armaan gadii hiika isaanii tilmaami.**

1. faxuulaa 2. Sulula 3. kiyyeessuu 4.mara 5. gumgumuu

**Durdurii**

1.Dur dur leenca, qerransa, waraabeessaafi harretu waliin adamoo deeman jedhama.Guyyaa sadiif walitti aansee homaa dhabanii qonqoon isaanitti taphatte . "Akkamitti akkana ta'a nu keessaa namni cubbuu hojjete tokko jira ta'a malee akkamitti guyyaa sadiif adamsaa oollee waa tokko dhabna? Rakkotu jira malee waaqni akkamitti nutti garaa jabaata" jechaa gumgumuu jalqaban.Kanumaan tokko ol utaalee cubbuu keenyaa jalaa ka'ii gaafachuu qabna jedhe. Kan biraas "Eeyyee, sirrii jette," jedhee jalaa qabe.Hundinuu yaada kanarratti walii galan.

2.Dursee leenci faxuulaatti cubbuu kanaan dura godhe himachutti ka'e. " Natu cubbuu godhe. Gaaf tokko jabbii xiqqoo tokko ganda keessatti argadheen kiyyeessee qabadhee

nyaadhe. Ergasiisii oggaan beela’e ari’e qabannaan hanuman nyaadha,” jedhe. Jarri kuun fuula leencaa laalanii ija keessa walis ilaalaa, mataa raasaa, “ Miti kunis cubbuu miti” jedhan.

3.Achumaan qeerransi quqqufa’ee waan godhe himachutti ka’e. “Jireenya koo keessatti cubbuu suukanneessaan godhe nan qaba, gaaf tokko sulula keessatti re’ee kophaatti baate tokko argadheen qabadhee nyaadhe,” jedhe. Jarri kuunis qeerransa ija keessa laalaa moccorsaa isaa san yaadachaa ija keessa wal ilaalati. “Miti kunis cubbu hinqabu” jedhan.

4. Sadaffaarratti waraabeessi jalqabe. Eeyyee, anis cubbuun godhee tokko jira, guyyaa tokko mana namaa dhaqeen hindaaqqoo namaa qabadhee fudhee deemee nyaadhe,” jedhe. Jarri kuun, “Kunis cubbuu miti” jedhan ajaa’ibsiifachaa.

5. Dhumarratti, dabareen harree ga’ee harreenis cubbuu ishee himachuutti kaate, “ Yeroo rokko namni ba’aa qanqallaa tokko ta’u natti fe’ee karaarra na oofaa jiru namaan walitti dhufee dhaabbatee haasa’aa jalqabnaan amma inni dhufutti karaarra goree marga bubbutadhee achumattan fe’iinsi natti ulfaannaan ittiin ciise; jireenya koo keessatti balleessaa akkasii gochuu koo nan yaadadha” jette.

6. Amma marri isaniyyuu usanii harree ilaaluutti ka’an. Hidhiifi gurra ishii buustee waan isaan jedhan dhaggeeffachuutti kaate. Achumaan hundi isaaniituu akkuma nama aaree mataa dalga raasaa, “Kana cubbuun, cubbuu hamaa! Sababni rakkina keenyaa sii jechuudha,”jedhanii hundi isaanituu, harreerratti yaa’anii kukkutanii ishee nyaatan jedhama.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. **Gaaffiwwan armaan gadii dubbisarratti hundaa’uun yaada sirri ta’e *Dhugaa,* yaada sirrii hintaane immoo *Soba* jechudhaan deebii kee barreessi**.

1. Duulli bineeyyii kanaa milkaa’eera jechuun nidanda’ama.
2. Akka dubbisa kanaatti bineelladoonni marti cubbuu hojjetaniiru.
3. Himni ijoo dubbisa kanaa jalqaba keeyyataarratti argama.

**B. Gaaffiwwan armaan gadii dubbisarratti hundaa'uun, filannoowwan kennaman keessaa kan caalatti sirridha jettu fiadhu.**

1. Kanneen armaan gadii keessaa qoddataa barruu kanaa kan hintaane kami?

   A. Qeerransa B. Qamalee C. Leenca D. Harree

2. Osoo akka cubbuutii kan nyaatamuu qabu,eenyu ture?

   A. Qeerransa B. Harree C. Waraabeessa D. Harree malee hundi

3. Yaada armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?

   A. Harreen cubbuu gooteef natti murteessu jettee sodaattee turte.

   B. Leenci cubbuu raawwateef natti murteessu jedhee sodaatee ture.

   C. Qeerransi cubbuu godhus akka itti hinmurtessine qeensa isaa gadi baasee agarsiisuun ofirraa ittise.

   D. Hundinuu sirriidha.

4. Keyyanni 1ffaa maalirratti xiyyeeffataa?

   A. Adamoon isaanii milkaa'uu dhabuu isaa

   B. Sababa adamoon milkaa'uu dhabeef

   C. Bineensonni adamoof ka'an beela'uu isanii

   D. Qeerreensi, waraabeessifi harreen waliin adamoo deemuu isaanii.

5. Harreen kan nyaatamteef

   A. Cubbuun goote kan warra kaanii waan caaluuf

   B. Foon ishii kan warra kaanirraa waan mi'aahuuf

   C. Leencatti waan murteessiteef

   D. Hunduu sir

6. Keeyyanni 6ffaa maalirratti kan xiyyeeffe sitti fakkaata?

   A. Harree mararfatanii ija keessa ilaaluu isaanii

B. Harreen murtee jaraa sodaachuu ishee

C. Bineeyyii kun harree nyaachuuf murteessuu isaanii

D. Hunduu sirriidha

7. Mammaaksi dhaamsa waligalaa dubbisa knaa sirriitti bakka bu’uu danda’uu kami?

A. Abbaan biyyaa hanga biyyaa gaha.
B. Harreen quufte waraabeessa wajjin taphatti.
C. Kan mootu dhaani jennaan gowwaan galee niitii dhaane.
D. Silmiin bakka laaftu ciniinti.

**C. Gaaffiwwan armaan gadii jechoota yookiin gaaleewwan dubbisa keessaa bahan kanneen dubiisarratti hundaa’uun hiika galumsaa isaaniif ta’uu danda’u filadhu deebisi.**

1. Qoonqoon itti taphatee(keey. 1) jechuun

A. Rakkatan B. Beela’an C. Dhukkubsatan D. Cittaa’an

2. Cubbuu keenyaaf jalaa ka’ii gaafachuu qabna (keey. 1)

A. Safuu B. dhiifama C. Jalaa nubaasii D. Laguu

3. Gumgumuu(keey. 1)

A. Dheekkamuu B. Nyaacuu C. Sagalee gadi qabanii dubbachuu

D . Waan hintaane dubbachuu

4. Faxuulaatti (keey. 2)

A. Boonaatti B. Baacatti C. Ofjajaatti D. Bashannanaatti

5. Kiyyeessee (keey. 2)

A. Rakkisee B. Hacuucee C. Boochisee D. Suukanneessee

6. Sulula (keey. 3)

A. Boolla B. Laga C. Booyii D. Goda

7. Marri (keey. 6)

   A. Muraasni   B. Tokko tokko   C. Hundi   D. Guutuun

8. Hidhiifi gurra buustee (keey. 6)

   A. Gadditee   B. Hubattee   C. Dinqamtee   D. Tuffattee

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**Hojii Manaa**

**Gaaffiiwwan armaan gadii haaluma gaafatamteen hojjedhu dhiyeessi.**

1. Faayidaa dur duriin qabu hiriyoota kee waliin mari'adhu.
2. Durdurii beektu tokko barrssi, dareef dubbisi.
3. Bakka himni ijoo keeyyata keetii itti argamu adda baasi agarsiisi.
4. Ergaan waligalaa dur durii kanaa maali?
5. Qooddattoonni dur durii kanaa eenyufaadha?
6. Dur duriin kun gosa malleen dubbii(dubbi qolaa) kamiin dhiyaate?

**Dabalee B1:Barannoo-2 Leencaafi Re'ee**

Shaakala 2[ffaa] Barattoota Garee Yaalitiif Qophaa'e

Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. **Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubisuutti hinseeniin dura cimdii cimdii ta'uudhaan irratti mari'adhaa.**
   1. Afoolli maali?
   2. Gosoota afoolaa kan beektu maqaa dha'i.
   3. Maalummaa dur durii waan beektu barattoota daree keetiif himi.
   4. Dur durii waa'ee Leencaafi Re'ee jedhu kanaan dura kitaabni dubbistee jiraa? Yoo jira ta'e kitaaba maal jedhu dubbistee beekta?
   5. Dur duriin yommuu seeneeffamu ykn himamu akkamittiin eegalaa?
B. **Osoo barruu ittiaanee dhiyaatu hindubbisiin dura hiika jechoota armaan gadii tilmaami.**

1.Kakuu   2. Lafa dhahe   3.Wixirfachuu   4.Raajii   5. Anniisa

## Leencaafi Re’ee

Bara durii leencaafi re’een waliin duuluuf,waliin deemuuf mari’atan. Re’eenis waan kana shakkitee, “Ani hoo si hinamanuu,akkamiin siwajjin duula?” jetteen. Leenciis deebisee “Si hinyaadhu” jedhee kakateef. Kakuun kunis, “ Yoon si nyaadhe dhalakoof haa ta’u jechuun erga kakate booda waliin deeman.

Itti fufanii osuma deemanii re’een gammoojjii keessa baala funaannachaa deemti. Leenci garuu waan nyaatu tokkollee hinqabu ture.Osuma deemaa jiranii laga guddaa tokko bira ga’an. Laga kanas, re’een salphumatti utaaltee yoo ceetu leenci garuu, anniisa ittiin utaalee sana ce’e waan dhabeef dadhabe. Lagarra maraa oolee achumaan re’ee kana nyaachuun qaba jedhee yaade. Kana booda re’ee sana waamee “Yoon kakuu sana diige maalan ta’aa? Jedhee gaafate.

Re’eenis deebistee “ Lakkii obbo guddaa dhala keef hintolu” jetteen. Innis deebisee, dhala koof jedheen ani amma du’uun qabaa, jedhee laga gamatti utaalee ishee nyaachuuf yoo jedhu, bishaan keessatti lafa dhahe. Osuma du’uuf wixirfatuu “ Raajii na goote dhala keef malee si hingahu naan hinjennee?” jedheen. Isheenis, “Abban kee waan oole maal itti beekta?” jetteen jedham.

**Gilaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**Hoji Daree keessaa**

**A.Gaaffilee armaan gadii dubbisarratti hundaa’uudhaan yaada sirrii ta’eef *Dhugaa* yaada sirrii hintaane immoo *Soba* jechuudhaan deebii kee barreessi.**

1.Seeneeffama kana keessatti qooddattota sadii qaba.

2.Dur duriin kun yoomeessa qaba.

3.Leencaafi re’een baay’ee beela’anii turan.

4.Re’een gonkumaa leenci nagana jettee hinshakkine ture.

**B. Gaaffiiwwa armaan gadii dur durii dubbiste kanarratti hundaa'uun deebii kee barreessi agarsiisi.**

1.Ergaan walliugalaa dur durii kanaa maali?

2.Qooddattoonni dur durii kana keessatti mul'atan eenyu faadha?

3.Leenca moo re'eetu balleessaa qaba? Maaliif?

4."Dhala keetiif hintolu," yoo jettu maal jechuu isheeti?

5."Raajii na goote," yoo jedhu maal jechuu isaati?

**B. Dur durii dubbiste kanarrattihundaa'uudhaan jechootaa fi gaaleewwan armaan gadii hiika galumsaa isaan qaban barreessi.**

1. Kakuu ________________
2. Raajii _________________
3. Annisa _________________
4. Wixirfachuu _____________
5. Lafa dhahe______________________
6. Lagarra maraa oole_________________

**Gigaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**Hojii Manaa**

**Gaaffiwwan armaan gadii akkaatuma gaafatamteen deebisi.**

1. Dur durii kanarraa maal hubatte?
2. Yoomeessa dur durii kanaa baasi agarsiisi.
3. Faayidaan dur durii maali?
4. Kakuu diiguun haawaasa Oromoo biratti akkamitti ilaalam?
5. Cubbuu abbaan hojjete akkamitti ilmati darbuu danda'a?
6. Dur durii kana mammaaksa tokkoon ergaa isaa dabarsuun nidanda'amaa?
7. Dur durii beektu tokko barreessi; dareef dubbisi.

**Dabalee B2: Barannoo-3Durba Morma Lamaa**

Shaakala 3$^{ffaa}$ Barattoota Garee Yaaliitiif Qophaa'e

Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

**A.Gaaffiwwan armaan gadii osoo gara dubbisuutti hinseeniin gareen irratti mai'adhaa.**

1. Gosoota afoola Oromoo dhiyaatan kan beektu maqaa dhahi.
2. Gosoota afoolaa kanneen bifa holoolootiin dhiyaatan adda baasi.
3. Seera dur duriin itti jalqabamuufi itti xummuramu himi.
4. Maddi dur durii Oromoo eenyudhaa? Maaliif?

**B. Gara dubbisuutti osoo hinseeniin dura jechootaarmaan gadii hiika isaanii tilmaami.**

1. Fura 2. Finna 3.Seequu 4.Galaa

**Durba Morma Lamaa**

**1.**Dur dur namichi tokko ilma tokko qaba ture. Innis, ilmi isaa kun akka fuudhee ijoollee horatu hawwii waan qabuuf, itti fuudhuu barbaada. Maarree gaaf kaan gurbaa isaa kanaan intalan sitti fuudhuu barbaada maal jetta jedhee gaafata. Gurbaanis, battaluma sanatti fuudhuuf fedhii waan hinqabaanneef, abbaadhaan tolemaarree ni ta'a garuu, intala morma lamaa naaf kadhu jedheen. Abbaanis tole siif haa jedhu ilmoo too,kanuma ati jetteen siif kadha jedheen.

2.Gaaf kaan oolee bulee intala morma lamaa naannoodhaa barbaadee dhabnaan, gala qopheeffatee barbaacha ka'e. Osuma deemuu laga ce'ee tabba yommuu qabat namicha karaa deemu tokkoon walitti dhufan, nagaa erga walgaafatan booda waliin karaa isaanii qajeelan. Osuma deemanuu loon fura keessaa dheedaniitti dhufan. Loon sun jiboota keessaa hinqaban ture. Namichi loon ilaalee mataa isaa raasuu, " Loon kun baay'ee xiqqoodha!"yommuu jedhu yaani isaa abbaa gurbaatti bittaacha'e, garaa isaatti namichi kun maraatuudha? Loon hanga kana baay'atan xinnoodha jedhaa ofiin jechaa deemsa isaanii itti fufan.

3.Loon bira erga darban booda maa guddaa dallaa hinqabne tokkotti dhufan. Namichi kun ammas manicha ilaalee, "Maal fakkaatti manni yartuun kun?" jedhee yoo dubbatu. Akka duratti ofiin haasa'ee cal'isuu waan hindandeenyeef. Loon baay'een xiqqoo jetta! Mana guddaan xiqqaa jetta! Sammuun kee nagaa hinqabuu?" jedheen.

4.Namichis itt seeqee,"Nama tokko tokkoof dubbiin cinaan itti himuu dhiisii cinaachaayyuu yoo dhahan hingaluuf," jedhee nagaan turi jedhee biraa kute. Abbaan gurbaas osuma kophaa deemuu aduun itti dhiitee mana tokkotti gore. Yaa warran aduutu natti dhihe

nabulchaa?" jedhee warra manichaa gaafate. Achumaan seenaa jechaa mucayyoo geechuun takka gadi ittibaate. Mee nabulchaa jedhe ammas bulaa "Manni kan Waaqaati" jetteen.

5. "Warri kee eessa dhaqan?" jedheen. Warra du'aa dhaqanii nidhufu. Isiin garuu garamii deemtu? Jetteen. "Ilma kootu intala morma lamaa fuudhu malee jennaan barbaacha deemaan jira" jedheen. "Mee yaa ilmoo too bishaan naaf kenni, namicha tokkotu afaan na gogsaa oolee?" jedheen, isheenis "Maal godhee isin gogsaa oole?" jettee gaafatte.

6. Namichi maraatu haata'uu ani hinbeeku erga ganamaa jalqabee, loon hedduu jiboonni keessa hinjirreen, xinnoo, mana guddaa dallaa hinqabneen xinnoo jechaa naan mormee afaan na gogsaa oole jedhee itti hime. Isheenis si'aayinaancaqastee kolfitee "Maal natti kofalta finna koo?" jedheen. Isheenis isinitti miti yaanni namichaa isinii galeere? aabboo jetteen. Innis "Naaf hingalle" jedheen. Ittuma fuftee"Intalli morma lamaa hoo ishee kami? jettee gaaffii dhiyeessiteef. " Kanuma morma lama qabdu kaa ilmoo too" jedheen.Isheenis, "Durba morma lamaa jechuun kan durbummaa ishii hinganne jechuudha" jetteen. Loon baay'atanii jiboonni keessa hinjirre walhoruu waan hindandeenyeef xinnoodha" jechuu isaati. "Manni guddaan dallaa hinqabne ammoo abbuma argeetu itti gora waan ta'eef ulfina hinqabu jechuu isaati." jetteen.

7. Abbaan gurbaas yaada isheefi hiika ishee itti gammadee,yaa ilmoo koo siifuu safuu, yoo atuu durba morma lamaa taate osoo ilma koof si kadhe maal jettaree? jedhee gaafate. Mucayyoonis tole jettee abbaan gurbaas milkaa'ee, mucayyoo gurbaaf akkuma seera fuudhaafiheerumaa aayyaafi abbootti itti kadhate,ittis fuudhe. Mucayyoonis, durba morma lamaa taatee argamte, maatii gurbaafi kan ishees gammachiifte jedhama.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**A.Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa siif dhiyaatee saffisaan dubbisaa deebisi.**

1. Yaanni "Maal fakkaatti manni yartuun kun?" jedhu keeyyata meeqaffaa irratti argama?
2. Dur durii kana keessatti namoonni qooda fudhatan eenyu faadha?
3. Mucayyoon durba morma lamaa ta'uun ishee keeyyata kam keessatti ibsame?
4. Yaanni waligalaa dur durii kanaa maali?

**B.Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisicha irra deebi'uun suuta dubisaa deebisi.**

1. Yaanni namichaa abbaa gurbaatti kan bitaacha'eef maaliif?
2. " Bulaa manni kan Waaqaati" kan jedhe eenyu?
3. "Innis" keeyyata 5ffaa keessatti maal ibsa?
4. Akkuma fuudhaafi heeruma aayyaafi aabbaa yoo jedhu maal jechuu isaati?
5. Loon hedduu jiboonni keessa hinjirre maali?
6. Mana guddaa dallaa hinqabne maali?

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

A. **Gaaffiwwan armaan gadii akka gaafatamteetti deebisi.**

1. Dur durii kana irraa maal hubatta?
2. Dur durii beektu tokko barreessuun dareef dubbisi.
3. Haasawa namoota karaatti walitti dhufan kana irraa maal hubatta?
4. Faayidaa dur duriin kun qabu maali?

**B.Gaaleewwan kanneen dubbisa keessaa bahaniif hiika isaanii barreessi.**

1. Afaan gogse ______________________
2. Mataa raasuu ______________________
3. Cinaan itti hime ____________________
4. Ofiin haasa'e ______________________
5. Itti bitaacha'e ______________________

**Dabalee B3: Barannoo-4 Durdurii**

Shaakala 4ffaa Baratoota Garee Yaaliitiif Qophaa'e

Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

**A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo dubbisuutti hinseeniin dura cimdii, cimdii ta'uudhaan irratti mari'adhaa.**

1. Waraabeessi bineensa akkamiiti?

2. Dur durii waa’ee waraabeessaa kana dura dhageessee yookiin dubbistee beektaa?
3. Gorsa maanguddoo dhaga’uun maala nama fayyada?
4. Gorsa jaarsaa yookiin gorsa hangafa ofii dhaga’uu dhabuun miidhaa inni fiduu danda’u maali? waliin mari’adhaa.

**B. Dubbisa armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika jechootaafi gaaleewwanii kanneen tilmaami.**

1. Qilee  2. Raagaa  3 . Mala dhawuu  4. Abjuu taate  5. Daaraa dhahan

Dur dur waraabeessoonni torba ta’anii karaa adeemu turan.Isaan keessaa inni tokko jaarsa ture. Warri hafan garuu dargaggeeyyiidha.Isaan martuu osoo adeemanii sa’i tokko qilee buutee argan. Yeroo kana warri dargaggoon, “ Sa’a kana qilee keessa buunee nyaanna,” jedhanii waraabeessa isa jaarsaan mari’atan. Innis, “ Lakkisaa dhiisaa, isheenuu waa rakkattu malee achi keessa dhaabattee hin hafnee,” jedhee gorse.

Yeroo kana isaanis, “Lakkii sirumayyuu ammuum qilee kana keessa seennee nyaannu malee asii hindeemnu,” jedhanii didan. Inni **raagaan** garuu,“Ani isinitti himeera, gorsa koo dhaga’atii dhiisaa,” jedheen. Isaan garuu, gorsa jaarsaa didanii sa’attii nyaachuuf qileetti gadi seenan. Jaarsi qilee keessatti isaan dhiisee bakka dhimma isaa gahee yommuu deebi’u, hundi isaaniiyyuu qilee keessaa ija ol babaasu**.** Innis, “Maal hinbaatanii?” jedheen. **Isaanis “**Akka asii itti baanu dhabnee, maal goonu?” jedhanii jaarsicha gaafatan. Innis deebisee,“Egaa sa’a dur daaraa dhooftanii,amma quuftaniittuu, achuma taa’aa malee wanti gochuu dandeessan hinjiru,” jedheen.

Takka turanis yaaddoo itti ta’e. Beellis itti hammaate. Irra deebi’anii, “Maal goonu?” jedhanii jaarsicha gaafatan. “ Jaha ta’aatii tokko nyaadhaa,” jedheen. Jaha ta’anii isa tokko nyaatan. Warreen hafan deebi’anii, “Ammammoo maal goona?” jedhan. **Innis**, “Maal gooturee,shan ta’aatii tokko nyaadhaa,” jedhe. Akkuma inni jedhe shan ta’anii tokko nyaatan.

**Kunis** ta’ee karaan galaa abjuu taate. Mala qilee keessaa ittiin of baasan dhawuus hindandeenye. Ammas, “Nuyi hoo bahuus dadhabnee asittis hafnee, maal nuu wayya?”

jedhanii gaafatan. “Afur ta’aatii tokko nyaadhaa,” jedhe.Akka inni jedhe goodhanii sadi qofatti hafan. Takka jedhanii akkuma sana jedhanii gaafannaan ammas haala sanaan gorsee lamatti hafan. Isaanis “Malli keenya maali?” jedhan. Innis, “Abbaan danda’e isa tokko haa nyaatu,” jedhe.

Warri lamaan hafan walgangalchanii inni tokko moo’ee nyaatee kophaatti hafe. **Innis** akkuma duraan barame, “Amma hoo maal godhu?” jedheen. Jaarsichis, “Ati taa’iitii du’a eeggadhu,” jedheen jedhama.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

***A.*** **Dur durii armaan olitti dubbiste irratti irratti hundaa’uun, yaadoleenarmaan gadii dhiyaatan *“ Dhugaa”* yookiin *“Soba”*ta’uu mirkaneessi.**

1. Yoomeessi dur durii kanaa adda bahee hinbeekkamu.
2. Sa’ttiin waraabeessa baqachuutti qilee buute.
3. Waraabeessi inni jaarsaa waan human hinqabneef warreen kuun qilee akka hin seenne isaan dhorke.
4. Waraabeessaoota warreen dargaggoo keessaa, “ Jaarsi kun maaliif kana jedhe laata?” jedhee hubachuu kan yaale hinjiru.
5. Waraabeessi inni jaarsi bakka dhimma isaa gahee yommuu deebi’u, sa’attiin qilee keessaa ija babaafti.
6. Dhuma irratti waraabeessi isa human cimaa qabutu qofaatti boolla keessatti hafe.

**B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa irratti hundaa’uudhaan deebii sirrii ta’e filadhu deebisi.**

1. Barreeffamni kun keeyyata meeqaan barreeffame?

   A. Sadiin B. afuriin C. Shaniin D.ja’an

2. Gosti afoolaa barruu dur durii kana keessatti argamu isa kami?

   A. Malleen dubbii B. Jechama C. Nameessaa D. Hunda

3. Bineensonni dargaggeeyyii afur ta’anii bineensa tokko nyaachuu isaanii kan agarsiisu keeyyata meeqaffaa irratti ibsamee?

   A. 3ffaa B. 4ffaa C. 5ffaa D. 6ffaa

4. Jechi **…kunis…** ( keey. 4 ) maal agarsiisa?

A. Matima B. Akeektuu C.Bamaqaa antima

5. Jechi **…innis….** ( keey. 2 ) eenyuun ibsa?
    A. Waraabeessa jaarsaa
    B. Waraabeessa jalqaba nyaatame
    C. Waraabeessa Qilee keessatti hafe
    D. Waraabeessa jalqaba sa'attii nyaate
6. Jechi **… isaanis…** ( keey. 2 ) maal agarsiisa?
    A. Waraabeessa jaarsaafi sa'a qilee keessaa
    B. Waraabeessa jaarsaafi miiltoowwan isaa
    C. Waraabeeyyii dargaggoowwanii
    D. Waraabeeyyii lamaan dhumarratti qilee kessaa
7. Dubbisa kanaaf kan mata duree ta'uu danda'u isa kami?
    A. Gorsa Waraabeessa Jaarsaa
    B. Waraabeessa Jaarsaa fi Waraabeeyyii Dargaggeeyyii
    C. Waraabeeyyii fi Sa'a Qilee Keessaa
    D. Sa'a Qilee Keessaa

Hojii Manaa

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**B.Jechoonnifi galeewwan "A" jalatti kennaman dubbisa keessaa bahani.Hiika isaanii "B" jalatti kennamaniin walitti firoomsi.**

| A | B |
|---|---|
| 1.Raagaa | A. Waan hinargamne,soba |
| 2.Martuu | B. Nyaattanii fixxan |
| 3.Gangalchanii | C. Lafarra harkisanii |
| 4.Sirumaayyuu | D. Gonkumaayyuu |
| 5.Abjuu taate | E. Kuusuu |
| 6.Mala dhahuu | F. Tooftaa baafachuu |
| 7.Daaraa dhooftan | G. Umriifi muuxannon kan bilchaate; jaarsa |

**B.Gaaffiiwwan armaan gadii haaluma gaafatamteenhojedhu agarsiisi.**

1. Carraan waraabeessa isa dargaggeessaa dhumarratti qilee keessatti hafee maal ta'a? Maaliif?
2. Faayidaa mallattoo waraabbii dachaa barruu kana keessatti hojiirra oole maali? ibsi.
3. Gorsa waraabeesa jaarsaa kana akkamitti ilaalta?
4. Dur durii kanarraa barumsa maalii argatte? Ergaa isaa mammaaksa tokkoon guduunfuun nidanda'amaa? Mammaaksa kamiin?
5. Seeneeffama dur durii kanarraa ka'uun faayidaa afoolaa ilaalchisee maal jechuu dandeessa?

**Dabalee C: Mana Barumsaa Sadarkaa2ffaa Laga Xaafootti Qormaata Yaaliin Duraa ( pre test) Barattoota Kutaa 10ffaa Garee Yaaliifi Garee To'atamoof Qophaa'e**

**Maqaa____________________________KutaafiDaree__________Lakk.________**

**Yeroon Kenname 1:00**

**Obboo Joobiraafi Leenca**

Bara durii namicha obboo Joobiraa jedhamuu tokkotu ture. Namichi kun baay'ee gaarummaa qaba, Ilma namaa qofa osoo hinta'iin bineensa daggalaallee nimararfata. Namichi kun gaaf tokko imaluuf ganamaan manaa bahee osoo karaa deemuu, iyya namaa "Maaloo!, Maaloo!..." jedhu dhaga'e. Joobiraanis asiifi achi ilaalus sagalee malee namicha iyyu arguu hindandeenye. Karaarraa gara madditti siqnaan boqoonqoo tokko arge. Namichis kan iyyu boqoonqicha keesaa ta'uu hubatee, waan godhu wallaaluun gaddaa ofirra taa'e.

Takka turee tushaa dheeraa fo'ee boqoonqichatti yoo gadhiise namichi haadichatti rarra'ee bahuu akka danda'u mala dhahe. Yeroo gabaabaa keessattis tushaa dheeraa fo'ee, fiixee tokko qabee fiixee tokko boollichatti gadhiise. Tushicha harkisee yammuu baasu kan tushicha qabatee bahe leenca ture. Leencichis Joobiraa galateeffatee deeme. Namichi garuu boqoonqoo keessaa inuma iyya.Joobiraanis yeroo lammaffaa tushicha boqoonqichatti gadi deebise. Yeroo kana namichi haadicha qabatee bahe . Innis, Joobiraa galateeffatee gammadaa gara qe'ee isaatti qajeele. Joobiraanis uumaasaa galateeffataa imala isaa itti fufe.

Yeroo dheeraa booda, bonni hamaan bu'e. Sababa kanaan Joobiraa jalaa loon dhumanii hiyyummaan itti dhufe. Ilmaan isaa beelaafi dhebuun waan dararamaniif nyaata barbaacha adamoo osoo deemuu leenci gaafas inni boolla keessaa baase itti dhufe. Leencichis, huqqina Joobiraa argee "Maal taate?" jedhee gaafateen. Joobiraanis, sababa bonaatiin hiyyoomuu isaa itti hime. Leencichis baayyee gaddee, "Gargaarsa siif goonaa, boru ganama natti deebi'i!" jedhe. Joobiraanis,ganama barraaqaan gara leencichaa deeme.Yeroo deemu leencichi loon inni offatee galu qopheesseefii jira. Joobiraanis loon isaa offatee gale. Maatiin isaas gammachuudhaan simatan.

Waa bubbulee Joobiraan gara gabaa osoo deemaa jiruu,karaa irratti namicha gaaf tokko leenca waliin boollaa baase sanatti dhufe. Nagaa ho'aa erga walgaafatanii booda. Joobiraan sababa bonaatiin hiyyoome akka tureefi leenci hiyyummaa keessaa akka isa baaseefi amma immoo gabaa deemaa akka jiru itti hime.

Namichi garuu, qabeenya Joobiraan argatetti akka malee waan hinaafeef, qabeenya sana irraa saamuu barbaade. Kanaaf jechas hattoota gurguddoo afur magaalaa keessaa fudhatee ganamaan gara mana Joobiraa deeme.Yeroo isaaan achi ga'an Joobiraan reefu hirribaa ka'a. Erga harka walfuudhanii booda, "Waan leenci siif kenne as fidi!" jedhaniin. Joobiraanis waan bittaaf dhufan se'ee yommuu gadi ba'u namichi haqaaqee isa qabnaan, hattoonni immoo wadaroodhaan harkasaa lamaan duddubatti hidhan.

Sanaan booda namichi sun "Qabeenyi kun cufti kan kee miti; leencatu siif kenne. Isaanis, kan walbarte sababa kiyyaani. Kanaaf, qabeenya kana natu fudhachuu qaba," jedhee itti dheekkame. Joobiraan harkaafi miilli hidhamee waan jiruuf, waa takka dubbachuufi warraaquu hindandeenye.

Jarri looniifi qabeenya isaa hunda fudhachuun akkuma qe'ee Joobiraarraa xiqqoo siqaniin, leenci sun itti dhufee cicciree isaan nyaate.Boodarras looniifi qabeenyi hundi Joobiraaf dhaalasaa ta'ee hafe jedhama.

**Qajeelfama: Gaaffileen 1-3tti dhiyaataniif dubbisarratti hundaa'uun, yoo yaanni sirri ta'e *"Dhugaa"* yoo dogoggora ta'e immoo *" Soba"* jechuudhaan deebii kee barreessi.**

1. Obbo Joobiraan taatee boolla keessaa kan arge osoo adamoo deemaa jiruu ture.
2. Dhumarraatti Joobiraa kan gane namicha boolla kessaa ba'e ture.
3. Dhumni seeneeffama kanaa bifa gadisisaa ta'een xumurame.

**Qajeelfama: Gaaffilee 4-20tti dhiyaataniif immoo dubbisa armaan oliirratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filadhu barreessi.**

4. Seeneeffama kan keessatti warreen qooda fudhatan hintaane kami?

A. Leenca B. Joobiraa C. Matii Joobiraa D. Hattoota

5. Yoomeessa seeneeffama kanaa kan ibsu isa kami?

   A. Bara durii B. Daggala keessa C. karaarra D. Afi C

6. Joobiraan jalqabarratti eenyuun boolla keessaa baase?

   A. Namicha B . Leenca C. tushaa D. Afi B

7. Joobiraan leencaafi namicha maaliin boolla keessaa baase?

   A. Haadaan B. Harkaan C. iyyaan D. korteen

8. Namichi boolla keessaa ba'e sun Joobiraan loon baay'ee argachuusaatiif maaltu itti dhaga'ame?

   A. Hinaaffaa B. Gammachuu C. Gadda D. Hawwii

9. Joobiraan maaliif huqqate?
   A. Waan dhukkubsateef
   B. Waan aareef
   C. Sababa bonaatiin horiin isaa waan jalaa dhumeef
   D. Waan roorroon itti baay'ateef

10. Hirmaattoota dur durii kanaa keessaa oolmaa gaarii Joobiraan ooleef karaa badaa ta'een kan deebise eenyu?

    A. Leenca B. namicha boolla keessaa ba'e C. Hattoota afran D. Maatii namichaa

**11.** Jecha tushaa jedhuuf hiika galumsaa kan ta'uu danda'u isa kami?

    A. Wadaroo B. funyoo C. Haada D. Hundi deebiidha

12. Joobiraa iyya namicha boolla kessaa akkamitti dhaga'e?

    A.mana isaa taa'ee B.Osoo karaa deemuu C.Osoo loon tiksuu D.Osoo adamoo deemuu

13. Mammaaksi ergaa waligalaa seenaa dur durii kanaa agarsiisu isa kami?

**A.** Kan dhadhaa afaan kaa'an, dhakaa afaan nama kaa'a

B. Kan taa'umsatti jibban kaatee namatti sirbiti

C. Dhugaan qal'atullee hincittu

D. A fi Cn deebii nita'a

14. .Obbo Joobiraan nama akkamii ture?

A.Nama gaarii B. Nama mala beeku C. Nama garaa laafu D. Hundi deebiidha

15. Rakkoo Joobiraa qunnameef enyuutu birmateef?

A. Namicha boolla keessaa ba'e B. Leenca boolla keessaa ba'e C. Maatii Joobiraa

D. Bineensota bosonaa

16. Seeneeffamni dur durii kanaa gosa malleen dubbii isa kamiin dhiyaate?

A, Akkasaa B . Nameessaa C. Iddeessaa D. Habalaka

17. Yeroo dheeraa booda obbo Joobiraafi namichi boolla keessaa ba'e essatti walargani?

A. Gabaatti B. karaatti C. Manatti D. Boqoonqoo keessatti

18. …innis…( keeyyata 2) eenyuun agarsiisa?

A. Namicha B. Leenca C. Joobiraa D. nama biro

19. Qabeenyi kun cufti kan kee miti.(keey.6) jecha jala sararameef kan hiika ta'u kami? A. Gartokkeen B . Muraasni C.waligalli D. Gariin

20. Dubbisa kana keessatti tajaajilli mallattoon raajeeffannoo( ! ) kanaa maali?

A. Dinqisiifachuu B. kadhannaa C. dheekkamsa D . galateeffannaa

**Dabalee D: Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Qormaata Yaaliin Boodaa(Post test) 1ffaa Barattoota Kutaa 10ffaa Garee To'atamoof Qophaa'e**

**Maqaa_________________________Kutaafi Daree__________ Lakk. _________**

**Yeroon kenname 1:00**

**DUBBISA**

Barnoonni jireenya ilma namaa mijeessuufi fooyyessuu keessatti **shoora** guddaa qaba. Waan kana ta'eefis biyyoonni adunyaa kanarra jiran hundi ajandaa tokkoffaa godhatanii biyyoota isaanii keessatti lammiileen isaanii barnoota irraa fayyadamoo akka ta'an taasisa. Dhugaa kana waan hubataniif barnootaan ala guddinni biyyaa akka hinyaadamne waan beekaniif cimanii irratti hojjechudhaan kan **milkaa'an** yammuu ta'u ammas sadarkaa dursaa qabachuudhaan addunyaa gara ganda tokkotti cehaa jirtu keessatti kanneeffachuuf **warraaqaa** jiru. Garaagarummaan biyyoota addunyaa keessatti yeroo ammaa kana mul'ataa jirus biyyoonni lammilee isaanii barsiisuudhaan beekumsaan akka gabbatan gochuufi gochuu dhiisuu irraa kan madduudha.

Biyyi keenyas faayidaa barnoonni guddina biyyaa keessatti qabu hubachuudhaan, imaammata barnootaafi leenjii qopheessuudhaan hojiirra oolchaa jirti. Kana keessaa afaan barnoonni ittiin kennamu afaan dhalootaa ta'uu isaati. Barnoonni afaan daa'imman afaan ittin hiikkatan yoo ta'e bu'aa qabeessummaan isaa amansiisaa ta'a. Barnoonni afaan dhalootaan kennamu bu'aa barnootaan argamu dabaluu qofa osoo hintaane, afaan eenyummaa hawaasa afaanicha dubbatu calaqqisiisa waan ta'eef, aadaafi sonawwan hawaasaafi biyya tokkoo itti fuufsiisuudhaan dagaaginaafi kabajni afaan aadaafi eenyummaa sabootaafi sablammootaa akka mirkanaa'u taasisa.

Barreeffamoota dhimma afaan dhalootaa ilaalchisee barreeffaman hedduu keessatti dhimmi bal'inaan ibsamaa jiru biyyoota afaanota hedduun dubbataman keessatti gaheen afaan dhalootaan barachuu faayidaa inni dagaagina sammuuf qabudha.Barreeffama UNISCOn mata duree

“ First Language First” jedhu jalatti dhiyeesseen afaanota addunyaa keessatti dubataman 6,000-7,000 ta’uu isaanii ibsa. Akkuma beekamu afaan dhalootaa eenyummaafi maalummaa hawaasa afaanichaa dubbatu kan mul’isu waan ta’eef,hawaasichaafi jireenya ilma namaa isa angafaafi isa bu’uuradha. Afaan dhalootaan barachuun gama hawaasummaatiin gahee olaanaa qaba.

Afaan dhalootaan barnoonni akka kennamu gochuun daa’imman aadaafi eenyummaa isaanii kabajanii akka guddatan taasisa. Aadaa isaanii kabajatan taanaan ammoo duudhaa hawaasa irraa baratan jireenya isaanii keessatti itti fayyadamu. Tajaajila hawaasni irraa eegu akka lammii tokkootti kennu.Hawaasa biratti fudhatama argatu. Kun ammoo guddinaafi cimina isaanii milkeessaaf.

*( Maddi: Madda beekumsa BBO Bara 2007 fuula22)*

**Qajeelfama 1ffaa : Gaaffiwwan 1- 5tti dhiyaataniif dubbisarratti hundaa’uudhaan; yaada sirri ta’e *“Dhugaa”* yaada sirrii hintaane immoo *“Soba”* jechuudhaan deebii kee barreessi.**

1. Barnoonni jireenya ilmaan namaa keessatti dhimma murteessaa ta’eedha.
2. Barnoonni dungoo jireenyaa dhala namaati.
3. Afaan meeshaa waliigaltee dhala namaa qofaa miti.
4. Afaan dhalootaatiin barachuun faayidaa hedduu qaba.
5. Biyya keenya keessatti barnoonni kan kennamu afaan dhalootaatin miti.

**Qajeelfama 2ffaa: Gaaffiwwan 6-15tti dhiyaataniif dubbisarratti hundaa’uudhaan deebii sirrii ta’e filadhu barreessi**.

6. Himni ijoo keeyyata kanaa essatti argama?
   A. Jalqaba keeyyataa irratti
   B. Dhuma keeyyataa irratti
   C. Gidduu keeyyataa irratti
   D. .Jalqabaafi gidduu keeyyataa irratti
7. Mata-dureen dubbisa kanaaf ta’u isa kami?

A. Aadaafi Afaan
B. Faayidaa Barnootaa
C. Afaan Dhalootaan Barachuu
D. Biyyoota Guddatan

8. Akka dubisichaatti faayidaa afaan dhalootaan barachuu kan hinibsine kami?
   A. Ofitti amanamummaa qabaachuu
   B. Milkaa’ina dhabuu
   C. Hawaasa tajaajiluu
   D. Qabxii gaarii galmeessisuu
9. Keyyata 1ffaa keessatti “Dhugaa kana waan hubataniif,” kan jedhu yaada maalii ofkeessaa qaba?
   A. Afaan dhalootaan barachuu
   B. Faayidaa aadaa qabu
   C. Faayidaa barnoonni qabu
   D. Duudhaa hawaasaa
10. Biyyoonni guddatan dhimmi ajandaa tokkoffaa taasifatanii irratti hojjechaa jiran maal ture?
   A. Meeshaa waraanaa gabbifachuu
   B. Biyya isaanii teeknooloojii haaraatiin ammayyeessuu
   C. Lammilee isaanii barnootaan fayyadamoo taasisuu
   D. Dhaabbilee barnootaa babal’isuu
11. Akka dubbisa kanaatti biyyoonni guddatan jalqaba milkaa’ina isaanii maaliin mirkaneeffatan?
   A. Diinagdee isaanii cimsuun
   B. Barnoota babal’isuun
   C. Biyyoota biroo waliin hariiroo isaanii cimsuun
   D. Kalaqa teeknooloojii haaraa babal’isuun
12. Akka dubbisa kanaatti garaagarummaan biyyoota guddatan gidduu jiru maalirraa madda?
   A. Lammilee isaanii beekumsa akka gabbifatan gochuufi gochuu dhiisuu isaaniitiin

B. Muuxannoo gaggaarii walirraa fudhachuufii fudhachuu dhiisuu isaaniitiin

C. Teeknooloojii walirraa waraabbachuufi waraabbachuu dhiisuu isaaniitiin

D. Hariiroo gama daldalaatiin waliin qaban cimsuufi dhiisuu isaaniitiin

13. Barreeffama UNSCOn mata-duree “First Language First” jedhu jalatti dhiyeessen afaanoonni addunyaa irratti dubbataman hammam ta’uu isaaniitu ibsame?

A . 5,000-7000 B. 6,000-7,000 C. 6,000-70,000 D. 60,000-70,000

14. Keeyyata 2ffaa jechi isaan jedhu eenyuun agarsiisa?

A. Biyyoota addunyaa keenyaa

B. Biyyoota barnoota irraa fayyadamoo ta’an

C. Biyyoota guddachaa jiran

D. Lammiilee biyyoota Afriikaa

15. Jechi Kun ( keeyyata 4) jedhu maal agarsiisa?

A. Bamaqaa B. Akeektuu C. Maqibsii D. Antima

**Qajeelfama 3ffaa: Jechoota roga “A” jalatti kennaman, jechoota roga “B” jala jiran waliin hiikaan walitti firoomsi.**

| **“A”** | **“B”** |
|---|---|
| 16. Shoora | A. Gabbina |
| 17. Warraaquu | B. Seera hawaasaa |
| 18. Milkaa’ina | C. Gahee |
| 19. Duudhaa | D. Socho’uu |
| 20. Dagaagina | E. Galma ga’iinsa |

**Dabalee D1: Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Qormaata Yaaliin Boodaa (Post Test) 2ffaa Barattoota Kutaa 10ffaa Garee To'atamoof Qophaa'e**

**Maqaa___________________________Kutaafi Daree___________ Lakk._______**

**Yeroon Kenname 1:00**

**DUBBISA**

Adunyaa irratti afaanonni dubbatamaa jiran heduudha. Akka hayyoonni xinqooqaa ibsanitti baayyinni isaanii gara 6,000-7,000 ni ta'a.Baayyinni kun bifa tilmaamaatiin kan ilaalame, afaanonni loogummaafi afaanummaan isaanii addaan hinba'iin waan jiraniifi jedhama.Ammallee afaanonni loogummaa irraa gara afaan ofdanda'aa ta'uutti deemaa jiran ni jiru.Fakkeenyaaf, namooni lama kanneen afaan tokko dubbatau jedhaman walitti dhufanii afaanichaan yoo waliigaluu dadhaban, afaan isaan dubbatan lamaanuu adda adda jedhamee yaaama.Afaanonni bifa kanaanis ta'e kan birootiin dhalatan kunneen kallattii adda addaatiin yoo ilaalaman sadarkkaa adda addaa irratti argamu.

Yeroo ammaa kana afaanota dubbatamaa jiran keessaa kanneen 200 ol ta'an dubbattoota 1,000,000 ol qabu. Afaan Mandariinaa, kan biyya Chaayinaatti dubbatamu qofti dubbattoota gara 874,000,000 ta'an qaba. Afaan kun dubbattoota danuu qabaachuudhaan addunyaa irratti tokkoffaadha. Afaan Ingilizii kan dubbattoota 341,000,000 qaba jedhamuufi biyyoota 104 keessatti dubbatamu afaan **kana** irraa fagaatee sadarkaa sadaffaa irratti argama. Afaan kun biyyoota hedduu keessatti dubbatamuudhaan hunda dursa. Biyyoota 52 keessattis afaan hojii ta'uudhaanis tajaajilaa jira. Garuu, kan isa dursee sadarkaa lammaffaa irra jiru afaan Indiiti. Innis dubbatoota 366,000,000 qaba.

Kanamalees, iddoo adda addaatti namoonni afaanota adda addaa dubbatan waliin jiraachaa jiru. Fakkeenyaaf, namoonni 5,000,000 hanga 10,000,000 ta'an kanneen Niwuu Giniifi odolawwan naannoo sanaa irra jiraatan afaanota gara 900 akka dubbatan ragaaleen adda addaa ni ibsu. Kunis shallaggii salphaadhaan yoo ilaalame afaanota addunyaa irratti beekaman keessaa gara 13% -15% kan ta'an, namoota addunyaa irra jira keessaa 1% kanneen hincaalleen achitti akka dubbataman agarsiisa.

Garuu, afaanota addunyaa irratti dubbataman kunneen keessaa baayyeen afaan barreeffamaa intaane.Walakkaa isaanii kanneen. ta'aniin ammoo, ijoolleen afaan hiikkachaa hinjiran. Haalonni kunneen du'uu isaaniitiif tarkaanfiiwwan isaan jalqabaati. Sababootuma kanaan yeroo ammaa kana afaanonni gara 200 ta'an dubbattoota 1,000 gadi qabu. Dhuma jaarraa 20 keessa afaanonni biyya Awustiraaliyaa 200 ta'an haala du'aaf isaan saaxilu kana irra waan gahaniif, akka baraaraman ta'ee ture. Walakkaa afaanota kanneen kan caalu dubbattoota 10 qofa qabu.Gara 20 olii kanneen ta'an immoo, maanguddoota tokko tokko qofaan dubbatamu. Kanas ta'e san, akka ragaaleen ibsanitti yeroo ammaa kana addunyaa irratti torbee lama eessatti afaan tokkotu du'aa jira.

*(Maddi: Dennis O'Neil 1998-2005: Language & Culture Introduction.htm)*

**Qajeelfama 1ffaa : Gaaffiwwan 1-5tti dhiyaatan dubbisarratti hundaa'uudhaan yaada sirrii ta'e *"Dhugaa"* yaada sirrii hintaane immoo *"Soba"* jechuun debii kee barreessi.**

1. Afaanonni addunyaa irratti dubbataman guddinni isaanii sadarkaa walfakkaatu irratti argama.
2. Afaanonni amma jiran hundinuu du'a irraa hafanii jiru.
3. Afaanonni addunyaarratti dubbataman baay'een isaanii afaan barreefamaa hintaane.
4. Biyyota hedduu keessatti daa'imman afaan dhalootaa isaaniitin baratu.
5. Yeroo ammaa kana addunyaa irratti torbee lama keessatti afaan tokkotu du'aa jira.

**Qajeelfama 2ffaa : Gaaffiwwan 6-15tti dhiyaataniif dubbisarratti hundaa'uudhaan deebii** sirri **ta'e filadhu barreessi.**

6. Barreeffama kanaaf kan mata-duree ta'uu danda'u isa kami?

A. Afaaniifi Looga Addunyaa    C. Baay'ina Afaanota Addunyaa

B. Afaanota Addunyaa    D. Afaanota Addunyaa dubbattoota isaa

7. Himni ijoo keeyyata kana essatti argamaa?

A. Jalqaba keeyytaa irratti    C. Gidduu keeyyataa irratti

B. Jalqabaafi dhuma keeyyataa irratti    D. Dhuma keeyyataa irratti

8. Bakka adda addaatti namoonni afaan adda addaa dubbatan:

A. Waliin jiraachuu hindanda'an C. Waliigaluu danda'u

B. Waliin jiraachuu nidanda'u D. Hundi deebiidha.

9. Addunyaa irratti afaanonni heedduun akka dubbatamaa jira kan mirkaneessan:

A. Hayyoota Xiinqooqaa C. Hayyoota XiinHawaasaa

B. Hayyoota Xiinsammuu D. Hayyoota Antroopooloojistoota

10. Namoonni Niwuu Giiniifi odolawwan naannoo sanarra jiraatan afaanonni isaan dubbatan hammami ta'uu isaanitu ibsame?

A. Afaanota 5,000 hanga 10,000 ta'an C. Afaanota 900 ta'an

B. Afaanota5,000,000 hanga 10,000 ta'an D. Afaanota 9000 ta'an

11. Yeroo ammaa kana afaanonni dubbattoota miiliyoonatti lakkaawwaman qaban meeqa?

A. 6,000-7,000 B. 6,000 C. 7,000 D. 200

12. .Afaan dubbattoota hedduuqabachuudhaan addunyaa irratti sadarkaa tokkoffaa qabate isa kami?

A. Afaan Indii B. Afaan Ingilizii C. Afaan Niwuu Giinii D. Afaan Mandariinaa

13. Afaan Indii dubbattoota meeqa qaba?

A. Miliyoona dhibba sadiifi jaatami jaha

B. Miliyoona dhibba sadiifi miliyoona jahaafi jaha

C. Miliyoona dhibba sadiifi miliyoona jaatamii jaha

D. Miliyoona sadiifi dhibba jahaafi jaha

14. afaan ingilizii maaliin tokkoffaadha?

A. Dubbattoota hedduu qabaachuudhaan

B. Biyyoota hedduu keessatti dubbatamuudhaan

C. Bakka xiqqootti bal'inaan dubbatamuudhaan

D. Dubbattoonni isaa miliyoonaan lakkaawwamuun

15. Biyyi afaanota baayyeen keessatti dubbatamu kami?

A. Indiyaa B. Ingilizii C. Chaayinaa D. Niwuu Giinii

16. Afaanota gara 200 ta'an dubbattoota 1,000 gadi akkaa qabaatan kan taasise maali?

A. Afaan barreeffamaa ta'uu dhabuu

B. Babal'ina afaanota boroo

C. Jibbiinsa dubbattoonni afaanicha irraatti qaban

D. Dhiibbaa afaanota dubbattoota hedduu qabanii

17. Jechi **odola** ( keey.4) jedhu hiikni isaa ma

A. Magaalaa qarqara galaanaatti argamu

B. Lafa bishaaniin marfamee namoonni itti jiraatan

C. Lafa bishaaniin marfamee namoonni itti hinjiraanne

D. Bosona bishaaniin marfamee argamu

18. Jechi shallaggii( keey.4) jedhu hiikni isaa isa kami?

A. Safara B, Madaallii C. Tilmaama D. A Fi B

19. Keeyyata lammaffaa jechi kana jedhumaal bakka bu'a?

A. Biyya B. Mandariinaa C. Afaan D. Ingilizii

20. Kanneen keessaa kamtu yaada keeyyata sadaffaati?

A. Afaanonni hedduun iddoo xiqqoo keessatti dubbatamuu

B. Afaanonni hedduun badaa jiraachuu ibsuu

C. Afaanonni sadarkaalee qabatan kam kam akka ta'an ibsuu

D. Loogaafi afaan gidduu garaagarummaa jiru ibsuu

**Dabalee D2: Mana Barumsaa Sadarka 2ffaa Laga Xaafootti Qormaata Yaaliin Boodaa (Post Test) 3ffaa Barattoota Kutaa 10ffaa Garee To'atamoof Qophaa'e**

**Maqaa________________________Kutaafi Daree___________Lakk. _________**

**Yeroon Kenname 1:00**

**Meeshaalee Manaafi Qulqullina Isaanii**

Meeshaaleen manaa wantoota addaddaarraa tolfaman hedduutu jiru. Akaakuun meeshaalee manaa hedduu ta'an kunniinis tajaajila gargaraaf oolu. Tajaajilli meeshalee manaa baay'inaan wantoota nyaatamaniifi dhugman keessa kaawwachuuf kan gargaaraniidha.Kanaafuu, qulqullinni isaanii eegamuun daran barbaachisaadha.

Meshaaleen manaa namoonni itti gargaaraman keessaa tokko kanneen buqqeerraa hojjetamaniidha. Isaanis ro'oo, okolee, qabeefi kanneen kana fakkaataniidha. Isaan kaneen uluufi qoraasuutiin qulqulleessinee itti fayyadamna. Adeemsi ittiin qulqulleessinus, fakkeenyaaf,ro'oo qulqulleessuuf bishaan ho'isanii baala kusaayeetiin dhiqu. Kana booda, qoraasuma ibidda keessa kaa'uun yommuu qabatu qoraasumicha ro'oo keessa buusuun qoraasuun qulqulleessuu dandeenyaa. Gama biraatiin, qodaa aannanii dhiquun qoraasumaan qoraasu. Itti aansuun, quncee qilimxoon yookiin baala kusaayeen yookiin marga urgaan yookiin quncee qaqaroon foksuudhaan qulqulleessinee itti fayyadamuu dandeenya.

Kanamalees, meeshaaleen aannanii migirarraa hojjetaman hedduun nijiru. Fakkeenyaaf, kanneenis saamunaa,isppoonjiifi bishaaniin dhiquudhaan qulqulleessuun barbaachisaadha. Kana booda, huccuu qulqulluutiin haxaa'anii gogsuu yookiin ifa aduutti baasanii akka qooru gochuun meeshichatti fayyadamuun nidanda'ama.

Meeshaaleen manaa kanneen supheerraa hojjetamanis qulqullinni isaanii eegamuu qaba. Warreen supheerraa hojjetaman kunis irra caalaan akka meeshaalee aadaatti ilaalamaniidha.Isaa--nis qodabukoo,okkotee, gaanii farsoo, xuwwee, jabanaa bunaa, waciitiifikkf. ta'uu danda'u. Meeshaaleen kunneenis supheerraa waan tolfamaniif salphaatti cabuu danda'u. Kanaafuu, yeroo qulqulleessinu of eeggannoo barbaadu. Meeshaalee

kanneenis bishaaniin dhiqudhaan qulqullees--suu dandeenya.Akka barbaachisummaa isaanittis kanneen akka gaanii farsoofaa foolii badaa akka hinqabaaneetti baala eebichaan rirriitanii erga dhiqanii booda uluun barbaachisaadha.

Walumaagalatti, mana jireenyaa keessa meeshaaleen adda addaa muka, gaanfa horii, seraamikii, supheefi kkf. irraa tolfaman jiraachuu danda'u. Isaanis gariin dhiqanii uluufi qoraasuutiin kan qulqulleeffaman yoo ta'an gariin immoo saamunaafi bishaaniin dhiqanii qulqulleessuun tajaajila barbaachisu akka kennan gochuun nidanda'ama.

**Qajeelfama 1^ffaa Gaaffiwwan 1-5tti dhiyaatan dubbisarratti hundaa'uudhaan yoo yaanni sirri ta'e *"Dhugaa"* yoo sirrii hitaane immoo *"Soba"* jechuudhaan deebii kee barreessi.**

1. Meeshalee mana keessatti itti fayyadamnu kan aadaafi kan ammayyaa ta'uu danda'u.
2. Ro'oon meeshaa aannanii keessaa tokko ta'ee kan migira irraa tolfamuudha.
3. Meeshaaleen aannanii yeroo hunda qoraasuufi uluun qulqulleeffamuu qabu.
4. Meeshaaleen supheerraa hojjetaman irri caalaan isaanii akka meeshaa aadaatti fudhatamu.
5. Meeshaaleen mana keessatti itti fayyadamnu irri caalaan isaanii kan mukarraa hojjetamaniidha.

**Qajeelfama 2^ffaa: Gaaffiwwan 6-15tti dhiyaatan dubbisarratti hundaa'uudhaan deebii sirri ta'e filachuudhaan bareessi.**

6. Meeshaaleen mana keessa yammuu qulqullaa'an ofeegannoo addaa barbaadan warreen kamidha?

   A.Kanneen supheerraa tolfaman C. Kanneen seraamikarraa tolfaman

   B. Kanneen migirarraa tolfaman D. Kanneen mukarraa tolfaman

7. Meeshaalee manaa kanneen keessaa kan adda ta'e kami?

A. Xuwwee B. Okkotee C. Miiloo D. Gaanii

8.Kanneen keessaa kan adda ta'e kami?

A. Finjaala B. Qufoo C. Miiloo D. Sillaahoo

9.Meeshaaleen saamunaa, ispoonjiifi bishaaniin dhiqamanii qulqullaawan kanneen maalirraa hojjetamaniidha?

A. Seraamikirraa B. Gaanfa Horiirraa C. Mukarra D. Hunda

10.Meeshaalee aannanii migirarraa hojjetaman hintaane isa kami?

A. Ciicoo B. Orooboo C. Elemtuu D. Deebii Hinqabu.

11.Keeyyanni 5ffaa maalirratti xiyyeeffata?

A. Akkaataa meeshaalee seraamikarraa tolfaman itti qulqulleffaman

B. Akkaataa qulqullina meeshaalee suphee irraa hojjetaman

C. Akkaataa meeshaaleen buqqerraa hojjetaman itti qulqulleeffaman.

D. Akkaataa meeshaaleen manaa gaanfa horiirraa tolfaaman itti qulqulleeffaman

12.Meeshaalee mana keessatti itti fayyadamnu hunda qulqulleessuuf wanti murteesaa ta'e isa kami?

A. Saamunaa B. Bishaan C. Kusaayee D. Ispoonjii

13.Yaanni ijoo keeyyata 2ffaa maali?

A. Adeemsa meeshaalee manaa buqqeerraa hojjetaman itti qulqullaa'an

B. Akkaataa itti fayyadama meeshaalee migira irraa tolfaman

C. Akkaataa qabannaa meeshaalee qulqullina meeshaalee supheerraa tolfaman

D. Akaakuu meeshaalee manaa mukarraa tolfaman

14.Haawwan keenya qodaa aannanii dhiquudhaan erga qoraasaniin booda kanneen armaan gadii keessaa isa kamiin foksuu danda'u?

A. Baala Kusaayeen B. Quncee Qilimxoon C. Marga Urgaan D. Hunda

15.Kanneen keessaa **"Hima Ijoo"** dubbisa kanaa kan ta'e isa kami?

A. Meeshaaleen manaa kanneen supheerraa hojjetamanis qulqullinni isaanii eegamuu qaba.

B. Meeshaaleen manaa wantoota addaddaarraa tolfaman hedduutu jiru.

C. Meeshaaleen aannanii migirarraa hojjetaman hedduun nijiru.

D. Mana jireenyaa keessatti meeshaaleen qulqullinaan egamuu qaba.

**Qajeelfam 3ffaa: Gaaffiwwan 16-20tti dubbisarratti hundaa'uun dhiyaataniiru. Kanaafuu jechoota roga "A" jala jiran hiika galumsaa isaanii roga "B" jalatti kennamaniin waliin walitti firoomsi.**

| "A" | "B" |
|---|---|
| 16. Qoraasuma | A . Rirrituu(haaxaa'uu) |
| 17. Ro'oo | B. Itti aarsuu |
| 18. Orooboo | C. Muka urgaa qodaa aannanii itttin ulan |
| 19. Qoraasuu | D. Habuubbii |
| 20. Foksuu | E. Elemtuu |

**Dabalee E: Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Qormaata Yaaliin Boodaa(Post Test) 1ffaa Barattoota Kutaa 10ffaa Garee Yaaliitiif Qophaa'e**

**Maqaa____________________________Kutaafi Daree__________Lakk._________**

**Yeroon kenname 1:00**

**Mootii Fi Jaarsa Biyyaa**

1. Dur dur mootiin tokkoofi jaarsi beekaan tokko wajjin jiraatu ture.Jaarsichi bakka mootichi dhaqu hunda wajjin deema malee jalaa hinhafu ture.Sababnisaatis waan alaa manattis gorsa jaarsa kanaa dhabuu hindandeenye ture.
2. Mootichi kun yoo dogoggores, yoo rakkates, yoo wanti hamtuun isa muudates yeroo baay'ee ni aara; nigadda ture. "Hamtuun nama muudatu hundi booddeen isaa mishaafi badhaadhina obsaan dabarsi!"
3. Gaaf tokko mootichiifi jaarsichi kuruphee alooluuf bosonatti bobba'an. **Achittis** mootichi xiyya kurupheetti xiyyeeffatee gadhiise,isumatti deebitee miila isaa waraante.Millis nimadaaye; xiqqoos nidhukkube ture. Achumaann lafa dhaye, "Mee,mee ilaali akkan taye!" jedheen jaarsichaan. Jaarsichis, "Hamtuun nama muudatu hundi booddeen isaa **mishaa**fi badhaadhina jajjabaadhu." jedheen.
4. Yaroo kana, mootichis balaa isarra gaye caalaa jecha jaarsichaatti aaree ture. Achumaan itti dheekkamee akka hidhamu itti murteesse. Gaaf tokko bira dhaqeetu, "Booddeen hidhamuu hoo maalree?" jechuun **ittiqoose**. Jaarsi beekaanis, "Hamtuun nama muudatu hundi mishaafi badhaadhinuma." jedheen. Mootichis, akka umurii guutuu hidhamu itti murteesse.
5. Gaafa biraa. Mootichi kophaa isaa alooluuf gara bosonaa adeeme .Achumaan buttuun qabattee,manaatti galfatte . Affeellattee nyaachuf okkotee abiddarra kaayyatte. Huccuu irraa baafattee qaama isaa hunda yoo sakattaatu godaannisa miilarratti agarte.Buttuun biyya sanaa waan nama godaannisa qabu hinnyaaneef, yoosuma aartee mooticha ofirraa ariite.

6. **6.** Mootichis, amma bu'aa gorsa jaarsa beekaa sanaa hubate. Hubaatiin miila isaa du'a irraa oolchite.Isa qofaa osoo hintaane jaarsi beekaanis sababuma kanaan du'a irraa hafe.Osoo hidhamuu baate buttuun isa nyaatti turte.Sana booda,jarri lamaanuu nagaan waligalanii wajjin jiraatan jedhama.

**Qajeelfama 1ffaa: Gaaffiwwan 1-5tti dhiyaatan dubbisarratti hundaa'uudhaan; yoo yaanni sirrii ta'e *"Dhugaa"* yoo yaanni sirrii hintaane immoo *"Soba"* jechuun deebii kee barreessi.**

1. Mootichi yeroo baayyee wanta isa muudatu hunda obsaafi malaan bira darba ture.
2. Jaarsichi mooticha caalaa wantoota kaallatti addaddaatiin ilaalee hubata ture.
3. Mootichi kun dubbii jaarsaa kana salphaatti hubachuuf ga'umsa qaba.
4. Jaarsichi hidhamuun isaa baraarama lubbuu mootichaaf sababa ta'eera ture.
5. Mootichi bu'aa gorsa jaarsa beekaa kanaa tureetu hubte jechuun nidanda'ama.

**Qajeelfama 2ffaa:Gaaffilee dubbisa arman olii keessaa bahan akka yaadaafi galumsa dubbisichaatti deebii sirri ta'e filadhu.**

6. Seeneffama kana keessatti qoddattoota meeqatu jira?

   A. Lama B. Sadii C Afur D Shan

7. Mooticifi jarsichi maal gochuuf bosona dhaqan turan?

   A. Kuruphee alooluuf B. Buttuu ajjeesuuf C. Waldorgomuf D. Xiyyaan taphachuuf

8. Guyyaa jarri lamaan bosona dhaqan sana, mootichi maalu isa muudatee ture?

   A. Buttuun qabame ture B. Jaarsaan rukutame C. Miilatu miidhame

   D. Kurupheen dhiitame

9. Yaadni sirrii ta'e isa kami?
   A. Mootichi, rakkoo hunda obsaafi malaan hiika ture.
   B. Jaarsichi umrii isaa guutuu hidhamee ture.

C. Buttuun mooticha affeellatteeti nyaatte.

D. Gaafa buttuun mooticha qabatte, jaarsii hidhaarra ture.

10. Akka seeneeffama kanaatti jaarsichi nama akkamii ture?

A. Gowwaa B. Hayyuu C Lugna D. Yakkamaa

11. Taateen seeneeffama kanaa essatti raawwatame?

A. Laga Qarqara B. Bosona Keessa C. Mana Keessa D. Mana Hidhaatti

12. Hiikni gaalee itti qoose jedhuuf ta'u isa kami? ( keeyyata 4)

A.Iitti kolfe B. Itti murteesse C. Itti aare D. Itti baace

13. Jechi achittis… maal agarsiisa? ( keeyyata 3)

A. Bosona B. Kuruphee C. Mooticha D. Xiyyaa

14. Mooticha xiyyaan waraanamuu isaa caalaa kan isa aarse maal ture?

A. Miilli isaa miidhamuu isaa

B. Jecha jaarsichaan kan ka'e

C. Buttuun qabamuu isaa

D. Jaarsichi hidhamuu isaa

15. Yaanni … yaroo kana… jedhu maal agarsiisa? ( keeyyata 4)

A. Yommuu jaarsii mootichaan hidhamuu

B. Yommuu jaarsi mooticha gorsu

C. Yommuu mootichi buttuun nyaatamu

D. Yommuu jaarsi mana hidhaati bahu

| **“A”** | **“B”** |
|---|---|
| 16. Misha | A. Mallattoo madaa fayye |
| 17. Alooluu | B. Miidhaa |
| 18. Godaannisa | C. Adamsuu |
| 19. Hubaatii | D. Qajeelan |
| 20. Bobba'an | E. Dansaa |

**Dabalee E1: Mana Barumsaa Sadarkaa 2fffaa Laga Xaafootti Qormaata Yaaliin Boodaa (Post Test) 2ffaa Barattoota Kutaa 10ffaa Garee Yaaliitiif Qophaa'e.**

**Maqaa___________________________Kutaafi Daree_________Lakk._________**

**Yeroon Kenname 1:00**

**Warreen Waliin Boojii Deeman**

1. Bar tokko dhugaa, soba,aibidda, bishaan, bofaafi leenca ta'anii **boojii**deeman. Bobbaan isaaniis milkaayee saawwan baay'ee argatanii dachaafatan. Erga saawwan kanneen kan ofii godhachuu isaanii mirkaneeffatan booda addaan qooddachuuf murteeffatan. Gidduma kanatti leenci raada coomtuu takka keessaa fudhatee nyaate.
2. Achumaan sobni bofa bira dhaqee, "Ati leenca kana nurraa **galaafachuu** nidandeessa; akkam raada coomtuu keessaa filatee nu jalaa nyaata?" jedheen. Boftis gorsa sobaa kana qabee leenca hiddee ajjeese. Itti aansuun sobni abidda bira dhaqee, "Waan bofti gochaa jiru kana argiteemii? Mootii biyyaa, leencayyuu galaafateera; osoo nu hinfixin nurraa galaafadhu," jedheen. Abiddis **qaanqee** isaa itti facaasee bofa gubee ajjeese. Sobni amma immoo bishaan bira dhaqee akkana jedheen, "Abiddi kun bofa ajjeesee jira;osoo nutti ashingaragaliinnurraa ajjeesi; kana yoo goote, saawwan kunniin keenya ta'u," jedheen. Bishaanis jecha sobaa qabeeabidda dhaamsee balleesse. Dhumarrattis sobni dhugaa bira dhaqee, " Bishaan abidda nurraa balleessee jira; garuu saawwan kanneen nu waliin qooddachuu hinqabu; kanaafuu koottu saawwan kanneen fudhannee tulluu jalaa korraa," jedheen. Bishaanis oggaa isaan gaaratti ol ba'an argee si;atullee, gaara ol ba'uu waan dadhabeef, itti dhiisee biraa hafe.
3. Tulluu mataarra erga ba'anii booda, sobni dhugaatti garagalee, "Amma saawwan kanneen qixxeetti addaan haaqooddannu" jedheen. Haaluma kanaan qixxeetti addaan hiratanii jibichi gaafa qaraa tokko lafatti hafe. Jibichicha akkamitti addaan hirachuu akka qabanirratti erga mari'atanii booda, dhugaan "Koottu carraa itti haa darbannu" jedheen. Sobni yoo carraan natti ba'e siruman dhabaamii jedhee sodaachuun waan biraa maluutti ka'e, "Hinta'u, jibichicha abbaan qabee lafaan dhaye haa fudhatu," jedhe. Dhugaan yaadicha fudhannaan sobni eenyu dura akka jibichicha wal'aansoo qabu osuma hinmurteessin sobni jibichicha **sardee** baase. Jibichichis gaafa isaa qara

san garaa sobaatti dha'atee galaafate. Dhumarratti dhugaan abbaa saawwanii ta'ee hafe jedhama.

**Qajeelfama 1ffaa: Gaaffiiwwan 1-5tti dhiyaataniif dubbisarratti hundaa'uudhaan; yaada sirrii ta'e *Dhugaa*, yaada sirrii hintaane immoo*Soba*jechuudhaan deebii kee barreessi.**

1. Seeneeffamni kun taatee yeroo dhiyoo keessatti raawwatameedha.
2. Dur duriin kun nama bashannansiisa malee nama hinbarsiisu.
3. Lubbuu qooddattoota kanneenii kan galaafate cubbuu isaan raawwatantu ture.
4. Dhugaan abbaa qabeenyaa ta'uuf wanti inni sobee hojjete nijira.
5. Sobni yommuu jara walficcisiisu kan morme dhugaa qofa.

**Qajeelfama 2ffaa:Gaaffiwwan 6-20tti dhiyaataniif dubbisarratti hundaa'uudhaan qubee filannoo deebii sirrii qabate filadhu barressi.**

6. Jibichi gaafa qaraa soba akka waraanee ajjesu kan godhe eenyu?
   A . Soba B. Dhugaa C. Abidda D. Bishaan
7. Qooddattoonni seeneeffama kanaa eenyuun bakka bu'uu danda'u?
   A . Lubbuqabeeyyii B. Namoota C.Bineensota D. Beelladoota
8. Wanti qooddattoota barreeffamichaa walitti naqe maali?
   A. Seeexana B. Dhugaa C. Soba D. Saawwan
9. Dubbisa armaan olii keessaa kamtu hirmaannaa olaanaa qaba?
   A. Bofa B. Dhugaa C. Soba D. Leenca
10. Dhimmi soba, dhugaa, leenca, bishaanifi abidda walitti fide maali?
    A. Jaarsummaa B. Ollummaa C. Duula boojii D. Bishaanifi midhaan
11. Ergaan waliigalaa dubbisa kanaa:
    A. Sobni dhugaarra abshaala ta'uu isaa
    B. Dhugaan dhugaa isaatin kan mo'uu ta'uu isaa
    C. Sobaaf kan hindabarre ta'uu isaa
    D. B fi C
12. Xiyyeeffannoon keeyyata tokkooffaa:
    A. Bar tokko dhugaan, sobni, abiddi, bishaan,boftifi leenci waliin boojii deemuu isaanii

B. Dhugaan, sobni, abiddi, bishaan, boftifi leenci waliin boojii deemanii milkaawuu isaanii

C. Leenci raada coomtuu filatee nyaachuu isaa

D. Jarri saawwan booji'an addaan qooddachuuf murteessuu isaanii

13. Ergaan keeyyata lammaffaa maali?

A. Bofti leenca hiddee ajjeesuu isaa.

B. Abiddi bofa gubee ajjeesuu isaa.

C. Bishaan abidda dhaamsuu isaa.

D. Sobni bofa, leenca, abiddaafi bishaan walitti naqee walficcisiisuu isaa.

14. Barri seenaan dubiisa kanaa itti raawwate:

A. Waggaa dhibba tokkoon dura

B. Waggaa kuma kudhaniin dura

C. Dur dur

D. Hinbeekamu

15. Dubbisni kun hawaasa keessatti nihimama. Maaliif sitti fakkaata?

A. Waayee jarreen kanneenii nama barsiisuuf

B. Jarreen kanneenitti qabatanii waayee namaa nama barsiisuuf

C. Waayee boojii nama barsiisuuf

D.Waayee dhugaa nama barsiisuuf

16. Mammaaksi dhaamsa seeneeffaama dur durii kanaa bakka bu'uu danda'uu kami?

A. Alagaa gaafa kolfaa fira gaafa golfaa
B. Dhugaan niqallatti malee hincittu
C. Ariifataan horii gata
D. Quuqqaa cinaacha jalaa abbaatu beeka

**Qajeelfama 3ffaa : Jechoota roga "A" Jala jiraniif hiika isaanii roga " B" jalaa barbaadi walitti firoomsi.**

| **"A"** | **"B"** |
|---|---|
| 17. Boojii | A. Mudde |
| 18. Qaanqee | B. Saamicha |
| 19. Galaafachuu | C. Cinna xiqqaa abiddaa |
| 20. Sarde | D. Ajjeeseesuu |
| | E. Injifannoo |

**Dabalee E2: Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Qormaata Yaaliin Boodaa (Post-Test) 3ffaa Barattoota Kutaa 10ffaa Garee Yaaliitiif Qophaa'e**

**Maqaa________________________Kutaafi Daree_________Lakk. _________**

**Yeroon Kenname 1:00**

**Dubbisa**

1.Gaaf tokko namichi tokko osoo karaa adeemuu laga cehuuf malkaa bu'e. Yeroo malkaa qarqara gahu buutii lagicha cehuu dadhabdee ija babaastu takka arge. Achumaan buutiin kun namichi baatee akka laga ishee ceesisu kadhatte. Innis tole jedhee baatee laga ceesise.

2.Namichi erga laga ceesise booda buutiin akka irraa buutu gaafate. Isheenis mataa namichaa irra olbaate. "Bosonaafi boolla kana fakkaatu argadhee kanan booda essan deema?" jettee bu'uu didde. Namichis "Erga galata koo balleessitee deemnee jaarsummaa himanna" jedheen.

3.Osoo deemanii beellada tokko arganii akka inni jaarsummaa ilaaluuf gaafatan . Beelladichis "Ani namicha kanaaf jaarsummaa hin ilaalu. Sanyiin isaa yoo fedhe nafe'atee, yoo fedhe naan gulufa, cancalaan nahidhee, hagabuu na oolchee sanyii koo hundaa dhamaasaa" jedhee didee deeme.

4. Kana booda namichi buutii baatee qajeele. Osoo deemanii beellada kan biraatti dhufan.Achumaan “Maaloo jaarsummaa nuuf ilaali jedhanii beelladicha kadhatan. Ani namicha kanaaf jaarsummaa hin ilaalu, sanyiin isaa waanjoo nabaachisee, lafa na qochisiisee sanyii koo hundatti taphata,” jedhee dide.

5.Namichi osoo ofnyaatuu karaa irra bu’ee utuma deemuu nama tokko arge. Namicha kanaafis waanta ta’e hunda ibsee jaarsummaan akka ilaalamuufi ittihimate. Namichi kunis, “Tole isiniifan ilaala” jedheen. Kanumaan namichis “Akka seeraatti kan wal himatu walcinaa dhaabbatee dhimma qabu dhiyeeffata. Kanaafuu yaa buutii namicha irraa gadi bu’i rakkoo kee himadhu” jedheen. Ennaa buutiin mataa namichaa irraa lafa buutu, namichi jaarsummaa dubbatu abbaa dhimmaa ija keessa ilaalaa “Buutii…” jedhe jedhama.

**Qajeelfama 1ffaa Gaaffiiwwan 1-5tti siif dhiyaatan dubbisa armaan olii erga duubiste booda dubbisicha irratti hundaa’uudhaan yaada sirri ta’e *“Dhugaa”* yaada sirrii hintaane immoo *“Soba”* jechuudhaan deebii kee barreessi.**

1. Dur duriin Oromoo namoota waldhaban ittiin araarsuuf gahee guddaa qaba.
2. Taateen seeneeffama kan keessati mul’atu yeroo ammaa kana raawwatamaa hinjiru.
3. Namichi sababa cubbuu raawwateef beelladoonni marti jaarsummaa ilaaluufii didan.
4. Olmaa namaa dagachuun safuu hawaasaa cabsuudha.
5. Namichi jaarsummaa jarreen kanaa ilaale haqa murteesseera.

**Qajeelfama 2ffaa Gaaffiiwwan 6-15tti jiraniif dubbisarratti hundaa’uun qubee deebii sirri qabate filachuudhaan barressi.**

6. Dur durii armaan olitti dubbiste kanaaf kan mata-duree ta’uu danda’u isa kami?
   A. Beelladootaafi Namicha C. Jaarsummaa Buutii
   B. Namichaafi Buutii D. Hammeenya Buutii

7. Buutiin “Bosonaafi boolla kana fakkaatu argadhee….” jechuun ishii maal ibsa?
   A. Rifeensa mataafi morma namichaa C. Rifeensa mataa afaan namichaa

B. Rifeensa mataafi ija namichaa. D. Rifeensa mataafi uffata namichaa

8. Namichi rakkoo jarreen kana gidduutti uumame furuuf jaarsummaa taa'e kun akka aadaa hawaasa oromootti eenyuun bakka bu'a?

   A. Abbaa Alangaa B. Abbaa Gadaa C. Jaarsa Biyyaa D. B fi Cn deebiidha.

9. "…karaa irra bu'ee…" ( keeyyata 5) yoo jedhu maal jechuu isaati?

   A. Karaa isaa qabatee B. Karaarra taa'ee C. Ijibaata jedhee D. Dhimma isaa dagatee

10. Beelladni inni jalqabaa jaarsummaa ilaaluu dide maali?

    A. Qotiyyoo B. Farda C. Harree D. Sa'a

11. Beelladni inni lammaffaa jaarsummaa taa'uu dide maali?

    A. Sa'a B. Qotiyyoo C. Farda D. Harree

12. Namichi jaarsummaa ilaaluuf tole jedhe maaliif abbaa dhimmaa ija keessa ilaale sitti fakkaata?

    A. Itti dheekkamuu sodaateeti B. Ergaa itti himuu fedheeti

    C. Gowwomsuuf jedheeti D. Buutii ofirraa hin buusiin jedheeti

13. Yaanni namicha jaarsummaa ilaaluuf tole jedhee osoo hin xumuramiin hafeera; xumurri yaada kanaa maali?

    A. lafa buute,dhaga lafa guute abbaatu beeka.

    B. lafa buute, biyyoo lafa jiru abbaatu beeka.

    C. lafa teesse, abidda eessa keesse

    D. nama afuuftuu, maaliif ofiitti dhiiftu

14. Mammaaksi gocha buutiin namicha laga ishee ceesise irratti raawwate ibsu kami?

    A. Mucaa ani galataaf baadheetu dugda na ciniine

    B. Kan gubattee hin argine abidatti gamti

    C. Kana dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a

    D. AfiCn deebii ta'u

15. Beelladoonni namichaaf gonkumaa jaarsummaa hinlaallu jedhaniiru; Mammaaksi gocha isaanii ibsu kami?

A. Bara nama qabe,lootuutu eegee namatti raasa.

B. Muka jigetti qottootu baay'ata. C.Bara nama qabe, raabaafi baalatu nama qaba.

D. Hundi deebiidha

**Qajeelfama 3^ffaa Jechoota roga " A" jala jiraniif hiika isaanii jechoota roga "B" jala jiran waliin walitti firoomsi.**

| " A" | "B" |
|---|---|
| 16. Hagabuu | A. Harqota |
| 17.Cancala | B. Karaa ittin laga ce'an |
| 18.Malkaa | C. Ofitti aaruu |
| 19. Ofnyaachuu | D. Luugama |
| 20.Waanjoo | E. Beela |

**Dabalee F:Firii qormaata yaaliin duraagaree yaaliifi garee to'atamootiin galmaa'e**

| Lakk. | Firii qormaata yaaliin duraa barattoota Garee Yaaliitiin galmaa'e (pre-test for experimental group) | Lakk. | Firii qormaata yaaliin duraa barattoota Garee To'atamootiin galmaa'e (pre-test for Control group) |
|---|---|---|---|
| | | | |
| 1 | 16 | 1 | 17 |
| 2 | 15 | 2 | 13 |
| 3 | 15 | 3 | 15 |
| 4 | 14 | 4 | 17 |
| 5 | 13 | 5 | 16 |
| 6 | 16 | 6 | 11 |
| 7 | 14 | 7 | 16 |
| 8 | 13 | 8 | 8 |
| 9 | 8 | 9 | 13 |
| 10 | 10 | 10 | 15 |
| 11 | 14 | 11 | 8 |
| 12 | 16 | 12 | 19 |
| 13 | 16 | 13 | 13 |
| 14 | 10 | 14 | 13 |
| 15 | 14 | 15 | 15 |
| 16 | 9 | 16 | 11 |
| 17 | 14 | 17 | 7 |
| 18 | 16 | 18 | 13 |
| 19 | 18 | 19 | 10 |
| 20 | 12 | 20 | 15 |
| 21 | 17 | 21 | 15 |
| 22 | 16 | 22 | 13 |
| 23 | 7 | 23 | 10 |
| 24 | 12 | 24 | 8 |
| 25 | 14 | 25 | 13 |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 26 | 15 | 26 | 13 |
| 27 | 6 | 27 | 11 |
| 28 | 13 | 28 | 18 |

**Dabalee G: Firii qormaata barattoota garee to'atamootiin galmaa'e**

| Lakk | Firii qormaataa barattoota Garee To'atamootiin galmaa'e control group | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Qabxii 20% | Qabxii 20% | Qabxii 20% | Qabxii 20% |
| | Qormaata Yaaliin Duraa(Pre-Test) | Qormaata Yaaliin Boodaa (Post-Test) 1 | Qormaata Yaaliin Boodaa (Post-Test) 2 | Qormaata Yaaliin Boodaa (Post-Test)3 |
| 1 | 17 | 16 | 20 | 18 |
| 2 | 13 | 13 | 16 | 15 |
| 3 | 15 | 15 | 15 | 16 |
| 4 | 17 | 14 | 12 | 14 |
| 5 | 16 | 17 | 16 | 15 |
| 6 | 11 | 12 | 14 | 15 |
| 7 | 16 | 16 | 17 | 17 |
| 8 | 8 | 13 | 17 | 17 |
| 9 | 13 | 16 | 12 | 18 |
| 10 | 15 | 17 | 16 | 16 |
| 11 | 8 | 14 | 12 | 15 |
| 12 | 19 | 17 | 16 | 17 |
| 13 | 13 | 18 | 18 | 14 |
| 14 | 13 | 17 | 16 | 17 |
| 15 | 15 | 16 | 18 | 16 |
| 16 | 11 | 14 | 13 | 18 |
| 17 | 7 | 13 | 15 | 15 |
| 18 | 13 | 12 | 15 | 18 |
| 19 | 10 | 17 | 13 | 15 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 20 | 15 | 15 | 14 | 12 |
| 21 | 15 | 17 | 14 | 18 |
| 22 | 13 | 12 | 14 | 18 |
| 23 | 10 | 15 | 15 | 16 |
| 24 | 8 | 14 | 13 | 17 |
| 25 | 16 | 17 | 15 | 12 |
| 26 | 13 | 16 | 15 | 17 |
| 27 | 11 | 12 | 15 | 18 |
| 28 | 18 | 19 | 17 | 17 |

**Dabalee H:Firii qormaata barattoota garee yaaliitiin galmaa'e**

| Lakk | Firii qormaataa barattoota Garee Yaaliitiin galmaa'e (Experimental group) | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Qabxii 20% | Qabxii 20% | Qabxii 20% | Qabxii 20% |
| | Qormaata Yaaliin Duraa(pre-test) | Qormata Yaaliin Boodaa (Post- Test) 1 | Qormaata Yaaliin Boodaa (Post- Test) 2 | Qormaata Yaaliin Boodaa (Post- Test) 3 |
| 1 | 16 | 17 | 18 | 18 |
| 2 | 15 | 16 | 17 | 19 |
| 3 | 15 | 16 | 17 | 18 |
| 4 | 14 | 17 | 15 | 16 |
| 5 | 13 | 15 | 18 | 19 |
| 6 | 16 | 16 | 14 | 16 |
| 7 | 14 | 18 | 16 | 16 |
| 8 | 13 | 17 | 15 | 17 |
| 9 | 8 | 16 | 19 | 18 |
| 10 | 10 | 15 | 17 | 17 |
| 11 | 14 | 14 | 18 | 18 |
| 12 | 16 | 17 | 15 | 17 |
| 13 | 16 | 15 | 14 | 14 |
| 14 | 10 | 12 | 19 | 19 |
| 15 | 14 | 17 | 14 | 14 |
| 16 | 9 | 16 | 18 | 19 |
| 17 | 14 | 18 | 15 | 15 |
| 18 | 16 | 17 | 16 | 18 |
| 19 | 18 | 15 | 17 | 19 |
| 20 | 12 | 15 | 14 | 16 |
| 21 | 17 | 17 | 18 | 20 |
| 22 | 16 | 18 | 19 | 19 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 23 | 7 | 17 | 18 | 18 |
| 24 | 12 | 18 | 18 | 17 |
| 25 | 14 | 17 | 16 | 16 |
| 26 | 15 | 12 | 14 | 15 |
| 27 | 6 | 17 | 17 | 17 |
| 28 | 13 | 15 | 18 | 19 |

**Dabalee I: Af-gaaffii Barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Barsiisaniif Dhiyaate**

**Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii Joornaalizimii Fi QunnamtiiMuummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fokloorii**

Kaayyoon af-gaaffii kanaa inni guddaan mata-duree **" Xiinxala Gahee Durduriin Oromoo Hubannaa Dubbisuu Barsiisuuf Qabu"**jedhu, Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Laga Xaafootti Barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo baratan irratti xiyyeeffachuun qorannoo gaggeessaa jiruuf odeeffannoo gahaafi barbaachisaa ta'e walitti qabachuuf yaadamee kan dhiyaateedha.

Kabajamoo barsiisaa/tuu, qorannoo kana adeemsisuu keessatti immoo odeeffannoon isiin naaf kennitan fiixaan bahiinsa qorannoo kootiif baay'ee murteessaadha. Kanaafuu, hanga isinii danda'ameetti odeeffannoo ifaafi guutuu ta'e bilisa taatanii naaf keennuun akka nadeegartan kabajaan isiin gaafadha.

Ragaan af-gaaffii kanarraa argamu kunis qorannoo kana milkeessuu qofaaf kan oolu ta'uu isaa durseen isinii mirkaneessuun barbaada. Dhumarrattis yeroo keessan aarsaa gootanii gaaffiifi deebii gaggeessuuf eeyyamamaa taatanii asitti naaf argamuu keessaniif durseen isiin galateeffadha.

**Odeeffannoo Dimshaashaa**

1.Maqaa Mana Barumsaa__________________

2.Maqaa Barsiisaa_____________________

3.Korniyaa(saala) a/ dhiira b/ durba

4.Umrii a/ 20-25 b/ 26-30 c/ 31-35 d/ 35fi ol

5.Gosa barumsaa ittiin eebbifamtan a/ Afaan Oromoo b/ Afaan Ingiliffaa c/ kan biroo

6. Sadarkaa barumsaa a/ BA b/ MA

7.Kutaa barsiistan a/ 9ffaa b/ 10ffaa c/ 11ffaa d/ 12ffaa

8.Bara tajaajila barsiisummaa a/ 0-5 b/ 6-10 c/ 10-15 d/ 15-20

**Kutaa II. Af-gaaffii Barsiisotaaf Dhiyaate**

1. Dandeettiin hubannaa dubbisuu barattoota Afaan Oromoo baratan mana barumsa keenyatti yeroo ammaa kana sadarkaa maalirratti argama?
2. Gaaffilee dubbisa keessaa bahan yammuu hojjechiiftu fedhiifi kaka'umsi barattootaa maal fakkaata? hanqinni hubannaa dubbisuu hoo isaan irratti ni mul'ataa?
3. Hanqinni dandeettii hubannaa dubbisuu barattoota irratti mul'atu kun sababni isaa maal maal faa ta'uu danda'a jetta? ibsi.
4. Barreeffamni kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti argamu hubannaa dubbisuu barsiisuuf hagam mijaawaadha jetta?
5. Barattoota kee yammuu hubannaa dubbisuu barsiiftu dalagaalee dubbisuu kanneen dubbisuun dura, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa hagam sirnaan itti gargaaramaa jirta?
6. Durduriin Oromoo dandeettii hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisuurratti hagam gahee qaba jettee yaadda?
7. Barruu durduriifi miti-durduriitti gargaaramuun hubannaa dubbisuu barsiisuu gidduu garaagarummaan ni jira jettee yaaddaa? akkamitti?
8. Akka barsiisaa Afaan Oromoo tokkotti, dandeettiin hubannaa dubbisuu barattootaa akkamiin fooyya'uu danda'a jettee yaadda?

**Dabalee J: Cheekliistii raawwii daawwannaa daree keessaa**

| **Lakk**. | **Raawwii qabxiilee yeroo daawwannoo daree keessaa** | **Safartuu** | |
|---|---|---|---|
| 1 | Dandeettii hubannaa dubbisuu barattootaa kutaa10ffaa mana barumsaa keenyaa yeroo ammaa sadarkaan inni irraatti argamu. | gadi aanaa | giddu-galeesaa |
| | | | ✓ |
| 2 | Gaaffilee dubbisa keessaa bahan barattoonni yammuu hojjetan fedhiifi kaka'umsi isaan qaban, | kaka'umsa qabu | kaka'umsa hinqaban |
| | | | ✓ |
| 3 | Hanqinni dandeettii hubannaa dubbisuu barattoota irratti mul'atu kun hagam qabatamaadha? | Qabatamaadha | qabatamaa miti |
| | | ✓ | |
| 4 | Barreeffamni kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti argamu hubannaa dubbisuu barsiisuuf hagam mijaawaa akka ta'e | Mijaawaadha | mijaawaa miti |
| | | | ✓ |
| 5 | Barsiisonni yammuu barattoota isaanii hubannaa dubbisuu barsiisan dalagaalee dubbisuu kanneen sadan sirnaan itti gargaaramuu isaanii, | Nigargaaramu | Hingargaaraman |
| | | | ✓ |
| 6 | Durduriin Oromoo hubannaa dubbisuu barattootaa gabbisuu irratti gahee inni qabu, | gahee ol aanaa | gahee daran ol aanaa |
| | | | ✓ |
| 7 | Barruu durduriifi miti- durduriitti gargaaramuun hubannaa dubbisuu barsiisuu gidduu garaagarummaan jiraachuufi dhiisuu isaa | Garaagarummaan nijira | Garaagarummaan hinjiru |
| | | ✓ | |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uusaa, kanaan dura yunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbise irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa ________________________________

Mallattoo______________

Guyyaa______________

Maqaa gorsaa _________________________________

Mallattoo_____________

Guyyaa ______________